



BARNOOTA HERREGAA


Qajeelcha Barsiisaa
Kutaa 7

ISBN 978-99944-2-165-7

BARNOOTA HERREGAA Qajeelcha Barsiisaa Kutaa 7

BARNOOTA HERREGAA

Qajeelcha Barsiisaa
Kutaa 7



Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti
Ministeera Barnootaa

MOE



Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti
Ministeera Barnootaa

Gatiin QrIT 18.55



BARNOOTA HERREGAA

Qajeelcha Barsiisaa

KUTAA 7^{ffaa}

Barreessitootaa fi Gulaaltota

Saamu'eel Asaffaa
Daanyee Girmaa
Abraham Kumsaa
Kabbadaa Likkaasaa
Biraanuu Guutaa
Hundumaa Laggasaa

Madaaltota

Xilaahun Alamuu
Aliyyii Uluu
Laggasaa Tarrafaa



**Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa
Itoophiyaatti Ministeera Barnootaa**



Kanmaxxanfame ALI bara 2003 Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti Ministeera Barnootaa jalatti pirojekti fooyya'insa Barnoota walii-galaatinidha. Pirojektiin kunis maallaqaan kan deggeramu dhaabbilee IDA credit number 4335-ET, the Fast Track Initiative Catalytic Fund fi Mootummoota Finland, Italy, Netherlands fi United kingdom dha.

© 2011 Mirgi kan Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti Ministeera Barnootaati. Mirgi hundi eegamaadha. Kutaan kitaaba kanaa kamtuu hayyama abbaa mirgaa, Ministeera Barnootaa yokiin haala labsii Ripaabilikii Federaalawaa Demookiraatawaa Itoophiyaa, Negaariit Gaazexaa lakkofsa labsii 410/2004 – labsii qabeenyi sammuu yokiin mirga ollummaan qabu eegisuun kaninni hayyameef irraa barreffamaan kennamuun alatti baay'isuun, haala addaatiin ittigargaaramuuf kaawwachuuun, elektirooniksiin, magineetiin, sagaleenii fi wantoota kana fakkaatan birootiin baay'isuun yokiin kuusuun dhorkaadha.

Ministeeri Barnootaa qaamota gareewwanii fi namoota kitaaba kana maxxansiisuu irratti qooda fudhatanii fi boodas qajeelcha barsiisaa itti dabalan galatoomfachuu barbaada.

Wantoota akka hin fudhatamne mirgi isaanii eegame tokko tokko hayyamaan kana keessa galaniiru. Abbaa mirgaa wantoota kanaa ta'ee kan sirriitti hin ibsamiin yoo jiraate, Ministeera Barnootaa, Arat-kiiloo, Lakkofsa saanduqaa 1367, Addis Ababa jedhee nuuf barreessuu danda'a.

Qophaa'ee kan maxxanfame

STAR EDUCATIONAL BOOKS DISTRIBUTORS Pvt. Ltd.

24/4800, Bharat Ram Road, Daryaganj,

New Delhi – 110002, INDIA

fi

ASTER NEGA PUBLISHING ENTERPRISE

P.O. Box 21073

ADDIS ABABA, ETHIOPIA

under GEQIP Contract No. ET-MoE/GEQIP/IDA/ICB/G-07/09.

ISBN 978-99944-2-165-7

BAAFATA

BOQONNAA 1

LAKKOFSOTA RAASHINAALII..... 1

1.1 Yaadrimée Lakkofsota Raashinaalii 2

1.2 Walmadaalchisuu Fi Tartibessuu Lakkofsota
Raashinaalii..... 7

1.3 Qoyyaboota Lakkofsota Raashinaalii Irratti 9

BOQONNAA 2

HIMOOTA WALQIXAA FI WALCAALMAA SARARAAWAA..... 17

2.1 Himoota Walqixaa Sararaawaa Furuu 18

2.2 Himoota Walcaalmaa Sararaawaa Furuu..... 22

BOQONNAA 3

REESHOO PIROPPORSHINII FI DHIBBARRAA

27

3.1 Reeshoo Fi Piropporshinii 28

3.2 Dhibbarraa Caalaatti..... 34

3.3 Shaallagoota Keessatti Hojiirra Oolma
Dhibbarraa 38

BOQONNAA 4

QABANNAA DAATAA 43

4.1 Mallattoo Taaliitti Fayyadamuun Daataa	
Funaanuu.....	44

4.2 Giraafota Sararaa Fi Chaartii Paayii Ijaaruu	
Fi Hiika Kenuufii.....	46

4.3 Giddu Galeessa, Moodii, Miidiyaanii Fi Reenjii	
Daataa.....	50


BOQONNAA 5

DANAALEE JI'OOMEETIRII FI SAFARA 55

5.1 Rogafreewan, Rogbaay'otaa fi Geengoowwan.....	56
5.2 Tiyooramoota Rogsadeewwanii.....	68
5.3 Safari.....	72

Silabasii Barnoota Herregaa Kutaa 7^{taa} 85

BOQONNAA



LAKKOFSOTA RAASHINAALII

SEENSA

Barnoota herregaa kutaalee darban keessatti waa'ee lakkofsota lakkaawwii, lakkofsota hundaa, intiijeroota fi firaakshinii baratanii jiru. Barnoota boqonnaa kanaa keessatti immoo yaad-rimee haaraa "Tuuta lakkofsota raashiinalii" waliin walbaru. Kanaafuu, barsiisaa irraa kan eegamu waa'ee lakkofsota kutaa darbaan keessatti baratan keessa deebi'uun beekumsa qaban akka gabbifatan gargaaruun barbaachisummaa olguddisu sirna lakkofsaa gara sirna lakkofsa raashinaalitti wantoota qabatamoo fayyadamuun ibsu dha. Kanaaf, boqonnaa kana keessatti barbaachisummaa lakkofsota raashinaalis erga hubachiifte booda, walmaddalchisu, ida'u hir'isu, baay'isu fi hiruu akkasumas amaloota qoyyaboonni kun tuuta lakkofsa raashinaali irratti qaban hubachiisuf barattoota gargaaru fi haamilee isaani kakaasun jajjabeessun sirraa eegaama.

Kaayyoo Boqonnaa Kanaa

Xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- *hiikoo lakkofsota raashinaalii ni kennu.*
- *lakkofsota raashinaalii bifaa firaakshiniitiin ni ibsu.*
- *hariiroo W, Z fi Q jidduu jiru ni agarsiisu.*
- *lakkofsota raashinaalii ni tartiibeessu.*
- *lakkofsota raashinaalii ni qoyyabu.*

Meeshaalee Deeggersa barnoota

Barattonni daree tokko keessatti argamani muxannoo garaagaraa irraa waan dhufaniif barachuuf haala garaagaraa barbaadu.Kanaaf, barsiisaan meeshaalee deeggersa barnootaa fayyadamuun barattoota muxannoo garaagaraa irraa dhufan kana akka isaan sirriitti barataniif gargaaru qaba. Barnoota boqonnaa kanaa barataan sirriitti akka hubatuuf meeshaalee armaan gadii tarii fayyadamuun haala mijeessuu ni dandeessa.

- Sarartoo-sarara lakkoofsa ittiin ijaaruf gargaara.
- Moodeela teermomeetirii – hojirra oolmaa lakkoofsota nagatiivii, zeeroo fi pozatiivii agarsiisuuf.
- Danaa hariiroo N, W, Z fi Q giduu jiru agarsiisu.

Dabalataaniis barataa ni gargaara jettee waan yaaddu fayyadamu ni dandeessa.

1.1 YAADRIMEE LAKKOOFSOTA RAASHINAALII

Wayitiin kennname: Wayitii 7

Kaayyoo

Xumura barnoota golee kanaa booda, barattoonni:

- ❖ lakkoofsota raashinaalii bifa firaakshiniitiin ni ibsu.
- ❖ lakkoofsota raashinaalii sarara lakkoofsa irratti akka tuuta firaakshinootaatti ni mul'isu.
- ❖ hariiroo W, Z fi Q gidduu jiru ni ibsu.
- ❖ gatsirrii lakkoofsota raashinaalii ni murteessu.
- ❖ himoota walqixaa sassalphoo gatsirrii ofkeessa qaban ni furu.

Jechoota ijoo: Lakkoofsa lakkawwii, Lakkoofsa hundaa, Intijeerii, Firaakshinii, Lakkoofsa raashinaalii, Gatsirrii, Sarara lakkoofsa.

Seensa

Golee kana keessatti barattoonni kanan dura kutaalee darbani keessatti kan baratani kan akka yaad-rimee lakkoofsa hundaa, intijeerii fi firaakshinii erga yaadatanii booda gara lakkoofsa raashinaalii hiikutti ce'uu qabu. Kanas galmaan ga'uuf gochaaleen garagaara kitaaba barataa keessatti kennamaani waan jiraaniif, barattoota gochaalee kennaman kana irratti hirmachiisuun akka isaan mariyaatan fi marii isaan immoo jechoota mataa isaaniiitiin cuunfun akka kennan haala mijeessutu sirraa eegama. Xumura irrattiis barattoota garagaara irra yaada funaantuun erga qindeessitee booda ibsa waliigala laadhu.

Yaadannoo Barsiisuuf Barbaachisu (Ka'uumsaaf)

Golee kana akkamitti akka barsiisuuu eegaltuu yaanni ka'umsaa kitaaba barataa irratti haa kennamu malee daree keessatti kalaqi qabdu baay'ee murteessaadha. Barsiisuuf yaadannoo barbaachisu kan jedhu kun kan irratti xiyyeffatu, odeeffanno akkamitti akka gochaalee, piroobileemoota ka'umsaa fi hojii garee garaagarummaa barattoota qajeelchuu fi kakaasuun akka baraatan gargaartu sikennu dha. Golee kana jalatti yaad-rimeewan waa'ee lakkofsa lakkawwii, lakkofsa hundaa, intijeeri fi firaakshinii waliin walqabatan barattoota hubachiisu qabda.


Barattootnis akka hubataan gargaaruuf Gocha 1.1 kitaaba barataa irratti kennname akka hojjetaan hirmaachisi.

Deebii Gocha 1.1



Gocha 1.1 irraa baratonni hariiroo \mathbb{N} , \mathbb{W} fi \mathbb{Z} gidduu jiru ni hubatu. Akkasumas akkata lakkofsonni kuni sarara lakkofsa irratti mul'ifamani ni hubatu.

1. a. $\mathbb{N} = \{1, 2, 3, \dots\}$
- b. $\mathbb{W} = \{0, 1, 2, 3, \dots\}$
- c. $\mathbb{Z} = \{\dots, -3, -2, -1, 0, 1, 2, 3, \dots\}$

2.



3. Tempirachaarrii naannoo tokkoo ibsu, bu'aa fi kasaara agarsiisuufi w.k.f.



5. $\mathbb{W} \subseteq \mathbb{Z}$ (lakkofsi hundaa kamiyyuu lakkofsa intijeerii dha garuu intijeerii marti garuu lakkofsa hundaa miti).

6. $+, -$ fi \times (Amaloota isaani dabalii kenniif)

7. i. $m = 0$
- ii. $m = 3, 4, 5, 6, 7, 8$
- iii. $m = 11, 12, 13, 14, \dots$
- iv. $m = 18, 19, 20, 21, 22, 23, 24, 25, 26$

8. Eeyyee, 1 lakkofsa hundaa irra xiqla ta'e dha.

9. Eeyyee, 0 n lakkofsa hundaa irra xiqla ta'e dha.

10. 2: Lakkofsa hundaa fi intijaarii.

$\frac{1}{5}$: Lamanu miti

-5: Intijaarii

2.5: Lamanu miti

$$\frac{2}{3} : \text{Lamanu miti}$$

-3.5: Lamanu miti

$$\frac{-1}{5} : \text{Lamanu miti}$$

100: Lakkofsa hundaa fi intijaari

0: Intijaarii

$$\frac{-18}{6} : -3 \text{ intijaarii}$$

Tooftaalee Madaallii

Gocha 1.1 fayyadamuun dandeettii barattootaa adda baafadhu. Gochi akkasi kun gargaaru barattoota rakkoo qaban sagantaa addaa qopheessun dandeettii isaani gabbisuuf. Akkasumas daree keessatti yeroo barsiiftu xiyyeffanna barattoota dandeettiin isaani gad bu'aa ta'ef akka laattuuf sigargaara.

Kana erga raawwattee booda gocha 1.2 irratti akka mariyaataan godhi. Kunis gara hiikoo lakkofsa raashinaalii fi hiikoo tuuta lakkofsota raashiinaliitti qajeelcha.

Itti fufunis, Gocha 1.3 waa'ee lakkofsota raashinaalii sarara lakkofsa irratti agarsiisu irratti xiyyefate barattootni garee gareen ta'ani akka shaakalan qajeelchi.


Gocha 1.4 immoo hariiroo \mathbb{W} , \mathbb{N} , \mathbb{Z} , fi \mathbb{Q} jiddu jiru irratti xiyyefata. Gocha 1.5 immoo gara hiikoo gat-sirriitti waan qajeelchuuf akka hojjetaaniif jajjaabessi.




Deebii Gocha 1.2

1. a. $\frac{325}{100}$ b. $\frac{3}{2}$ c. $\frac{-16}{10}$ d. $\frac{4}{1}$ e. $\frac{11}{10}$
2. Eeyyee ni dandeenya yoo a'n intijeeri ta'e, $a = \frac{a}{1}$ ta'a.
3. a. $\frac{3}{5}$ b. $\frac{2}{5}$

Deebii Gocha 1.3

1.





2. Mala gaffii 1^{ffaa} fayyadamuun huybachiisi.

3. a.

A horizontal number line starting at -1 and ending at 0. There are tick marks at -1, $-\frac{1}{2}$, and 0. The tick mark for $-\frac{1}{2}$ is halfway between -1 and 0.

- b.


A horizontal number line with arrows at both ends. It has tick marks at -1 , $-\frac{3}{7}$, and 0 . The tick mark for $-\frac{3}{7}$ is located between -1 and 0 .

- c.

Deebii Gilgaala 1.1

- Lakkoofsi raashinaalii ni argama garuu lakkoofsi intijarii hin argamu.
 - a. Lakkoofsa intijarii kamiin yoo fudhatte deebii ta'a. Fkn: -3, 0, 5
b. $\frac{-3}{5}, \frac{1}{4}, 4.6$
c. Lakkooftsi intijarii ta'e raashinaalii hintaane hin jiru.
d. $-3, \frac{2}{5}, 3.1$
 - a. -2, 0, 1, 2
b. -2, 0, 0.5, 1, 5
c. $\frac{-7}{3}, \frac{-1}{3}, \frac{2}{3}, 1$
d. $-3\frac{1}{2}, \frac{-1}{4}, \frac{1}{8}, \frac{1}{2}, 1\frac{1}{2}$
 - a. 1.25
b. -0.7
c. 2
d. $5\frac{2}{7}$
 - a. 0 fi 1
b. 1 fi 2
c. -4 fi -3
d. -1 fi 0

6.



7. a. 2 fi 15 lakkoofsa lakkawwiidha.
b. $-5, -2, 0, 2$ fi 15 intijarii dha.
c. Hundi isaani raashinaaloota.

8. Lakkoofsotni raashinaal poosativii lakkoofsota zeeroo caalan yoo ta'u
lakkoofsotni raashinaal nagatiivii immoo lakkoofsota zeeroo irra xiqqaadha.

9. a. $x = \frac{4}{5}$ b. $x = -1.25$
c. $x = -2, -1, 0, 1$ d. $x > 0$

10. a. $\frac{14}{35} = \frac{2}{5}$ b. $\frac{12}{35}$ c. $\frac{18}{35}$
d. $\frac{1}{7}$ e. $\frac{6}{35}$ f. $\frac{1}{7}$

Deebii Gocha 1.4

- a. Yuunitii 1 b. Yuunitii 2 c. Yuunitii 1

Deebii Gilgaala 1.2

1. a. $\frac{11}{23}$ b. 1.05 c. $17 + 2 = 19$ d. $18 - 9 = 9$
e. $3\frac{1}{4}$ f. $12 + 13 = 25$ g. $|-4 - 6| = |-10| = 10$
h. $|-9 + 5| = |4| = 4$

2. a. 8 yookiin -8 b. 3.5 yookiin -3.5 c. $\frac{12}{17}$ yookiin $-\frac{12}{17}$
d. $4\frac{3}{5}$ yookiin $-4\frac{3}{5}$

3.

3.

x	-3	-1.5	$4\frac{1}{3}$	-1	-4.5	-0.8	$\frac{3}{2}$	$\frac{7}{12}$
$ x $	3	1.5	$4\frac{1}{3}$	1	4.5	0.8	$\frac{3}{2}$	$\frac{7}{12}$

5. $|-7|$
 6. a. = b. < c. = d. >

Deebii Gilgaala 1.3

1. a. 20 b. 25 c. 23
d. 20.1 e. 12.6 f. 24
2. a. $x = 24$ yookiin -24 b. $x = 0.4$ yookiin -0.4
c. $x = \frac{1}{5}$ yookiin $-\frac{1}{5}$ d. Furmaata hin qabu
3. Lakkoofsa barbaade fudhachoon mirkanessi.
4. Hin dandeenyu. Fkn. $|-3| > |-2|$ fi garuu $-3 < -2$ ti.

Tooftaalee Madaallii

Tooftaa madaallii raawwii fayyadamuun baay'ee garii ta'a.Isaaniis walfalmii gochaalee irratti godhamu, hojii manaa, hojii daree fi w.k.f ta'u.Kanaafiis Gilgaala 1.1 fi Gilgaala 1.2 fayyadamuu ni dandeessa.

1.2 WALMADAALCHISUU FI TARTIIBEESSUU LAKKOOFSTA RAASHINAALII

Wayitiin kennname: wayitii 7

Kaayyoo

Xumura barnoota golee kana booda, barattoonni:

- ✚ lakkofsota raashinaalii wal ni madaalchisuu.
- ✚ sarara lakkofsota irratti lakkofsota raashinaalii ni tartiibeessu.
- ✚ gatsirrii lakkofsota raashinaalii kennname ni himu.

Jechoota ijoo: Walmadaalchisuu, Tartiibeessu, Hundarra xiqqa, Hundarra guddaa, Firaakshinoota walmadaalanii, Waamamaa, Waamsisaa, Waamsisaa waliinii.

Seensa

Wantoota kan waliin madaalchiifnuu, kan guddaa ta'e fi xiqqa ta'e addaan baafnee beekuuf. Barattoonni lakkofsota intijeerii akkamitti akka walmadaalchisanii fi tartiibessan baratanii jiru.Golee kana keessatiis lakkofsota raashinaalii gara firaakshinoota walmadaalanii fi waamsisaa waliinii qabanitti jijiiruun sarara lakkofsota fayyadamuun akka walmadaalchisanii fi tartiibessan gargaari.

Yaadannoo Barsiisuuf Barbaachisuu (Ka'uumsaaf)

Waa'ee firaakshinoota walmadaalanii ibsuu fi akkamitti akka tartiibessanii fi walmadaalchisuu danda'aan irratti xiyyeffachuun barattoota yaada bu'uura qabsiifta.Kanaafuu, barattoota gargaaruuf gocha 1.6 armaan gadii deebiin isaa kenname akka raawwatan taasisi.

Deebii Gocha 1.5

1. Barattootni akka yaalan erga goote booda ibsa kenniif.
7. a. Dhugaa b. Dhugaa c. Dhugaa d. Soba

Tooftalee madaallii

Gocha 1.6 fayyadamuun hubannoo fi beekumsa barattoota addaan baafadhu. Kunis kan barbachiisuuf dandeetti barattooni mataduree kana irratti qaban sadarkaadhan ka'uuf gargaara. Barattoota kees erga addaan baafte booda gargaarsa barbaachisaa ta'e kennuufif yaada argatta.Kanaaf, Gocha 1.6 fayyadamuun odeeffannoo argatte irratti hundaa'uun barattoota mata duree kana irratti sadarkaan isaanii gad aana ta'ef deeggersa barbaachisaa ta'e kenniif. Hojii mana fi, hojii daree kennun barattoota madaaluu qabda. Kanaafiis gilgaala 1.3 yookiin gilgaala walfakkatu bираа fayyadamu ni dandeessa.

Deebii Gilgaala 1.4

- | | | | | | |
|----|--|---|------|------|------|
| 1. | a. < | b. < | c. < | d. < | e. < |
| | f. < | g. = | h. > | i. < | j. = |
| 3. | a. $-9, -3.2, -1, \frac{-1}{2}, 0, 0.75$ | b. $-1.9, -1.8, -0.9, 0, 0.5, 2.3$ | | | |
| | c. $-2, \frac{-8}{5}, -1.0, 0, \frac{3}{2}$ | d. $-1.3, -1, 0, 1\frac{1}{5}, 1.3, -2 , 3\frac{1}{2}$ | | | |
| 4. | a. $\frac{5}{7} = \frac{40}{56}; \frac{6}{8} = \frac{42}{56}$
$\therefore \frac{5}{7} < \frac{6}{8}$ | b. $\frac{-2}{5} = \frac{-6}{15}; \frac{-1}{5} = \frac{-3}{15}; \frac{2}{3} = \frac{10}{15}; \frac{4}{5} = \frac{12}{15}$
$\therefore \frac{-2}{5} < \frac{-1}{5} < \frac{2}{3} < \frac{4}{5}$ | | | |
| | c. $\frac{3}{5} = \frac{42}{70}; \frac{4}{7} = \frac{40}{70}; \frac{9}{10} = \frac{63}{70}$
$\therefore \frac{4}{7} < \frac{3}{5} = < \frac{9}{10}$ | d. $-1, -0.7, \frac{-3}{4} = -0.75$
$\therefore -1 < -0.75 < -0.7$ | | | |
- Kanaaf: $-1 < \frac{-3}{4} < 0.7$

4, 5 fi 6 barattootni akka hojjetan taasisi.

1.3 QOYYABOOT A LAKKOFSOTA RAASHINAALII IRRATTI

Woyitiin kennameef: Wayiti 16

Kaayyoo

Xumura barnoota golee kana booda, barattoonni:

- ⊕ lakkofsota raashinaalii ni ida'u.
- ⊕ amala jijiirraa iddo fi hammattuutti ni fayyadamu.
- ⊕ lakkofsota raashinaalii tokko kan bira a irra ni hir'isuu.
- ⊕ baay'ata lakkofsota raashinaalii lama ni barbaaduu.
- ⊕ seerota baay'isuu lakkofsota raashinaalii hojiirra ni oolchuu.
- ⊕ amaloota jijiirraa iddo fi hammattuu baay'isuu fi amala raabsamaa baay'isuu ida'u irratti qabutti ni fayyadamu.
- ⊕ lakkofsa raashinaalii tokko lakkofsa raashinaalii bira a kan zeeroo hin ta'iiniif ni hiru.
- ⊕ seerota hiruu lakkofsota raashinaalii hojiirra ni oolchuu.

Jechoota ijoo: Amala jijiirraa iddo, Amala jijiirraa hammattuu, Amala raabsamaa.

Seensa

Goleen kun goleewwaan xixiqla afuritti qoqqodame jira.

Isaanis: lakkofsota raashinaalii ida'u, hir'isuu, baay'isuu fi hiruu dha.

Tartiibuma isaan taa'an kana hordofuun dhiyeessu qabda. Tokko tokkoo golee xiqaal jalatti gochaa fi gilgaalonni kennamani waan jiraaniif barattoonni akka raawwatan gochuun hirmaachisi.

Yaadannoo Barsiisuuf Barbaachisuu (Ka'uumsaaf)

Golee kana barsiisuuf bifuma kitaaba barataa irrati kenname faana bu'uun fakkeenyaa kenuun egaalu ni dandeessa. Kana booda immoo gocha 1.7 kennufiin akkaata intijaroota ida'u fi hir'isuu keessa deebii'ani akka yaadatan gargaari. Itti fufuuniis seera ida'u lakkofsota raashinaalii ibsuufiin akka barattootni amaloota jijiirraa iddo fi hammattuu ida'u keessa deebi'an bifa mariitiin akka yaadatan gargaari.

Erga isaan amala ida'u lakkofsota raashinaalii lamaa dhunfatanii booda haaluma walfakkatuun akka isaan hir'isuu lakkofsota raashinaalii rawwatan fakkeenyota kitaaba barataa irrati kenname fi gilgaaloota garagaraa fayyadamuun gargaari.

Waa'ee ida'u fi hir'isuu erga raawwatte booda gara baay'isuu fi hiruutti darbu ni dandeessa. Kanaas haaluma kitaaba barataa irrati kenname faana bu'i. Barattoonni daree keessatti baruu-barsiisuuf irratti akka hirmaatan gargaaruuf gocha 1.7 fi gocha 1.8 fayyadami.


Tooftaalee madaallii

Barattoota wal falmii gocha (1.6, 1.7, 1.8) irratti akka geggeessan gochuu fi dhuunfaan yookiin immoo gareen madaaluu. Hojii manaa, hojii daree fi gilgaalota adda addaa kenuun hojii isaanii madaaluu qabda. Kanaas gilgaala (1.4, 1.5 1.6 fi 1.7) yookiin gilgaala walfakkaatu kamiin iyyuu fayyadamuu ni dandeessa.


- Boqonnaa kana irratti battallee kenuun akkaataa firii yookiin qabxii isaaniitiin deeggersa barbaachisa ta'e kenniif.

Deebii Gilgaala 1.5


1. a.




b.




c.



d.




e.



Boqonnaa 1- Lakkofsota Raashinaalii

11



$$\therefore -14 + (-20) = -34$$

2. a. $\frac{18}{8}$ b. $\frac{12}{8}$ c. $\frac{46}{16}$ d. -18
 e. $-\frac{99}{10}$ f. -20 g. 0 h. -220
 i. $\frac{98}{1}$ j. -11.1 k. 2.5 l. 2
 m. -3.5 n. 17


3.

a	b	c	a + b	b + a	(a + b) + c	b + c	a + (b + c)
3	-4	8	-1	-1	7	4	7
-1.5	-2.7	3.2	-4.2	-4.2	-1.0	0.5	-1.0
$\frac{3}{4}$	$-\frac{5}{7}$	-0.5	$\frac{1}{28}$	$\frac{1}{28}$	$-\frac{13}{28}$	$-\frac{17}{14}$	$-\frac{13}{28}$
-7	-12	-8	-19	-19	-27	-20	-27

4. $41^{\circ}\text{C} - (-11^{\circ}\text{C}) = 52^{\circ}\text{C}$ n gadi bu'e.


Deebii Gilgaala 1.6

1. a.



$$-6 + 12 = 12 - 6 = 6$$


b. $-13 - (-8) = -13 + 8$




$$\therefore -13 - (-8) = -13 + 8 = -5$$

c. $\frac{18}{20} - \left(\frac{-12}{20} \right) = \frac{18}{20} + \frac{12}{20}$

$$= \frac{9}{10} + \frac{6}{10} = \frac{15}{10}$$



d. $13 - 7$



$$13 - 7 = 6$$

- | | | | | |
|----|------------------|----------|-----------------------|------------------------------------|
| 2. | a. 2 | b. 11 | c. -4.6 | d. -11 |
| | e. $\frac{6}{4}$ | f. -11 | g. $\frac{20}{4} = 5$ | h. $\frac{21}{20} = 1\frac{1}{20}$ |

3.

x	y	z	$x - y$	$y - x$	$(x - y) - z$	$y - z$	$x - (y - z)$
8	-5	-10	13	-13	23	5	3
-1.5	2.8	-3.5	-4.3	4.3	-0.8	6.3	-7.8
$2\frac{1}{3}$	$-1\frac{1}{4}$	$-\frac{1}{4}$	$3\frac{7}{12}$	$-3\frac{7}{12}$	$3\frac{5}{6}$	-1	$\frac{10}{3}$
$-\frac{1}{2}$	-2.8	-1.5	2.3	-2.3	3.8	-1.3	0.8

4. a. $\frac{3}{4} - \frac{1}{4} \neq \frac{1}{4} - \frac{3}{4}$ b. $\left(\frac{6}{5} - \frac{2}{5} \right) - \frac{3}{5} \neq \frac{6}{5} - \left(\frac{2}{5} - \frac{3}{5} \right)$
 $\Rightarrow \frac{1}{5} \neq \frac{7}{5}$ $\Rightarrow \frac{4}{5} - \frac{3}{5} \neq \frac{6}{5} - \left(-\frac{1}{5} \right)$

5. -12°C $\frac{1}{5} \neq \frac{7}{5}$

Deebii gocha 1.7 daree keessatti barattoota hirmaachisuun hojjedhu.

Deebii Gilgaala 1.7

- | | | | | |
|----|------------------|----------|-------------------|------------------|
| 1. | a. -72 | b. 42 | c. 0 | d. $\frac{1}{4}$ |
| | e. $\frac{1}{6}$ | f. -1.44 | g. $-\frac{1}{6}$ | h. $\frac{2}{3}$ |

Boqonnaa 1- Lakkofsota Raashinaalii

13

- | | | | |
|----|----|----|------|
| i. | -2 | j. | 0.02 |
|----|----|----|------|
2. a. -0.175 b. 0.27 c. -0.1 d. 3.0
- e. -700 f. 1,800 g. 3 h. 1432.2
3. a. Nagaatiivii b. Pozaatiivii c. Pozaatiivii
d. Pozaatiivii e. Nagaatiivii f. Pozaatiivii
4. a. $5(-6 + 9) = 5(-6) + 5(9) = -30 + 45 = 15$
b. $-5(-8 - 6) = -5(-8) + -5(-6) = 40 + 30 = 70$
c. $-8(-9 + 15) = -8(-9) + -8(15) = 72 + (-120) = -48$
d. $-7(-2 - 3) = -7(-2) + -7(-3) = 14 + 21 = 35$
e. $-\frac{3}{4}(0.8 + (-16)) = -\frac{3}{4}(0.8) + \frac{-3}{4}(-16) = -0.6 + 12 = 11.4$
f. $5(1.8 + 2.2) = 5(1.8) + 5(2.2) = 9.0 + 11.0 = 20$
g. $\left(-\frac{2}{3} + \frac{5}{4}\right) \times (-12) = \frac{-2}{3}(-12) + \frac{5}{4}(-12) = 8 - 15 = -7$
h. $5\frac{1}{4}(1.8 + 2.2) = 5\frac{1}{4}(1.8) + 5\frac{1}{4}(2.2)$
 $= \frac{21}{4}(1.8) + \frac{21}{4}(2.2)$
 $= \frac{21}{4}\left(\frac{18}{10}\right) + \frac{21}{4}\left(\frac{22}{10}\right) = \frac{189}{20} + \frac{231}{20} = \frac{420}{20} = 21$
5. a. = b. > c. < d. =
e. < f. < g. > h. =
- 6.

a	b	c	$a \times b$	$b \times a$	$(a \times b) \times c$	$a \times (b \times c)$
-2	8	-5	-16	-16	80	80
$-\frac{1}{2}$	$-\frac{3}{2}$	4	$\frac{3}{4}$	$\frac{3}{4}$	3	3
-0.5	-0.25	$-\frac{4}{5}$	0.125	0.125	-0.1	-0.1
$-\frac{3}{4}$	-8	$-\frac{1}{2}$	6	6	-3	-3

7. a. $(5 + 3) \times 4 = 8 \times 4 = 32$
garuu $5 + 3 \times 4 = 5 + 12 = 17$
 $\therefore (5 + 3) \times 4 > 5 + 3 \times 4$
- b. $(-6 + 3) \times 2 = (-6 \times 2) + (3 \times 2) = -12 + 6 = -6$
garuu $-6 + 3 \times 2 = -6 + 6 = 0$
 $\therefore (-6 + 3) \times 2 < -6 + 3 \times 2$
- c. $(-6 - 7) \times (-2) = (-6 \times -2) - (7 \times (-2))$
8. a. $x(y + z) = xy + xz$
 $\Rightarrow -\frac{1}{2} \left(\frac{7}{6} + \frac{1}{9} \right) = \left(-\frac{1}{2} \right) \left(\frac{7}{6} \right) + \left(-\frac{1}{2} \right) \left(\frac{1}{9} \right)$
 $\Rightarrow -\frac{1}{2} \left(\frac{21+2}{18} \right) = \frac{-7}{12} + \frac{-1}{18}$
 $\Rightarrow -\frac{1}{2} \left(\frac{23}{18} \right) = \frac{-21+ -2}{36}$
 $\Rightarrow \frac{-23}{36} = \frac{-23}{36}$
 $\therefore x(y + z) = xy + xz$
- b. $x(y-z) = xy - xz$
 $\Rightarrow -\frac{1}{2} \left(\frac{7}{6} - \frac{1}{9} \right) = -\frac{1}{2} \left(\frac{7}{6} \right) - \left(-\frac{1}{2} \right) \left(\frac{1}{9} \right)$
 $\Rightarrow -\frac{1}{2} \left(\frac{21-2}{18} \right) = \frac{-7}{12} - \left(\frac{-1}{18} \right)$
 $\Rightarrow -\frac{1}{2} \left(\frac{19}{18} \right) = \frac{-7}{12} + \frac{1}{18}$
 $\Rightarrow \frac{-19}{36} = \frac{-21+2}{36}$
 $\Rightarrow -\frac{19}{36} = \frac{-19}{36}$
 $\therefore x(y-z) = xy - xz$
- c. $(xy)z = x(yz)$
 $\Rightarrow \left(-\frac{1}{2} \times \frac{7}{6} \right) \frac{1}{9} = -\frac{1}{2} \left(\frac{7}{6} \times \frac{1}{9} \right)$
 $\Rightarrow \left(\frac{-7}{12} \right) \left(\frac{1}{9} \right) = -\frac{1}{2} \left(\frac{7}{54} \right) \Rightarrow \left(\frac{-7}{108} \right) = \frac{-7}{108}$
 $\therefore (xy)z = x(yz)$
- d. $xy = yx \Rightarrow \left(\frac{-1}{2} \right) \left(\frac{7}{6} \right) = \left(\frac{7}{6} \right) \left(\frac{-1}{2} \right)$
 $\Rightarrow \frac{-7}{12} = \frac{-7}{12} \therefore xy = yx$

Deebii Gilgaala 1.8

1. a. -6 b. -0.5 c. 0 d. -0.5
e. -1 f. 0.9 g. -37 h. -80
2. a. $-\frac{1}{2} = -0.5$ b. 10 c. -2
d. 5 e. $-\frac{1}{6}$ f. $\frac{5}{4}$
g. 2 h. -300
3. a. -6 b. -3 c. 3
d. -85 e. -3 f. -9
g. $\frac{-3}{28}$
4. a. $\frac{-3}{4}$ b. $-\frac{5}{8}$ c. $\frac{2}{5}$ d. -2b
5. a. $\frac{3}{4} \div \frac{1}{2} \neq \frac{1}{2} \div \frac{3}{4}$
sababni, $\frac{3}{4} \div \frac{1}{2} = \frac{3}{4} \div \frac{2}{1} = \frac{6}{4} = \frac{3}{2}$
garuu, $\frac{1}{2} \div \frac{3}{4} = \frac{1}{2} \times \frac{4}{3} = \frac{4}{6} = \frac{2}{3}$

Kanaafuu, hiruun amala jijjiirraa iddo hin qabu.

b. $\left(\frac{5}{7} \div 10\right) \div \frac{1}{14} \neq \frac{5}{7} \div \left(10 \div \frac{1}{14}\right)$
sababni, $\left(\frac{5}{7} \div 10\right) \div \frac{1}{14} = \left(\frac{5}{7} \times \frac{1}{10}\right) \div \frac{1}{14} = \frac{5}{7} \times \frac{1}{10} \times 14 = 1$
Garuu $\frac{5}{7} \div \left(10 \div \frac{1}{14}\right) = \frac{5}{7} \div (10 \times 14)$
 $= \frac{5}{7} \div 140 = \frac{5}{7} \times \frac{1}{140} = \frac{1}{196}$

Hirun amala jijjiirraa iddo hammattu hin qabu.

Deebii Gilgaalota Keessa Deebii Boqonnaa 1^{ffaa}

1. a. 4.8 b. 0 c. -6 d. $3\frac{1}{8}$
2. a. 1.85 b. $2-\sqrt{2}$ c. b - a d. $1.2 + 2.8 = 4$
- e.
$$\begin{aligned} \left|2\frac{1}{3}\right| - 1 - |1.5| &= 2\frac{1}{3} - 1 - 1.5 \\ &= \frac{7}{3} + (-1 - 1.5) \\ &= \frac{7}{3} + -2.5 \\ &= \frac{7}{3} - \frac{25}{10} = \frac{70 - 75}{30} = \frac{-5}{30} = \frac{-1}{6} \end{aligned}$$
3. a. $|4x| - |x| : x = -5$
 $|4(-5)| - |-5|$
 $| -20 | - 5$
 $20 - 5$
 $\underline{15}$
- b. $|2| - 2x - 4|x| : x = -\frac{1}{2}$
 $2 - 2\left(-\frac{1}{2}\right) - 4\left|-\frac{1}{2}\right|$
 $2 + 1 - 4\left(\frac{1}{2}\right)$
 $3 - 2 = 1$
4. a. $-2; -1; -\frac{2}{3}; -0.001; 2, 3; 1, 001$ b. $-1.25, -\frac{2}{3}, -\frac{1}{2}, 0.125, \frac{1}{4}, \frac{2}{3}, 0.75$
5. a. $\frac{9}{8}$ b. $-\frac{161}{38}$ c. 1.64 d. -6.01
- e. -108 f. -10.5 g. 0.896 h. -2.88
6. a. 4 b. -4 c. $\frac{1}{5}$ d. 7.5
- e. -9 f. 6.93
7. a. Dhugaa b. Dhugaa c. Soba d. Soba
8. 7, 8 fi 9
9. 21
10. $y = -3$
11. Qr. 1256.

BOQONNAA



HIMOOTA WAL QIXAA
FI WAL CAALMAA
SARARAAWAA

SEENSA

Barnoota herregaa kutaa 6^{ffaa} keessatti barattoonni akkamitti himoota walqixaa fi wal caalmaa sararaawaa sassalphoo furuu akka qaban baratanii jiru. Kutaa kana keessatti immoo, seera walii dabarsuu gitaa fayyadamuun gad fageenyaan akkaataa himoota walqixaa fi wal caalmaa sararaawaa kanneen maxxantoonni jijiiramaa pozativii ta'an furuu danda'an barachuu qabu.

Kaayyoo Boqonnaa Kanaa

Xumura boqonnaa kanaa booda barattoonni:

- ⌚ *Himoota wal qixa sararaawaa seerota walii gitaa daddabarsootti fayyadamanii ni furu.*
- ⌚ *seera dabarsuu walii gitaa fayyadamuun himoota wal caalmaa sararaawaa kenneen maxxantoonni jijiiramaa pozatiivii ta'aan ni furu.*

Meeshaalee Deeggersa Barnoota(Ka'uumsaaf)

Boqonna kanaaf ni mala kan jettee yaaddu mara fayyadami.

2.1 HIMOOTA WAL QIXAA SARARAAWAA FURUU

Wayitileen kennameef: wayitii 13

Kaayyoo

- ⌚ *himoota wal qixaa sararaawaa kanneen maxxantoonni jijiiramaa isaanii pozatiivii ta'an seerota waliigita daddabarsuutti fayyadamanii ni furu.*

Jechoota Ijoo: Hima walqixaa sararaawaa, Hima walqixaa sararaawaa furu,

Tuuta Furmaata, Dabarsuu walii gitaa, Furmaata

Seensa

Mata duree kana jalatti barattooni akkamitti himoota wal qixaa sararaawaa jijiirama tokko qofa ofkeessa qabu furu akka danda'an siritti hubachuu qabu. Kana gochufis dura seerota himoota wal qixa waliigita ta'an akkata uumuu danda'aan keessa deebi'an akka yaadatan gargaruu qabda.

Yaadannoo Barsiisuuf Barbaachisu (Ka'uumsaaf)

Mata duree kana barsiisuuf gocha seera dabarsuu walii gitaa irratti xiyyeffaatteen eegaluu ni dandessa. Kanaafis kan sigargaaru gocha 2.1.

Gocha 2.1 irraa yaada ijoo armaan gadii hubachuu ni dandeessa.

1. Waan walqixa ta'e gama lachuu mallatoo walqixaa irratti ida'uu ykn hir'isuun walqixa ta'u burtukaanii guubii lamaan keessaa irratti jijiirama hin fidu.
2. Lakkoofsi kenname tokko furmaata hima walqixaa sararaawaa akka ta'e mirkaneessuuf bakka jijiiramaa himichaa lakkoofsa kenname erga buufnee booda himichi dhugaa ta'uu ilaallee murteessina. Himichi dhugaa yoo ta'e lakkoofschi furmaata ta'a. Himichi soba yoo ta'e lakkoofschi furmaata miti.
3. Yeroo ibsamoota salphifnu jijiiramoota hammattuu keessa jiran irraa jalqabuun,dogggora akkaataa itti fayyadama qoyyabootaa irratti uumamuni hir'isa. Ibsamootni aljeebiraa ibsamoota qoyyaboota ida'uu, hir'isuu, baay'isuu fi hiruu of keessaa qaban yookiin hin qabne dha.

Akkasumas, barattooni beekumsa isaanii akka jabeffataniif gocha 2.2 fi gilgaala 2.1 bifa hojii garee, dhuunfaa fi hojii manaan kenniif. Daree keessattis gaaffilee afaanii fi gilgaalota dabalataa laachuufiin raawwii isaani hordofuun deeggersa barbaachisu kenniif.

Deebii Gocha 2.1

1. i. a. 12 b. 12
c. Lamaanu burtukaanii walqixa ta'e qabatanii waan jiraaniif walmadaalu.
- ii. a. 4 b. 4
c. Lamaanu walmadaalu. (yookiin walqixa)

Hubadhu: Meeshaalee lamaanutti burtukaanii bayyinni isaani walqixa ta'e dabalu fi irra hir'isuun bay'ina burtukaanii guubii lamaan keessa jiruu irratti dhiibba hin qabu. Kana jechuun baay'inni burtukaanii guubii lamaan keessa yeroo mara walqixa.

2. Bayyinni barattoota shamarraanii 40 fi
bayyinni barattoota dhiiraa 20
3. a. $3x$ fi $20 x'n$ wal fakkatu b. $x, -6x$ fi $-24 x'n$ wal fakkaatu.
c. $3a$ fi $6a$ wal fakkatu. d. Hundi isaani wal fakkaatu.
4. c, d, e, g fi h'n hima walqixa sararaawaa miti
5. a. 5 tu ta'u danda'aa. Sababa 5'n bakka x buusuun hima kennname ni dhugoomsa.
b. 4
c. Hin ta'u
d. Lakkofsa kennname bakka jijiirama hima walqixa kennnamee buusun dhugomsuf dhugomsu dhiisuu isa ilaalla.
6. a. Eeyyee b. Miti
7. Deebii kana kennuf, miseensa tuuta 'A' keessa jiru tokko tokkoon bakka jijiirama hima walqixa buusuun kan dhugoomsu akka furmaatatti akka kennaniif qajeelchi.

Deebii Gocha 2.2

- a. Gama lamaan irratti 2 ida'uu.
- b. Gama lamaan irra 5n hir'isuu
- c. Tarkaanfi 1^{ffaa}: 5 gama lamaan irratti ida'uu
Tarkaanfi 2^{ffaa}: gama lamaanuu 3'f hiruu.
- d. Tarkaanfi 1^{ffaa}: gama lamaanuu 7'n baay'suu.
Tarkaanfi 2^{ffaa}: 21 gama lamaan irraa hir'isuu
Tarkaanfi 3^{ffaa}: gama lamaanuu 2'f hiruu.
- e. Tarkaanfi 1^{ffaa}: $\frac{1}{2}$ gama lamaan irrattii ida'uu
Tarkaanfi 2^{ffaa}: gama lamaanuu 4'f hiruu
- f. Tarkaanfi 1^{ffaa}: 8 gama lamaan irrattii ida'uu
Tarkaanfi 2^{ffaa}: gama lamaan 2'f hiruu

- g. Tarkaanfi 1^{ffaa}: gama lamaan 5n baay'isuu
 Tarkaanfi 2^{ffaa}: gama lamaan irraa 3 hir'isuu
 Tarkaanfi 3^{ffaa}: gama lamaan 2'f hiruu.

Deebii Gilgaala 2.1

Gaaffii 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} hojeechuuf barattooni afaaniin akka isaan deebisan taasisi.

1. a. $x = -16$ b. $x = 5$ c. $x = 3$ d. $x = 6$
 e. $x = 7$ f. $x = -11$ g. $x = 1$ h. $x = 0$
2. Kanaaf $x = -3$, kanaafuu, $4x - 2 = -14$
3. $8x - 7 = 1 \Rightarrow x = 1$. Kanaaf, $3x + 1 = 3(1) + 1 = 4$ ta'a.
4. a. $x = -37$ b. $x = 38$ c. $x = 3$ d. $x = 5$
 e. $t = -48$ f. $a = -\frac{4}{3}$ g. $x = 12$ h. $x = 1$
 i. $x = 6$ j. $x = \frac{29}{2}$ k. $x = 38$ l. $x = 3$
 m. $x = -3$ n. $y = -1$ o. $m = 3$

Deebii Gocha 2.3

1. a. Mee x 'n lakkofsa sammuutti qabatame haa ta'u.
 $\frac{2}{3}x + 25 = 125$... kennama.
 b. Gatii ' x '
 c. $\frac{2}{3}x + 25 - 25 = 125 - 25$
 $\frac{2}{3}x = 100$
 $2x = 300$
 $x = \frac{300}{2} = 150$
 d. Tarkaan fi 1^{ffaa} – waan gaafatame kan bakka bu'u jijiirama filachu.
 Tarkaan fi 2^{ffaa} – Hima walqixa ijaaaru.
 Tarkaan fi 3^{ffaa} – Hima walqixa ijaaarame furu.
2. 74
3. 5
4. Mee lakkofsi kun ' x ' haa ta'u
 $2x - 10 = 12$
 $2x = 22$
 $x = 11$

Deebii Gilgaala 2.2

1. a. $x = -25$ b. $x = 6$ c. $y = 10$
 d. $x = 20$ e. $a = 2$ f. $x = -9$
 g. $x = -5$ h. $x = \frac{25}{3}$ i. $x = 1$
 j. $x = 5$ k. $x = -1$ l. $x = 0$
 m. $x = 6$ n. $x = 0$ o. $x = 8$
 p. $x = 1$ q. $x = -3$ r. $x = 5$
 s. $y = -3$ t. $m = 1$ u. $t = -5$
 v. $x = 20$ w. $a = 6$ x. $t = 6$
 y. $x = 1$
2. $10x = 60, x = 6$
 3. $3x - 16 = 19, x = 11.66$
 4. Meex'n lakkoofsa jalqabaati haa jennu.
 Kanaaf, $x + (x + 1) = 79$
 $2x + 1 = 79$
 $2x = 78$
 $x = 39$
 Kanaaf lakkofsonni kuni 38 fi 39 ta'u.
5. $3x - 16 = 20, x = 12$
 6. 3 fi 5
 7. 3, 4 fi 5.

Tooftaalee Madaalli

Mata duree kana barattootni sirriitti hubachuu isaanii mirkaaneeffachuuuf tooftaalee madaallii garagara fayyadamuu ni dandeessa. Gochaalee fi gilgaalota adda addaa barattotaaf kennun hojii isaanii hordofuu fi madaaluun karaa tokko, kan biraan immoo yoo danda'ame barattoota tokko tokkoo isaani gaaffilee afaanii yeroo daree fi daree alatti sagantaa qophessuufiin gafaachun sadarkaa dandeetti isaanii beekuun ni danda'ama.

2.2 HIMOOTA WALCAALMAA SARARAAWAA FURUU

(wayitilee 12)

Kaayyoo

Xumura barnoota golee kanaa booda, barattootni:

- ⌚ *Himoota walcaalma sararaawaa kanneen maxxantoonni jijiiramaa pozatiivii ta'an seera walii dabarsuu gitatti fayyadamuun ni furu.*

Jechoota Ijoo: Hima walcaalmaa sararaawaa, Hima walcaalmaa sararaawaa furu,
Furmaata, Dabarsuu walii gitaa, Tuuta furmaata

Seensa

Mata duree kana jalatti barattoonni akkamitti akka himoota walcaalmaa sararaawaa kanneen maxxantoonni jijiiramaa pozativii ta'an furan barachuu qabu. Kanaaf, fakkeenyoota garagaraa fi gochaalee fayyadamuun seerota daddabarsuu himoota walcaalmaa kutaa 6^{ffaa} keessatti baratan keessa deebi'anii akka yaadataniif haala mijeessuutu sirraa eegama.

Yaadannoo Barsiisuuf Barbaachisu (Ka'uumsaaf)

Mata duree kana gocha 2.4 fayyadamuun barsiisuuf eegaluu ni dandeessa. Kunis barattoonni seerota daddabarsuu himoota wal caalmaa keessa deebi'anii akka yaadataniif gargaara. Gocha kanas barattoonni garee gareen ta'anii akka irratti mari'atan fi firii mariii saanii dareetti akka dhiyeessan taasisi.

Deebii Gocha 2.4

Gaaffilee 1-4 tti jiraan barattoonni deebii afaanii akka kennaniif qajeelchuun jajjabessi.

- | | | |
|--------------|-------------|-----------|
| 5. a. Eeyyee | b. Eeyyee | c. Eeyyee |
| d. Hin ta'u. | e. Hin ta'u | f. Eeyyee |

Sababa gaafatameef akka waliigalaatti deebii kan ta'u deebii gaaffi 'g' dha.


- | | | |
|-------|--|-----------------------------|
| g. | Gama lamaan hima walcaalmaa lakkofsa wal qixxee tokkoo ida'uu yookiin hiri'suun mallattoo hima waalcaalmaa kennname hin jijiiruu. | |
| | Gama lamaan hima walcaalmaa lakkofsa wal qixee pozativii tokkoon baay'isuu yookiin hiruun mallattoo hima waalcaalmaa kennname hin jijiiruu | |
| 6. a. | Wal hin madaalan | b. Isa gara bitaa |
| c. | Isa gara bitaa | d. Isa gara bitaatuu caala. |

Deebii a – d tti jiru irraa kan armaan gadii cuunfuun ni danda'ama:

Gama lamaan hima wal caalmaa lakkoofsa wal qixxee tokko idaane yookiin hir'isne yookiin lakkoofsa pozatiiviin baay'isnee mallattoon wal caalmaa hin jijjiiramu.

7. i. $x + 6 > 24$

$x > 18$ (gama lamaanuu irraa 6 hir'isuu).




iii. 19, 21, 22, 23, 30 fi w.k.f

8. i. $2x + 8 > x + 4$

$2x > x - 4 \dots\dots\dots$ (gama lamaanuu irraa 8 hir'isuu)

$x > -4 \dots\dots\dots$ (gama lamaanuu irraa 'x' hir'isuu)

ii. -2, 0, 1, 3, 4 fi k.k.f



Deebii Gilgaala 2.3


- | | | |
|--------------------|--------------------|---------------------------|
| 1. a. $x + 5 > 13$ | b. $x - 8 < 4$ | c. $m + 12 \geq 24$ |
| $x > 8$ | $x < 12$ | $m \geq 12$ |
| d. $6x - 8 > 16$ | e. $7x - 2 < -16$ | f. $10x + 15 \geq -25$ |
| $6x > 24, x > 4$ | $7x < -14, x < -2$ | $10x \geq -40, x \geq -4$ |
| g. $2x + 12 > 10$ | h. $3x + 14 < 5$ | i. $6x + 5 \leq -19$ |
| $2x > -2$ | $3x < -9$ | $6x \leq -24$ |
| $x > -1$ | $x < -3$ | $x \leq -4$ |
| j. $3 + 4x > 15$ | k. $6m - 12 < -12$ | m. $3y + 27 > 21$ |
| $4x > 12$ | $6m < 0$ | $3y > -6$ |
| $x > 3$ | $m < 0$ | $y > -2$ |

2. i. $4x - 8 \geq 24$

$4x - 8 + 8 \geq 24 + 8 \dots\dots\dots$ gama lamaanu irratti 8 ida'uun

$4x \geq 32 \dots\dots\dots$ salphisuu

$x \geq 8 \dots\dots\dots$ gama lamaanu 4f hiruu fi salphisuu




3. $\{-3, -2\}$

Deebii Hojii garee 2.1

1. a. $2x + 23 > 46$

$2x > 23$


$x > \frac{23}{2}$



b. $(4m - 6) \leq -86$

$4m \leq -80$

$m \leq -20$




c. $2.5x - 4.5 > 8.5x + 7.5$

$-4.5 - 7.5 > 8.5x - 2.5x$

$-12 > 6x$

$-2 > x$




d. $4(2x + 3) > 3$

$8x + 12 > 3$

$8x > -9$

$x > \frac{-9}{8}$



2. a. $x + 4 < 6$

b. $x < 2$

3. a. $2x + 2 > 8$

b. $x > 3$

Deebii Gilgaala 2.4

1. Mee x'na baay'ina daabboo haa ta'u.

Gatiin daabbo tokkoo qarshii 2

Himni walcaalmaa barbaadamu:

$2x \leq 8$

x ≤ 4 kanaaf baay'inni daabboo bitachuu danda'u 4 ta'a.

2. a. Mee T'na baay'ina torban inni qarshii itti baafate haa ta'u $500 - 25 T \geq 200$

b. $500 - 25 T \geq 200$ Mirkana: $500 - 25 W \geq 200$

$-25 T \geq -300$

$500 - 25(12) \geq 200$

$300 \geq 25 T$

$500 - 300 \geq 200$

$12 \geq T$

$200 \geq 200$

$T \leq 12$

Kanaaf, Margaan torban 12f qarshii baankiitii baasu danda'a. sababni isaas gatiin T inni gadi aana intiijaarii keessa 12 waan ta'ef.

Deebii Gilgaala keessa Deebii Boqonnaa 2^{ffaa}

1. a. $m = 12$ b. $y = 1$ c. $m = -5$ d. $t = \frac{3}{8}$
 e. $m = -4$ f. $x = 0$ g. $x = 4$ h. $x = \frac{14}{10}$
2. a. Furmaanni U keessa hin jiru. b. $\{0\}$
 c. $\{5\}$ d. $\{3\}$
3. a. Mee y'n lakkofsa kana haa ta'u.
 $4y + 8 = 24$
 $4y = 16$
 $y = 4$ kanaafuu, lakkofsichi 4 ta'a.
- b. Lakkofsichi mee ' x ' haa ta'u.
 kanaaf, himni walqixa sararaawaa hima jechaa kana irra argamu:
 $\frac{1}{3}x + \frac{2}{5}x = 22$
 $5x + 6x = 15 \times 22 \dots$ gama lamanu 15n baay'isuu
 $11x = 15 \times 22 \dots$ salphisuu
 $x = 15 \times 2$
 $x = 30$ ta'a.

Deebii kana mirkaneessuf:

$$\frac{1}{3}(30) = 10 \text{ fi } \frac{2}{5}(30) = 12 \text{ ta'a}$$

Kanaafuu, $10 + 12 = 22$ ta'a.

- c. Mee intijariin jalqaba x' haa ta'u. Kanaaf intijaroonni walitti aanan sadaan $x, x + 1, \text{ fi } x + 2$ ta'u.

$$x + (x + 1) + (x + 2) = 24$$

$$3x + 3 = 24$$

$$3x = 21$$

$$x = 7$$

Intijaroonni sadanuu 7, 8 fi 9 ta'u.

- 4.
- | | | | | | |
|----|----------------------|----|-----------------------|----|------------|
| a. | $x > 7$ | b. | $m < -22$ | c. | $m < 2$ |
| d. | $t \geq -1$ | e. | $m \leq -2$ | f. | $x < 0$ |
| g. | $x > \frac{-7}{6}$ | h. | $x \leq \frac{10}{4}$ | i. | $m > 5$ |
| j. | $x \leq 4$ | k. | $t < \frac{9}{4}$ | l. | $x \leq 5$ |
| m. | $t \leq \frac{7}{9}$ | n. | $x \geq 1$ | o. | $m \geq 2$ |
| p. | $y < 5$ | q. | $x \geq -4$ | | |

5. a. Mee x 'n baay'ina guuyyaa haa ta'u.

$$96 - 2x < 70 \text{ akka ta}'u tu barbaadama.$$

$$96 - 70 < 2x$$

$$26 < 2x$$

$$13 < x \text{ ta}'a. Yookiin x > 13 \text{ ta}'a.$$

Kanaafuu, ulfaatina isaa 70 kg gaditti hir'isuf guyyaa 13 ol itti fudhata.

- b. Bu'aa argaachuf galiin oomisha gurguruu irra argamu gatii oomishaaf oolu caaluu qaba.

Kana jechuun: $R > C$ ta'u qaba

$$24x > 15x + 100,000$$

$$24x - 15x > 100,000$$

$$9x > 100,000$$

$$x > \frac{100,000}{9}$$

Kanaafuu, oomishni 11,111.111111 ol oomishamu qaba bu'aa argachuuf.

Tooftaalee madaallii

Gaaffilee gara garaa akka hojii manaa, hojii daree fi abbaltitti kennuufiin hojii isaanii madaali. Boqonna kanaafis battalee tokko kennuufiin gaarii ta'a. Gaaffileen kennitus gilgaalota fi gochaalee kitaaba barataa irratti kennaman yookiin immoo kan biraan kan issaan waliin walfakkatu ta'u ni danda'aa.

BOQONNAA 3 REESHOO, PIROPPORSHINII FI DHIBBARAA

SEENSA

Boqonnaan kun beekumsa fi dandeettii barattooni kanaan dura yaadrimee bu'uuraa reeshoo, piropporshinii fi dhibbarra irratti qaban olguudisuu fi jabeessu irratti xiyyefata. Fakkeenyotaa fi gilgaalonni jiruu fi jirenyaan wal qabatan fayyadamuu boqonnaa kana baraattoota siritti hubachisuu ni dandeessa. Boqonnaan kun goleewan saditti qoodame. Goleewan kunis mata dureewan garaagaratti qoqqodamanii jiru. Goleen jalqabaa boqonnaa kana waa'ee reeshoo fi piropporshinii shaallaggi dhibbarraa fi fakkeenyota jiruu fi jirenyaan wal qabatan furuu irratti xiyyeffata.

Goleen inni dhumaas shaallagoota keessatti hojiira oolmaa dhibbarraa bu'aa, kasaaraa fi dhala baaqgee shallaguu irratti qabu ibsuu irratti xiyyeffata.

Goleewan hundi gochaan eegalu. Kunis kan barbaadameef barataan yaadrimee barbaadamu salphatti akka hubatuuf.

Kaayyoo Boqonnaa Kanaa

Xumura barnoota boqonnaa kanaa boodatti:

- ⌚ yaadrimee reeshoo fi piropporshinii ni hubatu.
- ⌚ piroobileemoota dhibbarraan walqabatan ni furu.
- ⌚ piroobileemoota bu'aa, kasaaraa fi dhala baaqgee furuuf yaadrimee dhibbarraatti ni fayyadamu.

3.1 REESHOO FI PIROOPPORSHINII

Wayitilee: 6

Kaayyoo

Xumura barnoota golee kana booda, barattoonni:

- ⌚ yaadarimee reeshoo ni ibsu.
- ⌚ piroobileemoota reeshoo sassalphoo ni furu.
- ⌚ piroobileemoota piropporshinii ni furu.

Jechoota Ijoo: Reeshoo, Piropporshinii, Piropporshinii kallatti, Piropporshinii fuggisoo, Waamsisaa, Dhaab giteessa piroporshinalummaa, Fiiixewwan, Giddu galessawwan, Waamamaa, Baay'ataa qaxxamuraa

Seensa

Goleen kun kan irratti xiyyeefatu barattoota yaadrimée reeshoo fi piropporshinii walini siritti wal barsiisuu dha. Goleen kunis mata dureewwaan hiikoo reeshoo irratti xiyyeefatee fi piropporshinii irratti xiyyeefatee lamatti addan qoodame. Mataaduree jalqabaa jalatti barattooni reeshoo wantoota lama walmadaalchisu ta'uu fi akkamitti reeshoo wantoota lama barreessu akka danda'amu baratu. Mata duree lamaffaa keessatti immoo waa'ee piropporshinalummaa kallatti fi fuggisoo keessa deebi'uun erga hubachiiftee booda hiikoo piropporshinii fakkeenyoota fayyadamuun ibsita.

3.1.1 Reeshoo

Yaadannoo Barsiisuuf Barbaachisu (Ka'uumsaaf)

Barsiisuu eegaluuf barattoonni akka daqiaqaa gabaabaaf waa'ee lakkofsota hundaa fi firaakshinii yaadatan gaafadhu. Deebii isaanii gabaatee gurraachaa irratti erga tarreessitee booda sadarkaa hubannoo isaani addan baafadhu.

Barattoonni akka baay'ina barattoota dhiiraa fi baay'ina barattoota dubaraa lakka'an gochuun baay'inni barattoota dhiiraa harka meeqa baay'ina barattoota dubaraa akka ta'an himan taasisi. Deebii kenname irratti mariyaachuun gara yaadrimée reeshootti ce'i. Itti fufuunis gocha 3.1A barattoonni akka hoijetan gochuun hojii isaanii madaalii kanas akka raawwataniif daqiqaa 10 yookiin 15 kenniif.

Dhuma irrattis barattoota hirmachiisuun erga deebii isaanii ibsaanii booda deebii sirrii ta'e laadhuuf.

Deebii Gocha 3.1

1. Firaakshiniin ibsama bifa $\frac{a}{b}$ 'n kenname dha ($a, b \in \mathbb{Z}, b \neq 0$)
2. H.W.G (a, b) = 1 yoo ta'e $\frac{a}{b}$ 'n salphate jenna.
3. a. $\frac{2}{5}$ b. $\frac{1}{3}$ c. $\frac{8}{3}$ d. $\frac{3}{2}$
4. Reeshoon wantoota (lakkoofsota) lama hiruun wal madaalchiisuu dha.
5. H.W.G (a, b) = 1 yammu ta'u dha.
6. Wantoonni reeshoon madalaamu danda'an wantoota akaakuu tokko ta'an yookiin immoo ramaddii safaraa tokko qabaniidha. Fakkeenyaaaf, baayyina barattoota dhiiraa fi dubaraa, kilo giraamii fi giraamii, sa'atii fi sekkoondii.
7. Reeshoon ibsama bifa $\frac{a}{b}$ tiin keenname ta'ee salphate kan taa'u qabu dha. Garauu Firaakshiniin ibsama bifa $\frac{a}{b}$ 'n kenname mara ta'a, a fi b'n lakkoofsa. Reeshoo keessatti garuu 'a' fi b'n waantootas baakka ni bu'u.
8. 3: 5 jechuun barattoota dubaraa sadiif barattoota dhiiraa shantu jira jechuudha yookiin immoo baay'inni barattoota dubaraa $\frac{3}{5}$ baay'isuu baay'ina barattoota dhiiraati jechuu dha.
9. a. 4: 7 b. 7: 4
c. Reeshoon barattoota dubaraa gara barattoota dhiiraatti reeshoo barattoota dhiiraa gara barattoota dubaraatti walqixa miti.

Sadarkaa kanatti barattooni hiikoo reeshoo beekuu akka qaban hubachuu qabda. Reeshoon wantoota lama akkamitti akka barreeffamuu fi garaagarummaa reeshoo fi firaakshinii jidduu jiru akka isaan hubatan mirkanoeffachu qabda.

Dabalataaniis fakkeenyota kitaaba barataa irratti kenname fayyadamuun kanneen armaan gadii ibsi:

1. Reeshoon wantoota lamaa karaa meeqaan akka barreeffamuu danda'u.
2. Wantoonni madaalaman akaakuu tokko yookiin immoo ramaddii safara tokko qabaachuu akka qaban!

Fakkeenyaaaf, kanneen armaan gadii waliin madaaluun ni danda'ama?

- | | |
|-------------------------------|------------------------|
| a. Dhiiroota 2 fi Hoolota 15. | b. 1.5 kg fi 2000 mg. |
| c. 20 km fi 15 kg | d. Sa'ati 3 fi ji'a 2. |

Barattooni iskeelii kaartaa M/B isaan irratti bifa reeshoon barreeffaman akka hiikan jajjabeessi.

Hojiin garee 3.1 barattoonni hariiroo iskeelii kaartaa fi reeshoo gidduu jiru akka hubataniif gargaari. Barattoota haala mijatuun garee gareen qindeessuun hojii garee 3.1 irratti mariisisi.

Guyyaa tokko booda gareen tokko deebii isaanii akka dareetti dhiyeessaan taasisi.

Dhuma irratti deebii sirri erga laattee booda fakkeenyaa biraad fudhachuuun barattoonni akka isaan hariiroo iskeelii kaartaa fi reeshoo gidduu jiru hubatan gargaari.

Deebii Hojii Garee 3.1

1. a. 1: 200 jechuun, gamoon inni sirriin 200 baay'isuu gamoo pilaani irraa ta'a jechuudha. Dheerinnii gamoon kun pilaani irratti qabu $\frac{40}{200} = 0.2 \text{ m}$ yookiin 40 cm.
b. $\frac{1.2}{200} = 0.006 \text{ m}$ yookiin 0.6 cm.
2. Kaartaa mana barumsaa dareetti fiduun barattoonni akka hiikan gargaari.

3.1.2 Piroopporshinii

Yaadannoo barsiisuuf

Yaadrimee reeshoo siritti erga barattoota qabsiifte booda waa'ee piroopporshinii barsiisuuf egaalu ni dandeessa. Kana egalufiis gaaffiilee armaan gadii gabatee gurraacha irratti barreessuun akka isaan hojeetaniif kenniif.

1. Firaakshinoota wal madaalamii fi reeshoo walmadaalu jechuun maal jechuu dha?
2. Baay'ata qaxxamuura jechuun maalii?
3. Piroopporshinii yoo jennu maal jechuu keenya?

Kana booda deebii gabatee gurraachaa irratti barreessi sirri ta'us ta'u baatus barattoota waliin deebii kennaman irratti erga mari'athee booda tokkoo tokkoo gaaffiilee kennamanifiif deebii barattootan baay'een kennname addaan baasi.

Gara hiikoo piroopporshiniitti osoo hin darbiin dura waa'ee yaadrimee piroopporshinalummaa kallatti fi fuggisoo gocha 3.1B fayyadamuun barattoonni kutaa darbee keessatti waa'ee yaadrime kana wan barataan keessa deebi'uun akka yaadataan gargaari.

Deebii Gocha 3.2

1. a. Qarshii12, Qarshii18 fi Qarshii 6 duraa duubaan.
- b. 'a' irraa ka'uun kan armaan gadii akka waliigalatti kennuufii ni dandeessa:
Akka baay'inni qubeessaa bitamu dabaalaa deemuun gatiin walii gala ittiin bitaamus dabalaan deema.
- c. Akka baay'nni qubeessaa bitamu xiqlaachaa deemuun gatiin bitta waliigalaaf ba'u xiqlaachaa deema.
- d. Baay'inni qubeessaa bitamu gatii bitta waliin piroopporshinalummaa kallatti qabu.

2. a. i. Guyyaa 12 ii. Guyyaa 8
 b. Akka baay'inni namootaa dabalaa (yookiin irrachaa) deemuun guyyaan hojii kana xumuuruuf barbaachisu hir'achaa (yookiin dabalaa) deema.
 c. Baay'inni namootaa fi guyyaan hojii kana xumuruuf barbaachisu piropporshinaalummaa fuggisoo qabu.
3. $x = \frac{3}{5}y$ fi $z = \frac{3}{2}y$. Kanaaf, $\frac{x}{z} = \frac{3}{5}y \div \frac{3}{2}y = 2:5$
4. a. $3 : 5$ b. $3 : 8$ c. $5 : 8$
 d. Reeshoo jedhama. e. Piropporshinii jedhama.
5. a. Wal qixa miti b. Wal qixa c. Wal qixa d. Wal qixa miti
6. Walqixxummaan reeshoo lama piropporshinii ofkeessatti qabata. $8: 12 = 24: 36$ piropporshinii jedhama.
7. a. $x = 10$ b. $P = \frac{3}{2}$ c. $x = 9$ d. $y = 10$
 e. $m = \frac{7}{4}$ f. $a = 6$
8. a. Saffisa fi fageenyi waliif piropporshinaalumma kallatti qabu
 b. Piropporshinaalummaa fuggisoo.
9. Mee xn baay'ina fuula barreessituun guyyaa 7 keessatti barreesitu haa ta'u.

Baay'ina fulaa Guyyoota

$$\begin{array}{rcccl} 70 & & 5 \\ x & & 7 \end{array}$$

Reeshoolee lamaan walitti qixxeessun:

$$5: 7 = 70 : x$$

$$x = \frac{7 \times 70}{5} = \text{fuula } 98 \text{ ta'a}$$

10. Mee $x'n$ guyyoota namoonni 6 hojii kana itti xumuruu danda'an haa ta'u. Baay'inni namootaa fi baay'inni guyyaa piropporshinaalumma fuggisoo waan ta'aaniif kan armaan gadii argatta.

Baay'ina namoota Guyyoota

$$\begin{array}{rcccl} 4 & & 3 \\ 6 & & x \end{array}$$

Reeshoolee lamaan walitti qixxeessun:

$$4: 6 = 3: x$$

$$x = \frac{6 \times 3}{4} = 4\frac{1}{2} \text{ ta'a.}$$

Piroobileemoota jechaa kan akka fakkeenyoota 6 fi 7 kitaaba barataa irratti kennamanii waa'ee reeshoo fi piroporshiinii barachuuf barataaf, shaakalli gaarii ta'a.

Dabalataanis gilgaala 3.1 akka isaan hojjaatan taasisi. Barattooni yaadrimewwaan kana sirritti akka hubatan gochuuf immoo piroobileemoota jiruuf jirenyaa waliin walqabatan gochaalee armaan gadii barattooni akka raawwataniif qajeelchi.

Barattoota garee sadiitti qoodun gochaalee armaan gadii hiriif.Gocha 1 garee 1^{ffaa} gocha 2 garee 2^{ffaa} fi gocha 3 garee 3^{ffaa}.

Gocha 1

1. Reeshoo armaan gadii barbaadi.
 - a. Guyya7 gara torban $1\frac{1}{2}$ tti b. 0.15 km gara 75000 mm tti
 - c. Sekondi 900 gara sa'aatii $1\frac{2}{3}$ tti. d. Qarshii 38 gara Qarshii 9.50 tti.
2. Tarmoonnii 1^{ffaa}, 2^{ffa} fi 4^{ffaa} piroporshinii 5,10 fi 35 dura dubaan yoo ta'an tarmii 3^{ffaa} barbaadi.
3. Fixeewan lamaan piroporshini 12 fi 42. Yoo giddu galeessi tokko 24 ta'e, giddu galeessa biroo barbaadi.
4. Reeshoon $x : y$ yoo salphatu 3 : 4 ta'a.
 - a. yoo $x'n$ 6 ta'e, $y'n$ meeqa ta'a?
 - b. yoo $y'n$ 12 ta'e, $x'n$ meeqa ta'a?
 - c. Ida'amni x fi y 35 yoo ta'e, x fi y barbaadi?

Gocha 2

1. Manni barumsaa tokko barattoota 1400 fi barsiistoota 70 yoo qabaate reeshoo barattootaa gara barsiistotaatti bifaa salphateen kenni.
2. Daldaalan tokko konkolaataa QR. 120,000 biteeQR. 150,000 tti yoo gurguure reeshoo bu'aa gara gatii bittaatti barbaadi.
3. Konkolaataan tokko sa'atitti 60 km deeme. Daqiqaa 12 keessatti fageenya hammami deeme ture?
4. Namoonni 15 boolla qotanii bishaan bira ga'uuf quyyaa 12 yoo itti fudhate, bakkuma walfakkaatu bishaan argachuuf namoota 10tti guyyaa meeqa fudhata?

Gocha 3

1. Mana barumsa tokko keessatti, barattooni kutaa 7^{ffaa} 150. Reeshoon dhirootaa gara dubarootaa 7:8 yoo ta'e baay'ina barattoota dhiiraa fi dubaraa barbaadi.
2. Hospitaala tokko keessatti reeshoon naarsoota dhiiraa gara dubaraa 4:3 dha.
 - a. Baay'inni naarsii dhiroota 12 yoo ta'e, baay'inni naarsii dubarootaa meeqa ta'a?

- b. Yoo baay'inni naarsii dhiirootaa fi dubarootaa dachaa ta'e reeshoon kennname ni jijiiramaa? Deebii kee ibsi.
3. A, B fi C qarshii 20,000, 50,000 fi 70,000 duraa duubaan walitti fiduun ivestimeentii irratti bobba bobbaiaan. Yoo dhuma waggaa irraatti qarshii 7000 bu'aa argatan, gahee bu'aa tokko tokkoo isaaniif barbaadi.
4. Barattoota 50 fi barsiistoonni 4 yoo ramadamaan fi barattooni mana barumsaa kanaa immoo 1325 yoo ta'an barsiistota meeqatu ramadamuu qaba.
5. Keekii ta'e qopheessuf dhadhaa 50 gm fi daakuu 1050 gm barbaachisa.
- Reeshoo dhadhaa gara daakuutti barbaadi.
 - Daakuu 199.5 gm fi dhadhaa hammamii barbaachisa?
 - Dhadhaa 800 gm daakuu hammamii barbaachisa?

Deebii Gochaalee (1-3) qajeelcha barsiisaa keessaaf

Gocha 1

- a. 2 : 3 b. 2 : 1 c. 3 : 20 d. 4 : 1
- Tarmiin 3^{ffaa} 17.5
- Giddu galeessi innibiraa 21
- a. 8 b. 9 c. $x = 15$ fi $y = 20$

Gocha 2

- 20 : 1
- 1 : 4
- 12 km
- guyyoota 18

Gocha 3

- Dhiiroota 70 fi dubaroota 80
- a. 16 b. Hin jijiiramu
- Qr. 1,000, Qur. 2,500 fi Qur. 3,500 duraa duubaan.
- Barsiistota 106
- a. 1:21 b. 9.5 gm c. 16,800 gm

Deebii Gilgaala 3.1

- Wantoonni kennaman lamaan safara ramaddii tokko hin qaban yoo ta'e dursa gara safara ramaddii tokkotti jijiiruu qabda. Kanaaf,
 - 9 : 100
 - 1 : 25
 - 5 : 3
 - 10 : 1
- a. 17 : 16 b. 16 : 33

3. a. 7 : 10 b. 10 : 7
4. a. Piroopporshinii miti b. Piroopporshinii dha
c. piroopporshinii dha d. Piroopporshinii miti
5. a. 10 b. 45 c. 21 d. 96
6. 0.138 km yookiin 138 m ta'a lafa irratti.
7. Safarri kofataa 36° , 60° fi 84° .
8. Gaheen A = QR. 2,500, Gaheen B = QR. 3,500, Gaheen C = QR. 4,500,
9. Qarshii 69 baasa.
10. 2.8 kg.
11. Dhiroota = 70 fi Dubaroota = 80.

Tooftaalee Madaallii

Yeroo mara dandeetti gad aanaa barattooni xumura golee kenname booda gonfachuu qabaan irratti yaadu qabda. Sadarkaa barattootni irra jiran beekuuf gaafii fi gilgaaloota adda addaa akka hojii manaa fi dareetti kennuufiin hojii isaanii madaali.

Fakkeenyaaaf, gaaffilee armaan gadii gaafadhu:

- Yaadrimee reeshoo fi piroopporshinii akka ibsan.
- Reeshoo wantoota lamaa akka barbaadan.
- Wanta kenname gara reeshootti akka hiran.
- Reeshoo keessatti tarmiin tokko yoo kenname tarmii hin kennamiin akka barbaadan.

Gaaffilee afaanii, hojii garee, gocha daree, battallee, hojii mana fi abbaltii fayyadamuun madaalli duraa duuba gaggeessuun waa'ee dandeettii barataa odeffaannoo barbaachisaa ta'e argaachuun kanneen boodatti hafan gargaari.

Yeroo mara immoo xumura daree irratti gaaffilee barreefamaa lamaa yookiin sadii gaafachuu amaleeffadhu. Kuni barattooni jabaatanii akka hojetaanii fi dubbisaniif kakaasa.

3.2 DHIBBARAA CAALAATTI

Wayitiilee: 7

Kaayyoo

Xumura barnoota golee kanaa boodatti:

- ⌚ dhibbaraa baay'ina wanna kennamee ni shallagu.
- ⌚ piroobileemoota dhibbaraan wal qabatan ni furu.

Jechoota Ijoo: Dhibbeentaa, Kuufama (amount), Hundee, Dhibbarraa

Seensa

Goleen kun kan irratti xiyyeefatu waa'ee dhibbarraa caalaatti yoo ta'u, kunis yaadrimee fi tarmoota akka hundee, kuufama, dhibbeentaa fi dhibbarraa hundee kennname tokko yaadrimee piroopporshiniitti fayyadamuu waliin walqabata.

Yaadannoo Barsiisuuf Barbaachisu (Ka'uumsaaf)

Barsiisuu osoo hin eegaliin dura, barattooni hariiroo dhibbeentaa fi deesimaalii giddu jiru akka ibsan gaafadhu. Gaaffilee afaanii barattooni deebisan gabatee gurraachaa irratti tarreessuun marii waliigalaa daree keessatti gaggeessi. Kana booda gocha 3.2 kennuufiin akka isaan irratti mari'atan godhi.

Gochi kunis barattooni akka isaan yaadrimee: deesimaaliin, dhibbeentaa fi hariiroo isaanii hubataan gargaara.

Daqiqaa 10 – 15 tti kennuufiin barattooni dabtara isaanii irratti deebii akka kennan gochuun irra deemuun ilaali. Sana booda immoo barataan ka'ee deebii isaa gabatee gurraachaa irratti agarsiisu barbaaduuf carraa laadhu.

Deebii Gocha 3.3

1. Deesimaaliin firaakshiniif waamsiisan isaa paworoota kudhanii ta'e dha. Fakkeenyaaaf kan wamsiisaan isaa 10, 100, 1000 yookiin 10,000 kkf.
2. Dhibbeearraar reeshoo lakkofsa gara100tti.
3. Firaakshiniin kami iyyuu gara deesimaalitti wamamaa isaa waamsiisaaf hiruun jijiiruun ni danda'ama.
4. Deesimaalii gara dhibbarraatti tti jijiiruuf bakka deesimaalii gara fulduratti bakka lama deemsisuun mallatto % itti dabalta. Akkasumaas, dhibbarraa gara deesimaaliitti jijiiruuf mallatto % gatuun bakka deesimaalii gara boodatti bakka lama deemsisuun ta'a.

- | | | | | | |
|-----|---|--------------------|------------------|--------------------|---------------------|
| 5. | a. $\frac{3}{20}$ | b. $\frac{3}{100}$ | c. $\frac{5}{1}$ | d. $\frac{29}{10}$ | e. $\frac{151}{50}$ |
| 6. | a. 0.4 | b. 0.13 | c. 0.571428 | d. 1.12 | e. 3.5 |
| 7. | a. 0.03 | b. 0.0105 | c. 0.25 | d. 0.1223 | |
| | e. 0.00102 | | | | |
| 8. | a. $53\frac{1}{3}\%$ | b. 63.2% | c. 175% | d. 12.5% | |
| 9. | a. 37% | b. 103% | c. 1.5% | d. 58% | |
| 10. | Lakkofsa pozatiivii n kamiif, $n\%$ jechuun 1%, kan $n = \frac{n}{100}$. | | | | |

11. 75%’n barattoota uffata seeraa uffataniiru. Kanaaf, 25%’n barattoota immoo kanneen uffata seeraa hin uffatneedha.
12. 32%’n dubaroota fi 68%’n immoo dhiroota.
13. Baasiin nyaataa qarshii 2625.
14. Battallee herregaa: $\frac{18}{20} = \frac{18 \times 5}{20 \times 5} = \frac{90}{100}$
Battallee afaan ingiliizii: $\frac{23}{25} = \frac{23 \times 4}{25 \times 4} = \frac{92}{100}$

Kanaaf, Ayyaantuun battallee afaan Ingiliizii caalaatti hojjette.

Fakkeenyota kitaaba baraata irratti kennaman erga ibsitee booda, barattooni shallaggi piroobileemoota dhibbarraan wal qabatan danda’uu isaani mirkanoeffachu qabda. Kanas mirkanoeffachuuf gochaalee armaan gadii kennuufii ta’u danda’aa.

Gocha 1

1. Kaneen armaan gadii furi.
 - a. Lakkofsa $6\frac{1}{4}\%$ isaa 275 ta’u barbaadi.
 - b. Lakkofsa 35% isaa 160 ta’u barbaadi.
 - c. 11.25% kan 115 meeqa?
2. Gatiin bittaa komputaraa ashuraa dabalataa wajjiin qarshii 12500.00. Yoo ashurri dabalataa 15% ta’e gatii bittaa komputaraa osoo ashuraa hin dabalatiin barbaadi.
3. Daldaalaan tokko qomee 15% gadi buusun qarshii 459.85 tti yoo gurgure gatiin qomee kanaa meeqa ture?
4. Obbo Gamtaan ji’aan qarshii 3250 argatu. Ashuraa galiif 15% kanfalu yoo ta’e ji’aan qarshii meeqa ashuraa galiif oolchu?
5. Lafa tokko irra waantoota dhaabbatan 500 keessaa 35% mukoota bosona, 25% fuduraa fi kuduraa fi 155 biqiltuu qorichummaa qabantu jira. Baay’ina mukoota bosonaa, uduraa fi kuduraa fi biqiltuu qorichummaa qaban kana barbaadi. Kan gosoota sadanu hintane mukoota meeqatu jira?
6. Galiin A 255’n galii B yoo caale, qaliin B immoo galii C 8%’n yoo caalee fi galiin A qarshii 4050 yoo ta’e, galii C barbaadi.
7. Oomishin qotee bulu tokko 55 yoo hirate fi 55 yoo dabalee. %’n meeqan dabalee yookiin hirate?

Deebii Gocha 1 (Qajeelcha barsiisaa)

1. a. 4400 b. 457.14 c. 12.9375
2. Qarshii 10625.00

3. Qarshii 390.8725
4. Qarshii 487.5
5. Mukoota bosonaa 175, & fuduraa fi kuduraa 125 & biqiltuu qorichummaa qaban 75 yoo ta'u, kan gosoota sodamu hintane immoo 125.
6. Galiin B qarshi 3240 fi galiin C qarshii 300 ta'a.
7. Hin dabales hin hiranes.

Gocha kana irratti dabaluun gaaffii 1^{ffa} fi 2^{ffa} gilgaala 3.2 kitaaba barataa irratti kennname akka hojjetan taasisi.

Barattooni gaaffii kana yommu hojjetan daree keessa deemuun deebii isaanii ilaali, kakaasi akkasumas qajeelchi.

Xumura irratti deebii isaani irratti marisiisuun bakka dogoggorri jiru irratti giddu galuun deebii sirrii kenniif.

Akkasumas, barattootni formulaa $\frac{a}{b} = \frac{p}{100}$ sirritti hubataani fayyadamu danda'u isaani mirkaneeffachuu qabda.

Formulaa kana keessatti: a – dhibbaraa

b – hundee

p – dhibbanta kennname

Kanas, mirkaneeffachuuuf gaffii 4 – 15 gilgaala 3.2 bif a hojji mana fi abbaltiin addaan qoodi kenniif. Barattooni hojji isaanii dareetti akka dhiyeessan taasisi.

Deebii Gilgaala 3.2

1. a. Qarshii 116.40 b. 178.2
c. 4.375 km ykn $4\frac{3}{8}$ km d. 663 m
2. a. 100.8 b. 11764.7059 c. $15\frac{3}{4}\%$ ykn 15.7 d. 130.5
e. 800 f. 750 g. $43\frac{1}{3}\%$ h. 650
i. 2160 j. 125%
3. Dubaroonni 434 waan ta'aniif dhiiroonni 806 ta'u.
4. Baratoonni 420 miilaan deddeebi'aani baratu.
5. Qarshii 375 quzatti.
6. Daqiqaa 27
7. Uummanni magaalaa 100,000 ta'u.

8. 80%’n dabale.
9. Gatiin gibira 15%
10. Gatiin walii gala kompuutara bituuf barbaachisu qarshii 10,481.
11. Qarshii 65 gadi buuse gurgure.
12. Warshaan kun sukkaaraa kuntaala 61085625 Oomishe.
13. 44% dhaabbata eegumsaa fayya hospiitaalota jiran. Kanaafuu, $(100 - 44)\% = 56\%$ buufata fayyatti. Baayinni hospiitaalota 12% buufata fayyaarrraa gad bu’aa. Kanaaf baay’inni buufata fayyaa = $\frac{6 \times 100}{12} = 50$ kan jechuun baay’inni buufata 50 ta’aa.
14. a. Qarshiin qusanna 2520 ta’aa.
b. Qarshiin 3096 mana keessatti daldaluu fi hojii adeemsisuuf oola.
15. $\frac{360 - 240}{240} \times 100\% = \frac{120}{240} \times 100\% = 50\%$ namoonni suuqii kanatti fayyadamanii 50% dabalan.
16. $160,000 + 12\% \times 160,000 = 160,000 + 19,200 = 179,200$.
Kanaafu kan gibira fi gurgurtaa dabalatee qarshii 179,200 bite.

Tooftaalee Madaallii

Sadarkaa hubannoo isaanii mirkaneeffachuuuf kanneen armaan gadiif formulaa akka eeran gaafadhu.

- a. Dhibbarraa (kuufaama) yoo gatiin hundee (b) fi dhibbeentaa (p)’n kennamani.
- b. Dhibbeentaa (p) yoo gatiin hundee (b) fi kuufamni (a)’n keennamani.
- c. Hundee (b) yoo gatiin kuufamee fi dhibbeentaan kennamani.

Akka isaan formulloota kana fayyadamanii piroobileemoota jiruufi jirenyaan wal qabatan furaniif hojii dabalataa mijataa ta’e kenniif.

3.3 SHALLAGOOTA KEESSATTI HOJIIRRA OOLMAA DHIBBARAA

Wayitilee 11

Kaayyoo

Xumura barnoota golee kana boodatti:

- ⌚ piroobileemota bu’aa fi kasaaraa furuuf yaadrimee dhibbarraa ni fayyadamu.
- ⌚ piroobileemoota dhala baaqdeen walqabatan furuuf yaadrimee dhibbarraa ni fayyadamu.

Jachoota Ijoo: Bu'aa, Gatii gurgurta (g.g), Kasaaraa, Gatii bittaa (g.b), Dhala baaqgee, Reetii, Haadhoo

Seensa

Goleen kuni shallagoota keessatti hojiirra oolmaa dhibbarraa kan akka bu'aa, kasaaraa fi dhala baaqgee shallaguu irratti qabu ibsuu irratti xiyyeefata.

Goleen kun mata duree lamatti quodame. Isaaniis:

- Bu'aa fi kasaaraa
- Dhala baaqgee

3.3.1 Bu'aa Fi Kasaaraa

Yaadannoo Barsiisuuf Barbaachisu (Ka'uumsaaf)

Mata duree kana barsiisuu eegaluuf gocha 3.A'n barattoota sisi'eessun jalqabi. Gocha kana hojaachuuf irratti marii gochuun barattooni bu'aa fi kasaaraa jechuun maal akka ta'e hubannoo argatu.

Deebii Gocha 3.4

1. a. Gatii bittaa b. Gatii gurgurtaa
2. a. Gatii bittaa b. Gatii gurgurtaa
3. Yoo gatiin gurgurtaa gatii bittaa caale bu'aan jira jenna. Garuu, gatiin gurgurtaa gatii bittaa gadi taanaan kasaaraadha jenna.
4. Gatiin bittaa (g.b) = QR. 5600 fi gatiin gurgurtas (g.g) = 6200. Kanaaf, g.b < g.g waan ta'eef obbo Dhaabaan QR. 600 buufatani.
5. Gatiin bittaa = $(3800 + 85) = QR. 3885$

Gatiin gurgurtaa = QR. 3250

$g.b > g.g$ waan ta'eef daldaalaan kun QR. 635 kasaare.

$$6. \quad g.b = \frac{g.g \times 100}{100 - \% \text{ kasaaraa}} = \frac{6400 \times 100}{100 - 20} = \frac{640000}{80} = 8000$$

Kanaaf, gatiin bittaa meeshaa kanaa qarshii 8000.

Barattooni foormullaawwan kitaaba barataa keessatti argamu akka irra ga'aaniif jajjabeessi. Barattooni foormullaawwan kanaan akka wal baraniif hojii garee 3.2 garee gareen foormullaawwan akka fayyadaman taasisi. Barattooni yaadrimee % bu'a fi % kasaaraa hubachuu isaanii mirkaneeffachuu qabda.

Deebii Hojii Garee 3.2

1. Mee x'n gatii bitta qubeessaa tokkooti haa jennu.
Kanaaf gatiin bitta qubeessaa $15 = 15x$ ta'a.

Yookiin, gatiin gurgurtaa qubeessaa $12 = \text{Qr. } 15 \times \frac{x}{100}$.

Yookiin, gatiin gurgurtaa qubeessaa tokkoo = $\text{Qr. } \frac{15}{12} \times \frac{x}{100}$.

Gatiin gurgurtaa gatii bitta waan caaluuf haala bittaa fi gurgurtaa kana keessa bu'aatu jira.

$$\text{Bu}'a = \text{Qr. } \% = \left(\frac{15}{12} \times \frac{x}{100} \right) = \text{Qr. } \frac{3x}{12} = \text{Qr. } \frac{1}{4} x$$

$$\text{Yookiin } 5 \text{ bu}'aa = \frac{\text{bu}'aa \times 100\%}{g.b} = \frac{\frac{x}{4} \times 100\%}{x} = 25\% \text{ ta}'a.$$

2. **Jalqaba:** g.burtuukaanii $95 = \text{Qr. } 160$

$$\% \text{ kasaaraa} = 20\%$$

Kanaaf, gatiin bittaa burtuukaana $95 = \text{Qr. } \frac{160 \times 100}{100 - 20} = \text{Qr. } 200$

Itti aansuun: g.b burtuukaanii $95 = \text{Qr. } 200$

$$\begin{aligned} \text{Gatiin gurgurtaa burtuukaanii } 95 &= \frac{100 + \text{bu}'aa \%}{100} \times g.b \\ &= \frac{100 + 20}{100} \times 200 = \text{Qr. } 240 \end{aligned}$$

3.3.2 Dhala Baaqqee

Yaadannoo Barsiisuuf Barbaachisu (Ka'uumsaaf)

Gocha 3.5 kitaaba barataa keessatti kennname barattoonni akka hojjatan gochuun mata duree kana eegali. Daqiqaa 10 – 15tti kennufiin akka isaan irratti mari'atan fi hojjatan godhi. Faayyidaan gocha kanaas barattootni yadrimeewwaan dhala baaqqee, haadhoo, fi reetii dhala yeroo kennname keessatti waliin walqabatan akka hubataniif. Barattoonni akaakuu dhala baankiin naannoo isaaniitti argamu akka himaniif jajjabeessi.

Deebii Gocha 3.5

1. Qarshiin namni tokko baankii irra liqqeffatu haadhoo jedhama.

2. Dhala.

3. Dhallii baaqqee qarshii 180 ta'a wagga sadii booda.

Kanaaf qarshii ati wagga sadii booda qabaattu: $1500 + 180 = \text{Qr. } 1680$

4. Reetiin dhala 1% dha.

5. i. Qr. 4320 ii. Qr. 11,520

Dabalataanis, barattooni foormulla dhala baaqqee shallaguuf gargaaru akka fayyadamaniif jajjabeessi. Kanaafiis hojii garee 3.3 garee gareen akka hojjatan godhi. Kaayyoon hojii garee kanaas foormulla dhala baaqqee barattoonni akka fayyadamaniif.

Deebii Hojii Garee 3.3

Dhala akaaku lamatu jira. Isaanis dhala baaqqee fi dhala dhala jedhamu. Dhala dhala keessatti dhala marsaa jallqabaa keessatti argamee haadhoo isa jalqabaatti ida'uudhaan ida'ama kana immoo marsaa lammataaf akka haadhootti waan fudhatamuuf dhala duraa irraa dhala waan argamsisuuf dhala baaqqee caala faayyidaa qaba.

Dhala baaqqee keessatti shallaga dhala marsaa hundaaf haadhoo jalqabaatu fudhatama.

Barattootni foormullaawwan armaan gadii fayyadamuuuf jecha mata isaaniitiin ibsuu danda'uunisaanii siritti mirkanoeffachuu qabda.

$$P = \frac{I}{R \times T}, R = \frac{I}{P \times T}, T = \frac{I}{P \times R}$$

Beekumsa isaanii hojiirra oolmaa dhibbarraa irratti akka jaboeffataaniif gilgaala 3.3 akka hojii daree fi hojii manatti laachuufiin hojii isaanii sirreessi.

Deebii Gilgaala 3.3

- g.b = QR. (450 + 30) = QR. 480 fi

$$g.g = QR. 540$$

$$\% \text{ bu}'\text{aa} = \frac{540 - 480}{480} \times 100\% = 12.5\%$$

- Hin buufannes hin kasaarres.

- Jalqabarratti:** g.g qalama 90 = QR 135 fi

$$\% \text{ kasaaraa} = 20\%$$

$$\text{Kanaaf, g.b qalama } 90 = \frac{g.g \times 100}{100 - \% \text{ kasaaraa}} = \frac{135 \times 100}{100 - 20} = 168.75$$

Ittaansuun:

$$g.b \text{ qalama } 90 = 168.75$$

$$g.g \text{ qalama } 90 = \frac{100 + \% \text{ bu}'\text{aa}}{100} \times g.g = \frac{120}{100} \times 168.75 = QR. 202.5$$

- Jalqabarratti :**

$$\text{caalmaa\%} = \frac{g.g - g.b}{g.b} \times 100\%$$

$$20\% = \frac{84 - g.b}{g.b} \times 100\%$$

$$g.b = 70$$

$$\text{caalmaa \%} = \frac{g.g - g.b}{g.b} \times 100\%$$

$$30 = \frac{g.g - 70}{70} \times 100$$

$$g.g = 91$$

- Mee gatiin gurgurtaa (g.g.) x'ha-jennu.

$$\text{Kanaaf, g.g wanta baayyinni isa } 20 \text{ ta}'\text{e} = QR. 20x$$

g.b wanta baayyinni isaa 23 ta'e = QR. 23x

$$\text{Kanaaf, g.b wanta tokkoo} = \text{QR. } \frac{20}{23}x$$

g.g. > g.b waan ta'eef, bu'aatu argama:

$$\text{Bu'aa} = x - \frac{20}{23}x = \frac{3}{23}x$$

$$\% \text{ Bu'aa} = \frac{\frac{3}{23}x}{\frac{20}{23}x} \times 100\% = 15\%$$

6. Qarshii 620

7. Qarshii 2340

8. I = Prt

$$r = \frac{I}{Pt}$$

$$r = \frac{4785}{14,500 \times 8} = 0.041$$

Reetiin dhala 4.1% ta'a.

9. wagga 3 $\frac{1}{8}$

10. (b) keessatti irra dhalli baaqqee argama.

Sababni isaa: a. QR. 750 b. QR. 960

Tooftaalee madaallii

Sadarkaa hubannoo isaanii beekuuf tooftaalee madaallii garaagaraa mijataadha jettee yaadduu mara fayyadamu ni dandeessa. Kan akka abbaltii, battalii fi hojii manaa kennuufi ni dandeessa.

Deebii Gilgaalota Keessa Deebii Boqonnaa 3^{ffaa}

1. a. 7 : 1 b. 1 : 7
2. Duraa dubaan: 2784, 4640 fi 6496 ta'a.
3. QR. 225
4. Gaheen isaa tokkoo QR. 10,000 fi kan isa bira immoo QR. 15,000
5. guyyaa 12
6. sa'atii 10
7. 6%
8. 15%



SEENSA

Addunyaa qaroominaan gara fuula duraatti ariitiidhaan deemaa jiru kana keessatti jirenya hammayyaawaa jiraachuuf daataan baay'ee barbaachisaadha. Murtoon tokko kennamuu kan danda'u daataan sirnaan funaanamee fi qinda'ee yoo jiraatedha. Kanaafuu, akkaataa daataa funaanuu, qindeessuu, cuunfuu fi ibsuun danda'amu beekuun baay'ee barbaachisaa dha.

Boqonnaa kana keessatti mallattoo taaliitti fayyadamuun daataa funaanuu, giraafota sararaa fi chaartii paayii ijaaruu fi hiikuu, giddu-galeessa, moodii, midiyaanii fi reenjii data barbaaduu baratu.

Kaayyoo Boqonnaa Kanaa

Xumura barnoota boqonnaa kanaa booda, barattootni:

- ⌚ *daataa ni funaanu, daataa kennameef giraafii sararaa salphaa, chaartii paayii ni ijaaru.*
- ⌚ *giddu- galeessa, moodii fi midiyaanii daataa kennamee ni shallagu.*
- ⌚ *reenjii daataa kennamee ni barbaadu.*

Meeshaalee Deeggersa Barnoota (Ka'umsaaf)

Kannaean akka sararrtoo fi pirootiraaktarrii fayyadamuun barattoonni giraafota sararaa fi chaartii paayii akka ijaaran gochuu. Akkasumas giraafota sararaa fi chaarti paayii waraqaa ball'ina qabu irratti bifaa barattoota hawwatuun qophessun daree keessatti akka irraa barataniif itti fayyadamu fi w.k.f.

4.1 MALLATTOO TAALIITTI FAYYADAMUUN DAATAA FUNAANUU

Wayitilee: 10

Kaayyoo

Xumura barnoota golee kanaa booda, barattoonni:

- ⌚ mallattoo taalitti fayyadamanii naannoo isaanii keessaa daataa sassalphaa ni funaanu.

Jechoota Ijoo: Daataa, Mallattoo taalii, Gabatee mallattoo taalii.

Seensa

Golee kun barattoonni akka isaan mallattoo taaliitti fayyadamuun daataa sassalphaa naannoo isaanitti argamu funaanuu danda'an irratti xiyyeffata. Kanas gonfachiisuuf yaadannoo gabaabaa armaan gaditti eeraman faana bu'uu ni dandeessa.

Yaadannoo Barsiisuuf Barbaachisu (Ka'uumsaaf)

Tokko tokkoo mata duree jalatti akkamitti akka barsiisuu eegalu ilaalcissee yaanni ka'umsaa haa kennamu malee kalaqni ati daree keessatti qabdu baay'ee murteessaa dha. Yaadannoo barsiisuuf barbaachisu kan jedhu kun kan irratti xiyyeffatu odeeffannoo barbaachisaa ta'e, akkaataa itti fayyadama gochaalee, gaaffi ka'umsa fi hojii garee irratti barattoota kakaasuu fi qajeelchuuf, sifkenna. Golee kana barsiisuuf, barattootni akka isaan akkaataa daataan itti funaanamu danda'u keessa deebi'anii yaadatan godhi kanaafis gocha 4.1 fayyadami. Gochi kunis barattootni daataa funaanuu akka shaakalaniif gargaara. Akkasumas, gocha kana irraa gabatee mallattoo taalii akkamitti qopheessuu akka qaban shaakalu. Ittuma fufuunis hojii garee 4.1 akka hojjatan taasisuun raawwii isaanii madaali.

Mallatoon taalii wantoota lakkaa'uuf gargaara. Mallatoon kunis sararoota olee xixiqqoo tokko tokkoon isaanii ramaddii tokko bakka bu'u. Fakkeenyaaf tokkoof (/), lamaaf (//), sadiif (///), fi afurif (////) hojjechuun itti fayyadamna. Mallatoon taalii 5^{ffaa} yeroo mara kanneen arfani qaxxaamuruun akka +/+ mul'ifama. Kunis walitti qabama shani daataa waliigalaa keessa jiruu salphaatti lakkaa'uuf gargaara.

Fakkeenyaaaf safarri tokko yaalii tokko keessatti si'a torba yoo irra deddeebi'ee argame bifa +++++ tiin mul'ifama. Golee kana keessatti mallattoo taaliitti fayyadamuun daataa funaanuu baratan. Kanas hubachuuf akka isaan gargaaruuf gocha armaan gadii yaa hojjatan.

Deebii Gocha 4.1

- | | | | | |
|------|------|-------|------|------|
| a. 3 | b. 4 | c. .3 | d. 3 | e. 3 |
| f. 2 | g. 2 | h. 0 | i. 0 | |

Gocha 4.1 armaan olii irraa akka hubatamutti daataa tokko bifa gabateen yommuu qindeessinu baay'ee hubannoof tola. Fakkeenyaaaf, gabatee 4.1 irraa toorri irraan gadee jalqabaa kan si hubachiisu barattoota sadiitu jira. Kan baay'inni miseensa maatii isaani lama ta'ee fi haaluma walfakkatuun baay'ina barattoota baay'inni maatii isaanii 3, 4, 5, 6 fi 7 fi w.k.f tooroota irraan gadee gabatee kana irraa himuun ni danda'ama.

Lakkoofsi mallattoo taalii baay'ina barattoota baay'ina miseensa maatii kennamee qaban mul'isa. Gabateen akkasii kun gabatee taalii jedhama.

Deebii Hojii Garee 4.1

Deebiin hojii garee kun deebii barattooni garee gareen ta'uun kennan irratti hundaa'a. Kanaafuu, hojii isaanii kana akkaataa raawwii isaaniitti madaalii.

Deebii Gilgaala 4.1

1.

Ji'a	Fulba ana	Sadaasa	Mudde	Amajji	Guraandhala	Bitootessa	Caamsaa	Waxabajji	Adoolessa	Hagayya
Mallattoo taalii										
Baay'ina barattoota ji'a kana keessa dhalatan	4	4	2	4	2	2	3	2	2	1

Qabxii	8	9	10	11	12	15	16	18	19	20
Mallattoo taalii										
Baayina barattoota qabxii kana argatan	4	3	4	1	3	5	8	5	4	3

Gaafii 3^{ffaa} fi 4^{ffaan} barattoota daree irraa odeeaffannoo funaanuu irratti waan xiyyeffatuuf bifa piroojektiin akka hojjataniif kennuufiin hojii isaanii madaali.

Tooftaalee madaalli

Sadarkaa beekumsa barataa beekuf gocha 4.1 fayyadami.Firii as irra argattu irratti hundaa'uun barattoota gargaaramuu qabaniif gocha dabalataa fi Gorsa barbaachisu kenniif.Ittuma fufuuniis Hojii garee 4.1 akka raawwataniif baay'ina miseensa garee murteessun kenniif.Akkamitti akka hojjetan irrattis ajaja barbaachiisaa ta'e kenniif.Barbaachisaadha jette ni yaadda yoo ta'es, daataa funaanuu irratti gochoota adda addaa dabalataan kennuufiin raawwii isaanii madaali.

4.2 GIRAAFOOTA SARARA FI CHAARTII PAAYII IJAARUU FI HIIKAA KENNUU

Wayitilee: 10

Kaayyoo

Xumura barnoota golee kanaa booda, barattonni:

- ⌚ daataa kenname faayyadamuun giraafota sararaa ni ijaaru.
- ⌚ naannoo isaanii irraa daataa funaanuuun giraafota sararaa ni ijaaru.
- ⌚ giraafota sararaa sassalphoon ijaaramanitti hiika ni kennu.
- ⌚ daataa kenname fayyadamuun chaartii paayii ni ijaaru.
- ⌚ naannoo isaanii irraa daataa funaanuuun chaartii paayii ni ijaaru.
- ⌚ chaartota paayii salphaa ijaaramanitti hiika ni kennuu.

Jechoota Ijoo: Giraafii sararaa, Chaartii paayii

Seensa

Golee kana keessatti daataa kenname tokkoof giraafii akkamitti akka ijaaruu fi ibsuu danda'an barsiifta. Giraafiin tuuta daataa kenname tokko salphaatti al tokkoon walduukaa mul'isuu fi hiikuuf fayyada.Giraafiin gosa baay'eetu jira.Isaan keessaa giraafii sararaa fi chaartii paayii ijaaruu fi hiikuu shakalsiifta.

Yaadannoo Barsiisuuf Barbaachisu (Ka'uumsaaf)

Giraafii Sararaa

Mata duree kana jalatti gosa giraafii kan ta'e waa'ee giraafii sararaa barattota barsiifta. Kanas akka hubataniif gocha 4.2 akka hojjetaniif haala barbaachisaa ta'e mijeesiif.

Deebii Gocha 4.2

1. Diriiroo xy (yookiin diriiroo siqqee x fi siiqqee y qabu) fi tuqaale kitaaba barataa irratti kenname fayyadamuun sararaa dhaabbataan wal qabsiisi.

2. a. Haaluma gaaffii 1^{ffaan} raawwadhu.
- b. 7 c. 43°F d. 57°F
- e. Lamaanu dha. 43 gara 53 tti erga dabalee booda gara 50 tti hir'ata.
3. I. a. 9 b. 210,000.00 c. 70,000.00
- d. yeroo gara yerootti ni hir'ate.
- e. Giraafii kenname irraa gatii gabatee armaan gadii ijaaruun ni danda'aama.

Gatii konkolaata	
Wagga	Gatii
1995	210,000
1996	205,000
1997	200,000.00
1998	180,000.00
1999	170,000.00
2000	150,000.00
2001	130,000.00
2002	100,000.00
2003	70,000.00

Giraafoonni gocha 4.2 keessatti ilaalte hundi isaanii giraafii sararaa jedhamu. Giraafiin sararaa wantoota lama waliin madaalchisuuf gargaara. Wantoonni waliin madaalan kunis jijiiramootaan bakka buufamanii aksisii irratti mul'ifamu. Kanaaf, giraafiin sararaa aksisii olgadee (siiqqee y) fi aksisii dalgee (siiqqee x) qabu. Giraafiin sararaa tuqaalee jijiiramoota lamaan bakka bu'anii diriiroo irratti mul'isuun sarara dhaabbataan walqabsiisuun ijaaramu.

Giraafiin sararaa odeeffannoo yookiin daataa osoo wal irraa hin citiin jijiiramaa adeemu mul'isuuf gargaara. Gaaffii 3I gochaa kana irraas gatiin konkolaataa wagga gara waggaatti jijiiramaa adeema. Gocha 4.2 gaaffii 3II irraas hangi qotiiyyoo ji'aa gara jii'aatti jijiiramaa deema. Kanaaf giraafoonni sararaa gocha kanaa keessatti ilaalte yeroo keessatti daataa jijiiramu mul'isu.

As keessatti wantoonni walmadaalan lamaan yeroo fi daataa barbaadamu kan akka tempireecharii, gatii fi hangaati.

Giraafiin sararaa daataa yookiin odeeffannoo itti fufiinsaan yeroo kennname keessatti jijiiramuu mul'isuuf gargaara. Giraafiin sararaa walitti dhufeensa odeeffannoo lama gidduu jiruu fi garaagarummaa isaanii haala salphaa ta'een cuunfanii kaa'uuf mala gargaaru. Qoqqoodamni giraafii sarara ijaaruuf aksiisoota irratti hiikuun keenya iskeelii jedhama. Giraafii sararaa yoo jennu aksiisoota (olee fi dalgee), mataduree, iskeelotaa, tuqaalee fi sararoota akka inni of keessatti qabatutti hubachisuu qabda.

- | | | | | |
|----|-----|---|----------|--------|
| 3. | II. | a. 6 | b. 1,000 | c. 500 |
| | | d. yeroo gara yerootti dabalaa deeme | | |
| | | e. Giraafii kennname irraa gatii gabatee armaan gadii ijaaruun ni danda'aama. | | |

Hanga qotiiyyoo	
Ji'a	Hanga Kg'n
Fulbaana	500
Onkololessa	600
Sadaasa	700
Mudde	800
Amajii	900
Gurraandhala	1,000

Madaallii

Barattonni Gocha 4.2 irratti hirmaachisuuun hojii isaanii gareen yookiin dhuunfaan madaali.

Chaartii paayii

Mata duree kana jalatti immoo giraafii akaakuu bira chaartii paayii jedhamu baratu. Giraafiin chaartii paayii jedhamu kun yeroo tokko tokko giraafii geengoo jedhama. Giraafii sararaa wajjiin garaagarummaa guddaa qabu. Waa'ee giraafii kanaa hubachuuf akka sigargaaruuf gocha armaan gadii hojjachisi.

Deebii Gocha 4.3

1. a. 50% gurmaacha'ee fi 50% hin gurmaachofne

- b. 75% gurraacha'ee fi 25% hin gurraachofne
 - c. 66.67% gurraacha'ee fi 33.33% hin gurraachofne
2. Ajaja kennname hordofuun raawwadhu.
3. Hojii yookiin gocha haala qabatamaa barataa irratti hunda'uu waan ta'eef akkaataa raawwii isaaniin deebii isaan kennan irratti hunda'uun sirreeffama barbaachisu kennufiin madaali.

Giraafiin geengoo odeeffannoo bifaa dhibbarraatiin ibsuuf gargaara. Geengoo guutuu fudhachuun piroopporshinii gareewwan mul'ifamuu qaban irratti hundaa'uun golboowwanitti quoduun mul'ifama. Giraafiin geengoo akkasii kun chaartii paayii jedhama. Chaartii paayiin daataa bifaa dhibbarraan mul'isa. Kanaafuu, gartokkeewwan garaagaraa waan guutuu tokkoo waliin madaalchisuuf gargaara.

Geengoon yookiin chaartiin paayii akka parsantii 100 bakka bu'u yookiin waan guutuu tokko jennee fudhanna. Gar-tokkeewwan qoodama geengoo kana keessatti hammataman piroopporshiniin isaanii waliitti 100% ta'u. Kana jechuun immoo karaa biraan waan guutuu tokkoo gareewwaaniif hiruu jechuudha. Chaartii paayii wanta hiraamu (geengoo) yoo ta'u golboowwan immoo gartokkeewwan qoodama geengoo bakka bu'u.

Chaartii paayii ijaaruuf gatii odeeffannoowwan lakkofsaan kennamanii mara walitti erga idaanee booda bakka gartokkee barbaadamu yookiin golboo gartokkee ta'e bakka bu'u argaachuuf immoo firaakshinii gartokkee kanaa 360°n baay'isuun kofa golboo barbaadamu argatta.


Madaalli

Barattoonni gocha 4.3 irratti hirmaachisuun hojii isaanii gareen yookiin dhuunfaan madaali.

Deebii Gilgaala 4.2

1. a. Siiqqee x wagga fi siiqqee y hangaaf fayyadami. Kana booda tuqaalee kitaaba barataa irratti kennname diriirroo-xy irratti mul'isuun sararaa dhaabbataan wal qabsiisi.
- b. Giraafii sararaa hanga barataa yeroo gara yerootti mul'isu.
- c. 7
- d. Bara 1991 – 1993 tti
- e. Bara 1995 – 1997 tti.
- f. Bara 1993 fi 1994
- g. 54
- h. 48

2.



- b. Daqiqaa 25 tti 52°C akka ta'utu tilmaama.
3. a. 36° b. 108° c. 72°
d. Chaartii paayii ijaari. e. 900
4. a. 40% quasaanna, 30% nyaata; 20% mana jirenyaa fi 10% geejjibaaf.
b. Chaartii paayii ijaari (odeeffanno kennname fayyadamuun).

4.3 GIDDU GALEESSA, MOODII, MIIDIYAANII FI REENJII DAATAA

Wayitilee: 5

Kaayyoo

Xumura barnoota golee kanaa booda, barattoonni:

- ⌚ tarmoota giddu galeessa, moodii, miidiyaanii fi reenjii daataa ni ibsu.
- ⌚ giddu galeessa daataa ni shallagu.
- ⌚ moodii daataa ni shallagu
- ⌚ miidiyaanii daataa ni shallagu.
- ⌚ reenjii daataa ni shaallagu.

Jechoota Ijoo: Giddu galeessa, Moodii, Miidiyaanii, Reenjii.

Seensa

Daataa irraa odeeffanno barbaachisaa ta'e argachuuf lakkofsa yookiin gatii daataa waliigalaa kan bakka bu'u shallaguun baay'ee barbaachisaadha. Gatiin daataa waliigalaa bakka bu'ee ergaa waa'ee daataa kanaa dabarsu safara gatii gidduu jedhama. Safarri gatii gidduu daataa beekamoon giddu galeessa, moodii fi miidiyaanii dha. Kanaaf, giddu

galeessa, moodii fi miidiyaanii daataa shallaguun waa'ee daataa kanaa hamma tokko odee effannoo barbaachisu argachuun ni danda'ama.

Safara gatii gidduutti fayyadamuun barbaachisaa yoo ta'e safara tamsa'ina daataa barbaaduu garaagarummaa daataa gidduu jiru beekuun ni danda'ama. Haata'u maalee sadarkaa kanatti safara tamsa'ina daataa keessaa tokko kan ta'e akkaataa reenjii daataa itti barbaaduu danda'an taasisi.

Yaadannoo Barsiisuuf Barbaachisu (Ka'uumsaaf)

Golee kana barsiisuuf gaaffii gidduu galeessa firii isaani kan semisteera ^{ffaa} 1 barbaadaa jedhuun eegaluu ni dandeessa. Achumaanis gocha 4.4 akka raawwaatan ajajuun raawwii isaanii hordofi. Akkamitti akka giddu galeessa firii isaanii argatan daree keessatti akka garee gareen ta'anii akka mariyatan gochuun gidduu deemuun gargaarsa barbaachisaa ta'e kenniif. Gocha 4.4 keessatti gaaffilee argamaan hunda isaa akka hojjetaan taasisi.

Deebii Gocha 4.4

1. a. Firii tokko tokkoo isaanii irratti hunda'a.
b. Akkamitti akka firiin giddu galeessaa argamuu danda'u irratti ibsa kenni.
2. a. 4 b. 4
c. 3, 3, 3, 4, **4**, 4, 4, 5, 6 kan walakkatti argamuu 4
d. $6 - 3 = 3$
3. a. 85.4
b. Qabxii olaanaan 95 fi gadaanaan 70. Kanaaf caalmaan isaanii 25 ta'a.
c. 85 d. 85

Giddu Galeessa:

Giddu-galeessi safara gatii gidduu keessaa tokko yommuu ta'u ida'ama laccoofsota tarreeffamanii baay'ina laccoofsota tarreeffamaniif hiruun shallagama.

$$\text{Kunis, Giddu galeessa} = \frac{\text{Ida'ama laccoofsota tarreeffamanii}}{\text{Baay'ina laccoofsota tarreeffaamanii}}$$

Midiyaanii Daataa:

Midiyaaniin daataa tartiiba dabalaan deemu ykn hir'achaa deemuun kenne me keessatti laccoofsa walakkaatti argamuu dha.

Yoo baay'inni miseensota daataa mangoo ta'e lakkofsi walakkaatti argamu midiyaanii ta'a.Yoo baay'inni miseensotaa lakkofsa guutuu ta'e immoo, ida'amni lakkofsota walakkaa lamaan walitti aananii 2'f hiruun miidiyaanii arganna.

Moodii Daataa:

Moodiin daataa kenname tokkoo ragaa isa hunda caalaa deddeebi'ee argamuu dha.Moodiinis safara giddu-galeessota daataa kenname tokkoo keessaa isa tokko.Daataan kenname tokko moodii tokkoo oli qabaachuu danda'a.Fakkeenyaaaf, gaaffii gosa barnoota kam irra caalaa jaallatta jedhuu barattoota daree keetii yoo gaafatte, moodiin isaa gosa barnootaa barataa baayy'een filatame ta'a.

Reenjii Daataa:

Reenjiin caalmaa lakkofsa guddaa fi lakkofsa xiqqa daataa kennamee ti.

Tooftaalee Madaallii

Barattoota gocha 4.4 irratti hirmaachisuun hojii isaanii gareen yookiin dhuunfan madaali.Hojii manaa fi hojii daree kennuufiin dabtara isaani ilaaluun madaali. Gilgaala 4.3 madaalli kanaaf fayyadamu ni dandeessa.

Deebii Gilgaala 4.3

1. a. $\frac{40 + 70 + 90 + 80 + 100}{5} = 76$
 - b. $\frac{100 + 130 + 110 + 120 + 140}{5} = 120$
 - c. $\frac{100 + 80 + 90 + 120 + 110}{5} = 100$
 - d. $\frac{90 + 80 + 100 + 90 + 100}{5} = 92$
 - e. $\frac{130 + 110 + 70 + 90 + 130}{5} = 106$
2. a. Giddu galeessa = 30.7
 - b. Reenjii = $35 - 25 = 10$
 - c. moodii = $32 = \text{Miidiyaanii}$
3. a. Hangi giddu galeessa = 4.125
 - b. Reenjii = $6 - 3 = 3$
 - c. Moodii = 3 fi Miidiyaanii = 4

4. a. BarataaI = 88 b. Barataa I = 16
 BarataaII = 70.62 Barataa II = 34
 BarataaIII = 87.6 Barataa III = 21
 c. Barataa I : Moodii hin qabu, Miidiyaanii 88.5
 BarataaII: Moodii hin qabu, Miidiyaanii 71
 Barataa III : Moodii hin qabu, Miidiyaanii 88.5
 d. Barataa I e. Barataa II
 f. Barataa I g. BarataaII

Deebii Gilgaala Keessa Deebii Boqonnaa 4^{ffaa}

1.

Xaafii kuntaalaan	12	13	14	15	11	5
Mallattoo taalii						
Lakkoofsa xaaifii kuntaalaan guyyaa tokko keessatti gurgurame	8	6	3	8	3	2

$$\text{Giddu galeessa} = \frac{12(8) + 13(6) + 14(3) + 15(8) + 11(3) + 5(2)}{30}$$

$$= \frac{96 + 78 + 42 + 120 + 33 + 10}{30} = 12.63$$

Moodii = 12 fi 15

Reenjii = 15 - 5 = 10

2.

Dirgo guyyaa	20	25	30	35	40
Mallattoo taalii					
Baayina namaa	3	6	4	4	3

$$\text{Giddu galeessa} = \frac{20(3) + (25)6 + 30(4) + 35(4) + 40(3)}{20}$$

$$= \frac{60 + 150 + 120 + 140 + 120}{20} = 29.5$$

Miidiyaanii = 30

Moodii = 25

Reenjii = $40 - 20 = 20$

5. a. kan dhiiraa = 170

kan dubaraa = 155

- b. Kan dhiiraa = 150

Kan dubaara = 130

- c. Dhiiraa = $170 - 150 = 20$

Dubaraa = $155 - 130 = 25$

- d. Hojjaa giddu galeessa dhiirootaaf

$$= \frac{150 + 160 + 165 + 155 + 160 + 170 + 165 + 155 + 156 + 165}{10} = 160.4$$

- e. Hojjaa giddu galeessa dubarootaf

$$= \frac{150 + 140 + 132 + 145 + 148 + 145 + 150 + 135 + 130 + 155}{10} = 143$$

- f. Barataa 4

- g. Barataa 6

- h. Miidiyaanii dhiirotaa = 160 Miidiyaanii dubaaroootaa = 145

Moodii dhiirotaa = 155, 160, 165 Moodii dubaaroootaa = 145, 150

6. a. Giddu galeessa

$$= \frac{33 + 40 + 42 + 37 + 51 + 56 + 61 + 63 + 65 + 70 + 72 + 74}{12} = 55.3$$

Miidiyaanii = 58.5 Moodii = hin qabu Reenjii = 41

- b. $\frac{85 + 86 + 85 + 80 + 80 + 77 + 75 + 71 + 65 + 60 + 58}{11} = 74.72$

Miidiyaanii = 77, Moodii = 80,85 Reenjii = 30

- c. $\frac{27 + 27 + 25 + 24 + 20 + 18 + 16 + 16 + 14 + 12 + 10 + 7}{12} = 18$

Miidiyaanii = 17, Moodii = 27 fi 16, Reenjii = 20

BOQONNAA



DANAALEE JI'OOOMEETIRII FI SAFARA

SEENSA

Boqonnaan kun kan xiyyeffatu beekumsaa fi dandeettii barattootni yaadrimee bu'uura danaalee ji'oomeetirii fi safara irratti qaban gara sadarkaa ol aanaatti guddisuu fi jabeessu dha. Boqonnaan kun mata dureewan saditti qoqqoodamuun dhiyaata. Isaanis: rog afreewan, rogbaay'ee akkasumas geengowwan, tiyooramoota rog sadeewwanii fi safaraa. Tokko tokkoon matadureewwaniis mata dureewan xixqaatti qoodamu. Mata duree safaraa jalatti naannawaa fi bal'ina rog-sadee, tiraappiziyemii fi paraaleelogiraamiitu ilaalamu. Akkasumas bal'ina dirraa fi qabee piriizimootaa fi siliindarootaas ni ilaalu.

Kaayyoo Boqonnaa Kanaa


Xumura barnoota boqonnaa kanaa booda, barattoonni:

- ⌚ *rog-afreewan kanneen akka firaappiziyemii fi paraaleelogiraamii addaan ni baasu, ni ijaaru, akkasumas amaloota isaanii ni ibsu.*
- ⌚ *garaagarummaa rog-baay'ee konveeksii jidduu jiru addaan ni baasu.*
- ⌚ *ida'ama safara digrii kofoota keessaa rog-baay'ee konveeksii ni himu.*
- ⌚ *naannawaa fi bal'ina rog-sadootaa fi tiraappiziyemotaa ni shallagu.*

Meeshaalee Deeggersa Barnootaa (Ka'umsaaf)


Kitaaba barataa fi qajeelcha barsiisaa irratti dabalataan meeshaalee armaan gadii akka barbaachisummaa isaanitti qopheessuu fi dareetti fiduun fayyadamuu ni dandeessa. Isaaniis: sarartoo, pirootiraaktara, kompaasota, qarabaa (murtuu), waraqaa yabbuu, chaartoota danaalee ji'oomeetirii gara garaa of irraa qaban, tuuta rogbaay'ee waraqaa tokko irratti fakkeessame, moodeelota danaa jaboo kan akka piriizimootaa fi siliindarootaa.

Fakkeenya tuuta rog baay'ee kan akka:



Danaa 5.1

Tuuta paraaleelogiraamii kan akka:



Danaa 5.2

Danaaleei jaboo kana akka piriizimootaa fi siliindarootaa ni barbaachisu.

5.1 ROG AFREEWWAN, ROG BAAY'EE FI GEENGOWWAN

Wayitilee 12

Kaayyoo

Xumura barnoota golee kanaa booda, barattoonni:

- ⌚ yaadrimee rog afree ni ibsu akkasumas qaamoota isaa addaan ni baasu.
- ⌚ tiraapiziyeemii safaroonni qaamooleen isaa kennname ni ijaaru.
- ⌚ amaloota tiraappiziyeemii ni ibsu.
- ⌚ yaad-riimee paraaleelogiraamii ni ibsu.
- ⌚ paraaleelogiraamii daayimeenshinootni isaa kennname tokko ni ijaaru.
- ⌚ amaloota paraaleelogiraamii ni ibsu.

- ⌚ *reektaangiloota, iskuweerotaa fi roombasoota ni ijaaru.*
- ⌚ *amaloota rektaangilii ni ibsu.*
- ⌚ *amaloota iskuweerii ni ibsu.*
- ⌚ *amaloota roombasii ni ibsu.*
- ⌚ *hariiroo paraaleelogiraamii, roombasii fi reektaangilii gidduu jiru addaan ni baasu.*

Jechoota Ijoo: Saarbiwwan Rog-afree, Kofootaa keessaa Rog -afree, Rogoota Maddii rog-afree, Rogoota fullee rog-afree, Tiraappiziyeemii, Paraaleeloogiramii, Rektaangilii, Roombasii, Iskuweerii, rog-baay'ee, Rog-baay'ee konkeevii, rog-baay'ee konveeksii, Geengoo, Radiyeesii, Diyaameetrii, Koordii geengoo, Golboo geengoo.

Seensa

Golee kana keessatti yaadrimee rog-afreewan, rog baay'otaa fi geengowan waliin barattoonni siritti wal baruu qabu. Goleen kun mata dureewan saditti qoqqoodame. Mata dureen jalqabaa waa'ee rog afreewaniti. Mata duree kana jalatti akkataa tiraappiziyeemii, paraaleelogiraamii fi rog-afreewan adda ta'an ijaaru danda'an fi amaloota isaani baratu. Mata dureen lammaffa immoo waa'ee rog-baay'ota ti. As keessatti immoo rog-baay'ee konveeksii fi rog-baay'ee konkeevii gidduu garaagarummaa jiru adda baasuu fi rog-baay'ota baay'ina rogoota isaanii irratti hundaa'uun qoqqooduu irratti xiyyeffachuun hubannoo ga'aa ta'e argatu. Mata dureen inni sadaffaan waa'ee geengowaniti. Mata duree kana jalatti geengoo ni hiiku akkasumas handhura, raadiyesii, diyaameetirii, koordii fi golboo geengoo addaan baasuun ni ibsu.

Yaadannoo Barsiisuuf Barbaachisu (Ka'uumsaaf)


Goleen waa'ee rog-afreewan, rog baay'otaa fi geengowan kun mata dureewan adda addaa of keessaa qaba. Tokko tokkoon mata dureewanii gocha, danaa fi hiikoo irratti hundaa'uun ibsamu. Akkaataa mata dureewan itti dhiyaatan akka armaan gadiiti.

5.1.1 Rog afree

Mata duree kana gaaffii afaanii waa'ee hiikoo rog-afree, tiraappiziyeemii fi qaamoota isaanii addaan baasu gaafachuun eegaluu ni dandessa. Gaaffii kanas akka deebisanif barattoota qajeelchuu fi jajjabeessuu qabda. Xumura irrattis ibsa kennun akka isaan yaadrimee rog-afree irra ga'an godhi. Kana booda gocha 5.1 tti darbuun barattoonni daqiqa 10 fudhachuun akka hojjetan taasisi. Xumura irratti deebi isaani irratti mariisisi, yaada irratti laadhu akkasumas deebii sirrii ta'e kenniif.

Deebii Gocha 5.1

- A. 1. 4
2. \overline{AB} , \overline{BC} , \overline{CD} , fi \overline{DA}
3. a. ABCD yookiin BCDA yookiin CDAB yookiin DABC
b. Rog afree
4. $\angle A$, $\angle B$, $\angle C$, fi $\angle D$
5. \overline{AB} fi \overline{DC} , \overline{BC} fi \overline{AD}
6. \overline{DA} fi \overline{AB} , \overline{AB} fi \overline{BC} , \overline{BC} fi \overline{CD} , \overline{CD} fi \overline{DA}
7. \overline{DB} fi \overline{AC} ijaari \overline{AC} fi \overline{DB}
- 8 Tiraappiziyeemii
- B. 1. Danaa cufaa salpha roga afur qabu.
2. Sararoota dhaabbataa rog afree uuman
3. Rogoota varteeksii waliin qaban
4. Rogoota varteeksii waliin hin qabne.
5. Sarara dhaabbataa varteeksota walitti hin aanne walqabsiisu.
6. Danaa rog afree ijaaruun akka isaan kofoota keessa mul'isan taasisi.
- C. a. Kitaaba barataa irra ilaali.
- b. i. \overline{AB} fi \overline{DC} 'n hundeeawan
ii. \overline{AD} fi \overline{BC} 'n miillota.
iii. \overline{DE} 'n olee yookiin-irroo dha.



A. Ijaarsaa fi Amaloota Tiraappiziyeemii

Mata duree kana barsiisuu eegaluf meeshaalee armaan gadii qopheeffadhu.

Sarartoo, pirootiraaktara, fi kompaasota.

Jalqaba barattoonni akka yaadrimee ijoo ta'e waa'ee ijaarsa danaalee irratti kan barataan yaadatan taasisi. Tokko tokkoo isaanifiif carraa kennuufiin akka himan gochuun deebii isaanii gabatee gurraacha irratti barreessi. Kana booda barattootni tiraappiziyeemii safaroonni qaamolee isaa kennname akka ijaaran qajeelchi akkasumas jajjabeessi.

Gocha 5.2 tiraappiziyeemii ijaaruu fi qaamoota isaa addaan baasuf waan gargaaruuf barattoonni akka shaakalan ajajuudhaan raawwii isaanii hordofi.

Deebii Gocha 5.2

1. a.




b.




c. Rog afreen uumame tiraappiziyeemii dha.


2. a.




b.



C.



d fi e



f. Eeyyee, PQRS'n tiraappiziyeemii barbaadamudha

3. Rogooni waltarree hundeeawan tiraappiziyeemiiti.

- Rogooni waltarree hin ta'iin immoo miiloota tiraappiziyeemiiti.
- Faggeenyi parpandikulaarii miilota gidduu iirroo yookiin olee tiraappiziyeemiiti.

Tooftaalee madaallii

Yeroo hunda dandeettiwwan dhuma mata duree barsiiftetti dirqama barataan gonfachuu qabu irratti xiyyeffadhu. Sadarkaa hubannoo isaanii mirkanoeffachuuf tooftaalee madaallii garagaraa fayyadamuun ni dandeessa.

Gaaffiilee afaanii, hojii garee, gocha daree, battallee, hojii manaa fi abbaltii fayyadamuun dandeettii isaanii madaaluu ni dandeessa.

Deebii Gilgaala 5.1

1. a. Dhugaa

b. Dhugaa

c. Soba

d. Dhugaa

e. Soba


f. Soba

g. Soba


h. Dhugaa

i. Dhugaa


2. Lama
3. 60° fi 30°
4. $70^\circ, 110^\circ$ fi 110°
5. i. Sarara dhaabbataa $EF = 6 \text{ cm}$ ijaari



- ii. Kofoota $m(\angle E) = 60^\circ$ fi $m(\angle F) = 55^\circ$, akkasumaas $FG = 3 \text{ cm}$ ijaari.



- iii. H fi G, walitti qaabsisi. Kanaaf EFGH'n tiraappiziyeemii barbaadamuu dha.



6. Gaffii 5^{ffaa} waliin wal fakkaata.

B. Ijaarsa fi Amaloota paraaleelogiraamii


Mataduree kana, barattooni jecha paraaleelogiraamii jedhu akka ibsan gochuun jalqabuu dandeessa. Kana booda deebii isaanii waan fedhe iyyuu haa ta'u gabatee gurraacha irratti barreessi. Yaalii isaanii irratti hundaa'uun ibsa fi sirreffama barbaachisu deebii kenname irratti kenni. Itti dabaluunis barattooni akka paraleelogiraamii daayimeenshinoonni isaa kenname ijaaraniif jajjabeessuun karaa irra buusi.

Deebii Gocha 5.3


1. Yoo ida'amni kofoota keessaa isaa 180° ta'e dha.
2. Paraleelogiraamiif hiika kennamee kitaaba barataa irraa ilaali.
- 3.




b.



c.



d.




- e. Eeyyee, DEFG'n paraleelogiraamii barbaadamuu dha.
- f. i. Walitti galoo dha ii. Walitti galoo dha
 iii. Kofoota hirkoo
 iv. Tuqaa walakteessaarratti waltuqaa walakteessaarratti
 walqaxxaamuru.

Tooftaalee madaallii


Sadarkaa hubannoo isaanii madaaluuf gaaffilee gilgaala 5.2 jalatti argaman akka hojii manaa yookiin abbaltiitti kennuufiin raawwii hojii isaanii madaali.

Deebii Gilgaala 5.2


1. 115° fi 65°
2. 6 cm
3. 8 cm
4. 110°
5. $66^\circ, 66^\circ, 114^\circ, 114^\circ$
6. 31 ramaddii
7. **Tarkanfi 1:** Sarara AB kan $AB = 8 \text{ cm}$ ta'e ijaari



Tarkanfi 2: Kofa tuqaa A tti 70° ta'u ijaari




Tarkanfi 3: Kompaasota tuqaa A irraa ka'uun fi raadiyesii 5 cm fudhachuun golboo sarara gara olii tuqaa D irratti kutu ijaari.




Tarkanfi 4: Tuqaa D, keessa kan darbuu sarara wal-tarree \overline{AB} ta'e ijaari innis

$$\angle D = 110^\circ \text{ ta'u.}$$



Tarkanfi 5: Tuqaa D irraa ka'uun fi raadiyesii 8 cm fudhachuun golboo sarara tarkaanfi 4 irratti ijaarte tuqaa C irratti kutu kaasi. B fi C walitti qaabsisi. Kanaaf ABCD'n paraleelogiramii barbaadamu dha.



C. Ijaarsaa fi Amaloota paraleelogiraamota Addaa

Mata duree kana barsiisuu jalqabuuf barattoonni gaaffilee armaan gadii akka hojjataaniif gabatee gurraachaa irratti barreessiif.

1. Rog-afreewan isaan kamtu paraleelogiraamota addaati?
2. Kiitin maalii?
3. Iskuweerii jechuun maal jechuudha?
4. Roombasiin maalii?
5. Hariiroo akkamiitu gidduu isaanii jiraa?

Barattoonni deebii gaaffilee armaan olii irratti akka wal-falman taasisi. Gaaffilee afaanii irratti dabaluun akka isaan gocha 5.4 fi hojii garee 5.1 kitaaba barataa irratti kennname hojjatan taasisi. Yeroo barattoonni gaaffilee gocha 5.4 fi hojii garee 5.1 hojjatan keessa deemuun raawwii isaanii hordofuun deeggersa barbaachisaa ta'es kenniif. Xumura irrattis hojii isaanii jajuu fi deebii sirrii ta'e kenuufi hin dagatiin.

Deebii Gocha 5.4


1. Rektaangiliin paraleelogiraamii kofti isaa tokko kofa sirrii ta'e dha.
2. Eeyyee
3. Iskuweeriin rektaangilii rogoonni maddi lama walitti galoo ta'anii dha.
4. Rektaangilii ABCD ijaaruuf tarkanfilee armaan gadii hordofi.
 - a. Sarara AB kan $AB = 6 \text{ cm}$ ta'e ijaari.
 - b. Sarara AB fi sararoota tuqaa A fi B keessa darbuun parpeendiikulaarii ta'uf ijaari.
 - c. Kompaasota tuqaa A irra ka'uun fageenya 4 cm sarara irratti golboo tuqaa D irratti kutu ijaari.
 - d. Sarara dhaabbataa wal-tarree fi walitti galoo \overline{AB} ta'e tuqaa D keessa dabarsuun ijaari. Sarara kana irraas tuqaa C akka $BC = 4 \text{ cm}$ ta'u ijaari.

Kanaaf, ABCD'n rektaangilii barbaadamudha.


5. Roombasii PQRS kan $PQ = 4 \text{ cm}$ fi $m(\angle P) = 85^\circ$ ta'e ijaaru.

Tarkaanfilee:


1. Sarara AB kan $PQ = 4 \text{ cm}$ ta'e ijaari.




2. Kofoota s($\angle P$) = 85° fis ($\angle Q$) = 95° , Maaliif?



3. Tuqaa R akka QR = 4 cm ta'u tti ijaari, Maaliif ?




4. s ($\angle QRS$) = 85° ijaari.



Deebii Hojii Garee 5.1

1. a. Iskuweerii roombasiidha garuu rombasiin iskuweerii miti.
b. Rektangiliin iskuweerii miti garuu iskuweeriin rektangiliidha.
c. Rektaangiliin roombasii ta'u hin danda'u akkasumas rombosiiin reektangiliit ta'u hin danda'u.
d. Roombasiin kiiti ta'u hin danda'u akkasumass kiitiin roombasii ta'u hin danda'u.
e. Rektangiliin paraleelogiraamiidha garuu paraleelogiraamiin rektangiliit miti.
2. a. Walitti galoodha.
b. Qixxeetti wal hiru akkasumas walii isaaniif parpandikulaarii dha.
c. Walitti galoodha, qixxeetti wal hiru akkasumas walii isaaniif parpandiikulaarii dha.
d. Walitti galoo dha.

3. a. Rombasii, reektangilii, fi iskuweerii
 b. Tiraappiziyeemii, kiiti
 4.



Tooftaalee Madaallii

Hubannoo barattoota gilgaalota adda addaa akka hojjataniif kenuun raawwii hojii isaanii madaaluu ni dandeessa. Deebii isaaniis daree keessatti ibsuu fi sirreffama barbaachisu kenuufin gaarii ta'a.

Deebii Gilgaala 5.3

1. a. $x = 2$ b. $\overline{AC} = 10$, $\overline{BD} = 10$,

Hubadhu: Gaaffii 1^{ffaa}f yaada “saarbiwwan rektaangilii walitti galoo dha” jedhu fayyadamta.

2. $x = 6$, $y = 2$
 3. $x = 20$ ta'a. Kanaaf, $\overline{AB} = \overline{DC} = \overline{BC}$ ta'u. Kanaafuu ABCD'n rombasii dha.
 4. a. Soba b. Soba c. Soba d. Soba
 e. Soba f. Dhugaa g. Dhugaa h. Soba
 i. Dhugaa j. Dhugaa


Hubadhu: Gaaffileen 5^{ffaa} fi 6^{ffaan} gocha 5.4 jalaa 4^{ffaa}fi 5^{ffaa} waliin waan walfakkaatuuf haaluma tokkoon deebii isaa kenni.

7. Iskuweerii ABCD kan $\overline{AC} = 6$ cm ta'e ijaaruuf:

Tarkaanfilee:

1. Saarbii $\overline{AC} = 6$ cm ijaari.
2. Sarara parpandikulaarii ta'uun saarbii \overline{AC} tuqaa O irratti bakka walqixatti kutu ijaari.
3. Tuqaa ‘O’ akka handhura, fi \overline{OA} yookiin \overline{OC} immoo akka radiyeesiitti fudhachuun golboo saarara sarbii \overline{AC} tti parpandikulaarii ta'e tuqaalee B fi D irratti kutu ijaari.

4. A fi D, D fi C, C fi B akkasumas B fi A walqabsiisi. (Danaa armaan gadii ilaali)
5. ABCD'n iskuweerii barbaadamuu dha.




5.1.2 Rog-baay'ota


Barnoota herregaa kutaa gadii fi mataduree darbe boqonnaa kana keessatti roga frewwan adda addaa kan akka tiraappiziyeemii, paraleelogiraamii, rombasii, rektaangili, iskuweerii fi w.k.f. ilaachisee barattoonni hubannoo ga'aa akka argatantu abdatama. Mata duree kana gaafffilee akka danaa salphaa cufamaa jechuun maal jechuudha? Danaa salphaa cufamaa sararoota dhaabbataa irraa ijaarame jechuun maal jechuudha? “gaafachuun jalqabuu ni dandeessa. Yaadrim ee kana ibsuu danda’uu isaanii erga mirkaneeffattee booda gocha 5.5 kitaaba barataa keessatti kennname akka hojjetan taasisi. Gochi kun barattoonni rog-baay’eef hiikoo kennuu akka danda’an fi garaagarummaa rog-baay’ota konveeksii fi konkeevii gidduu jiru addaan baasuuf gargaara. Xumura irrattis hiikoo 5.6 kitaaba barataa irra jiru kenniif.

Deebii Gocha 5.5


1. Danaa salphaa cufamaa sararoota dhaabbataa sadii yookiin sadii oliin uumamu rog-baay’ee jedhama.
2. Rog-baay’ee
3. Geengoo
4. a



(i)




(ii)



(iii)

- b. Rog-baay’ee konveeksii

5. a.



b. Rog-baay'ee konkeevii

Tooftaalee Madaallii

Gosoota rog-baay'otaa fi danaa isaanii ijaaruu irratti gilgaalota adda addaa kenuufiin raawwii isaanii hordofi.

Deebii Gilgaala 5.4

- | | | | | |
|-----------------|--------------|----------------------------|--|--|
| 1. Rog-sadee | | | | |
| 2. a. Konkeevii | b. Konkeevii | | | |
| c. Konveeksii | d. Konkeevii | | | |
| 3. d | 4. c | 5. Dodekagon (Rog-dodekka) | | |


5.1.3 Geengoowwan

Mata duree kana gocha 5.6 kitaaba barataa irratti argamu akka hojjetan taasisuun jalqabuu ni dandeessa. Gaaffilee gocha kana jala jiran akka hojjetanii fi irratti mari'ataniif daqiqaa 15 kenniif. Akka isaan handhura, raadiyesii, diyaameetirii, koordii fi golboo geengoo addaan baasaniif jajjabeessi akkasumas qajeelchi.

Deebii Gocha 5.6

1. Tuqaalee tuqaa murta'aa ta'e 'O' irraa fageenya walqixa ta'e qaban jechuu dha.

2.



3. c. Handhura O irra fageenya walqixa ta'e qabu.
d. Raadiyesota geengoo
f. Koordii geengoo

- g. Diyaameetirii geengoo
- h. $\overline{AD} = 2AO$ yookiin $AO = \frac{1}{2} \overline{AD}$
- i. Golboo geengoo
4. a. Tuqaa 'O' murta'aa kan tuqaaleen geengoo irra jiran walqixa irraa fagaatan.
- b. Sarara dhaabbataa kan handhuuraa fi tuqaa geengoo irraa [kamiin iyyuu] wal quunamsiisu.
- c. Sarara dhaabbataa tuqaalee lamaan geengoo irra jiran walquunamsiisu.
- d. Koordii handhuura geengoo keessa darbu.
- e. Tuuta tuqaalee tuqaa lamaan geengoo irra jiran gidduu jiru hunda yookiin qaama naannoo geengooti.

Gaaffilee gocha 5.6 jalatti kennaman erga hojjachifte booda akka isaan hariiroowwan raadiyeesii, diyaameetirii fi koordii geengoo gidduu jiru irratti mari'atan taasisi. Hubannoo isaanii jabeessuf gilgaala 5.5 kitaaba barataa keessa jiru akka hojii manaatti kenniif.

Tooftaalee Madaallii

Hubannoo barattootaa madaaluuf gaaffilee akka dhugaa yookiin soba, filannoo, hojiin agarsiisii fi gilgaalota shaakala, abbaltii yookiin hojii garee kennuufiin hojii isaanii sirreessif.

Deebii Gilgaala 5.5

- | | | | |
|--------------|-----------|-----------|-----------|
| 1. a. Dhugaa | b. Dhugaa | c. Soba | d. Dhugaa |
| e. Dhugaa | f. Dhugaa | g. Dhugaa | |
2. b. Diyaameetirii
- c. Hin danda'aamu, sababni isaas koordiin guddichi diyaameetirii waan ta'eef.

5.2 TIYOORAMOOTA ROGSADEEWANII

(wayitilee 11)

Kaayyoo

Xumura barnoota golee kanaa booda, barattoonni:

- ⌚ tiyooramii waa 'ee ida'ama kofoota keessoo rogsadee ni himu.
- ⌚ ida'amni safara kofoota keessaa rog sadee 180° ta'uu isaa ni mirkaneessu.
- ⌚ tiyooramii ida'ama kofoota keessaa rog-sadee fayyadamanii piroobileemota tiyooramii kannaan wal qabatan ni furu.

- ⌚ hariiroo gidduu kofa alaa fi kofoota keessaa lamaan rog-sadee jiru ni ibsu.
- ⌚ kofti alaa rog-sadee kennamee ida'ama kofoota lamaan keessaa ta'uu ni mirkaneessu.
- ⌚ tiyooramii kofa alaa rog-sadee fayyadamanii pirobileemota tiyoramii kanaan wal qabatan ni furu.
- ⌚ foormulla ida'ama kofoota keessaa rog-baay'ee konveeksii rogoota "n" qabuu ni uumu.
- ⌚ foormulla ida'ama kofoota keessaa rog-baay'ee konveeksii rogoota "n" qabanitti fayyadamuun pirobileemoota walfakkatoo ta'an ni furu.

Jechoota Ijoo: Kofa, Rogsadee, Kofa keessaa, Kofa alaa, Kofa qajeelaa, Varteeksii, Rog-baay'ee konkeevii.

Seensa

Goleen kun kan irratti xiyyeffatu barattooni safarri ida'ama kofoota keessoo rog-sadee kamiituu 180° akka ta'e hubachiisuu dha. Goleen kun mata dureewwan saditti qodamuun dhiyaata. Mata dureen jalqabaa waa'ee ida'ama safara kofoota keessoo rogsadee ti. Mata duree kana jalatti tiyooramii ida'ama safara keessoo rogsadee eerun mirkaneessita. Mata dureen inni lammaffaa immoo waa'ee kofa alaa rog-sadeeti. Mata duree kana jalatti immoo tiyooramii kofa alaa rog-sadee himuun barattooni akka mirkaneessaniif haala mijeessitaaf. Inni sadaffaan waa'ee ida'ama kofoota keessaa rog-baay'ee konveeksii rogoota 'n' qabuu irratti xiyyeffata.

Yaadannoo Barsiisuuf Barbaachisu (Ka'uumsaaf)

Goleen kun waa'ee tiyooramoota rogsadeewwanii kan ilaallatu yoo ta'u mata dureewwan hedduu of jalatti qaba. Tokko tokkoon mata dureewwanii hojii garee, gochaalee, tiyooramoota fi fakkeenyota garagaraa fayyadamuun dhiyaatu.

5.2.1 Ida'ama safara kofoota keessaa rog-sadee

Mata duree kana eegaluuf dura barattoota garee miseensota afur-afur qabu uumi. Kana booda akka isaan rog sadeewwan garaagaraa fakkan taasisi.

Meeshaalee barbaachisan: Qarbaa, kilaaseera, sarartoo. Kaayyoon gocha kanaa barattooni akka ida'amni safara kofoota keessaa rog-sadee 180° ta'u agarsiisaniif haala mijeessuudha. Kanas hojii garee 5.2 kitaaba barataa irratti kennname fayyadamuun raawwadhu.

Deebii Hojii Garee 5.2

1. d. 180° e. 180° f. 180°

Deebii Gocha 5.7

1. Eeyyee walitti galoodha.
2. Sarara tokko qofa

Erga hojii garee 5.2 fi gocha 5.7 hojjechiifte booda akka isaan waliin mariatanii fi tiyooramii ida'ama kofoota rog-sadee fayyadamanii gilgaala adda addaa hojjetan jajjabeessi.

Tooftaalee Madaallii

Barattooni gareen tiyooramii ida'ama kofoota rog-sadee akka mirkaneessan gochuun hojii isaanii sirreessuu fi madaaluu.

Deebii Gilgaala 5.6

1. $75^\circ, 21^\circ, 84^\circ$
2. $40^\circ, 60^\circ, 80^\circ$
3. Rog-sadee kofa sirrii
4. a. 25° b. 20°
5. $x = 40^\circ, y = 60^\circ, z = 80^\circ$
6. $18^\circ, 72^\circ, 90^\circ$
7. $50^\circ, 50^\circ, 80^\circ$
8. a. $5x - 20$ b. 40° c. rog-sadee aysoosilasii

5.2.2 Kofa alaa rog-sadee

Mata duree kana gocha 5.8 fayyadamtee eegaluu ni dandeessa. Barattooni akka gaaffilee gocha kana jala jiru hojjataniif gargaaruu fi qajeelchuu qabda. Gochi kun barattooni hubannoo ga'aa hariiroo kofa keessaa fi alaa rog-sadee irratti akka qabataniif gargaara.

Deebii Gocha 5.8

1. a. a, b fi c b. d, e fi f c. 180°
d. lama e. 360°
2. a. Dhugaa b. Dhugaa
c. Dhugaa d. Dhugaa
3. a. Rogoota rog-sadee varteksoota irraan guddisuun kofoonni rogoota maddi isaanitti argamaan waliin uumaman kofoota alaa rog-sadee jedhama.
b. Haaluma 'a' waliin wal fakkata.

Gocha 5.8 erga hojjetanii booda akka tiyooramii kofa alaa rog-sadee akka himanii fi mirkaneessuu yaalan taasisi. Akkasumas tiyooramii kofa alaa rog-sadee fayyadamanii piroobileemota tiyooramii kanaan wal qabatan akka furaniif qajeelchi.

Tooftaalee madaallii

Gilgaalota adda addaa kan akka gilgaala 5.7 kitaaba barataa irra jiru kenuun hojii isaanii madaaluun ni danda'ama. Akkasumas, hojii manaa, hojii daree fi gochoota adda addaa kenuun raawwii isaanii hordofuus ni dandeessa.

Deebii Gilgaala 5.7


- | | | | | |
|----|----------------|----------------|-----------------------|---------------|
| 1. | 10 | 2. | 25° | |
| 3. | a. $x = 18$ | b. | Rog-sadee kofa sirrii | |
| 4. | 70° | | | |
| 5. | a. 100° | b. 130° | c. 150° | d. 20° |
| 6. | a. 20° | b. 100° | c. 140° | d. 90° |

5.2.3 Ida'ama kofoota keessaa rog-baay'ee

Mata duree kana rog-baay'ee kamiyyuu kan baay'inni rogoota isaa sadii ol ta'e gabatee gurraachaa irratti fakkuun (kaasuun) eegali.

Fakkeenyaaaf, rog-afree armaan gadii gabatee gurraacha irratti fakki.

\overline{AC} 'n saarbii rog-afree kanaati.



\overline{AC} 'n rogafree kana rogsadeewwan lamatti addaan hire. Ida'amni kofoota tokkoon tokkoo rogsadeewwan uumamanii 180° waan ta'uuf ida'amni kofoota keessaa rog-afree kana $2 \times 180^\circ$ ta'a. Haaluma kanaan itti fufuun rogbay'ota rogoota shanii fi jaha qaban fudhachuun erga yaada isaa qabsiifte booda barattooni yaada walii gala ida'amni safara kofoota keessaa rog-baay'ee konveeksii rogoota "n" qabu kamiyyuu $(n - 2) \times 180^\circ$ ta'u akka uuman yookiin irra gahan qajeelchi.

Deebii Gocha 5.9

- | | | | |
|----|----------|----------|-------------------------------------|
| 1. | a. Tokko | b. Lama | c. $2 \times 180^\circ = 360^\circ$ |
| 2. | a. Lama | b. Sadii | c. $3 \times 180^\circ = 540^\circ$ |
| 3. | a. Sadii | b. afur | c. $4 \times 180^\circ = 720^\circ$ |

Tooftalee Madaallii

Marii garee keessatti yaada barattootaa madaaluu, gaafii afaanii adda addaa gaafachuun raawwii isaanii madaaluu. Gilgaala 5.8 fayyadamuu ni dandeessa.

Deebii Gilgaala 5.8

1. a. 1080° b. 1800° c. 2340° d. 3240°
2. 120°
3. a. 10 b. 24 c. 12 d. 17
4. a. 4 b. 6 c. 12 d. 8
5. 80°, 160°, 110°, 70°, 120°
6. a. Saarbii hin qabu b. 7 c. 97 d. n – 3
7. 65°, 90°, 95°, 110°
8. 20°, 120°, 140°, 80°
9. Hin ta'u
10. 96.66, 96.66, 99.66

5.3 SAFARA

Wayitiilee 17

Kaayyoo

Xumura golee kana booda, barattoonni:

- ⌚ foormulaa bal'ina rog-sadee ni uumu.
- ⌚ foormulaa bal'ina rog-sadee ni himu ittis fayyadamanii bal'ina rog-sadee ni shallagu.
- ⌚ formulaa bal'ina rog sadeetti fayyadamanii piroobileemota jiruu fi jireenyaa wal qabatan ni furu.
- ⌚ naannawa tiraappiziyeemii ni shallagu.
- ⌚ foormulla bal'ina tiraappiziyeemii ni uumu.
- ⌚ bal'ina tiraappiziyeemii ni barbaadu.
- ⌚ naannawa paraleelogiraamii ni shallagu.
- ⌚ foormulla bal'ina paraleelogiraamii ni uumu.
- ⌚ bal'ina paraleelogiraamii ni shallaguu.
- ⌚ naannawa geengoo kennamee ni shallagu.
- ⌚ gahee nannawa fi diyaameetrii geengoo kenname giddu jiru ni shallagu.
- ⌚ lakkofsa π akka dhaabgiteessa piropporshinaalummaatti ni ibsu.

- ⌚ foormulla bal'ina geengoo ni murteessu.
- ⌚ foormulla bal'ina dirra piriizimii ni himu.
- ⌚ foormullaatti fayyadamanii bal'ina dirra piriizimii ni shallagu.
- ⌚ moodeelii piriizimii qajeelaa ni hojjetu.
- ⌚ foormulla bal'ina dirraa siliindarii ni himu.
- ⌚ foormullaatti fayyadamanii bal'ina dirra siliindarii ni shallagu.
- ⌚ moodeelii siliindarii ni hojjatu.
- ⌚ foormulla qabee piriizimootaa ni himu.
- ⌚ qabee piriizimootaa ni shallagu.
- ⌚ foormulla qabee siliindarootaa ni himu.
- ⌚ qabee siliindarootaa ni shallagu.

Jechoota Ijoo: Bal'ina, Marsaa, Bal'ina fuula cinaachaa, Bal'ina dirra, Piriizimii, Siliindarii, Piriizimii sirrii, Qabee.

Meeshaalee Deeggersa Barnootaa

Sarartoo, Pirootiraaktra, Kompaasota, Qarabaa, Moodeeloota Piriizimootaa fi Siliindarootaa.

Seensa

Goleen kun kan irratti xiyyeffatu yaadrimeewan barattooni kanaan dura barataan tokko tokkoo irratti hunda'uun naannawaa, bal'inaa fi qabee danaalee adda addaa hedduminaan mala aljeebiraa fayyadamuun shallaguu dha.


Goleen kun mata dureewwan torbatti hiramuun dhiyaata. Isaanis bal'ina rog-sadee, naannawaa fi bal'ina tiraappiziyeemii fi paraleelogiraamii naannawaa geengoo, bal'ina geengoo, bal'ina dirra piriizimootaa fi siliindarootaa akkasumas qabee piriizimootaa fi siliindarootaa. Tokko tokkoo mata dureewwan kana jalatti barattooni foormulla akka uumani fi itti fayyadaman gargaaruutu sirraa eegama.

Yaadannoo Barsiisuuf Barbaachisu (Ka'uumsaaf)

Golee kana keessatti barattooni waa'ee bal'ina rog-sadee, naannawaa fi bal'ina tiraappiziyeemii fi paraleelogiraamii, naannawaa geengoo fi bal'ina geengoo fi bal'ina dirra fi qabee piriizimootaa fi siliindarootaa irratti mariyaachuun ibsa waligalaa tokko tokkoo mata dureef kenu qabu. Yaadrimee safara kana irratti barattoota kakaasuuf, gaaffilee armaan gadii gaafachuun eegaluu ni dandeessa.

Naannawaa

Mee lafa qonna boca tiraappiziyeemii qabu qabda haajennu. Lafa qonna kana akka hooriin hin seeneef dalla itti gochuuf dheerina lafa kana karaa hundaa itti naanna'uun kan safaaartu naannawaa lafa qonna kana yoo jedhamu hamma dallaa barbaachisu beekuf gargaara.




Danaa lafa kennae kanaaf akka naannawaa barbaadan gaafadhu!

Bal'ina

Mee lafa qonna akka danaa armaan gadiitti kennae qabda haajennu.

Yoo xaa'oo lafa kanaaf ga'u beekuu barbaadde bal'insa lafa kanaan qabame beekuu qabda. Bal'insi kunis bal'ina jedhama.


Bal'inni lafa qonna kanaa meeqa?



Qabee

Danaalee armaan gadii keessa kamtu dandeetti waa qabachuu guddaa qaba?

Qabee jechuun maal akka ta'e gaafadhu!



Yaadrimee naannawaa, bal'ina fi qabee naannoo isaani keessa ogeessooni jiraatan akkamitti akka itti fayyadamuu danda'aan akka ibsaniif gaafachuun hojii irra oolma yaadrimeewwan kana hubachiisuuf gargaara.

5.3.1 Bal'ina rog-sadee

Barattoonni yaad-rimee bal'ina rog-sadee kofa sirrii, rektaangilii fi iskuweerii kanaan duraa kutaa 6^{ffaa} keessatti barataan keessa akka deebi'aniif haala mijessuufii qabda. Kanaaf, barattooa garee gareen ijaaruun gocha 5.10 akka hujjetan gochuun raawwii hojii isaanii hordofuu dandeessa. Gochi kuniis barattoonni foormullaa bal'ina rog-sadee ittiin barbaaduu yookiin shallaguu danda'an akka uumaniif gargaara.

Deebii Gocha 5.10

1. a. Bal'ina walqixaa qabu
 b. Bal'inni rog-sadee = $b \times h$
 $= 10 \text{ cm} \times 8 \text{ cm}$
 $= 80 \text{ cm}^2$
- $$\text{Bal'inni rog-sadee PSR} = \frac{1}{2} \times 80 \text{ cm}^2 = 40 \text{ cm}^2$$
- c. $A = \frac{1}{2} bh$
2. a. $a(\Delta \text{APS}) = a(\Delta \text{ABS}) \text{ fi } a(\Delta \text{ABR}) = a(\Delta \text{AQR})$
 b. $\frac{1}{2}$
 c. Dheerina walqixa qabu
 d. $10 \text{ cm} \times 8 \text{ cm} = 80 \text{ cm}^2$
 e. $\frac{1}{2} \times 80 \text{ cm}^2 = 40 \text{ cm}^2$
 f. $a(\Delta \text{ARS}) = \frac{1}{2} \times b \times h$
3. a. $a(\Delta \text{PRS}) = \frac{1}{2} \times 10 \text{ cm} \times 8 \text{ cm} = 40 \text{ cm}^2$
 $a(\Delta \text{PTS}) = \frac{1}{2} \times 4 \text{ cm} \times 8 \text{ cm} = 16 \text{ cm}^2$
 b. $a(\Delta \text{PRT}) = a(\Delta \text{PRS}) - a(\Delta \text{PTS}) = 40 \text{ cm}^2 - 16 \text{ cm}^2 = 24 \text{ cm}^2$
 c. Eeyyee
4. $A = \frac{1}{2} bh$

Bal'inni rog sadee kamiyyuu foormullaa tokkoon shallagamu akka danda'u hubaachuu barattoota mirkanoeffaachuu qabda. Kana booda gilgaala 5.9 akka hojii daree fi hojii manaatti kennuufiin raawwii hojii isaanii hordofi.

Deebii Gilgaala 5.9

1. a. 12 cm^2 b. 400 cm^2 c. 10 cm^2 d. 28 cm^2
 2. $h = 10 \text{ cm}$
 3. $b = 24 \text{ cm}$
 4. a. 140 m^2 b. 104.5 cm^2 c. 239 cm^2 d. 70 cm^2
 5. a. $80 \text{ cm} \times 150 \text{ cm} = 12,000 \text{ cm}^2$

- b. $a(\Delta ADP) + a(\Delta CBQ) = \frac{1}{2} \times 80 \text{ cm} \times 100 \text{ cm} + \frac{1}{2} \times 80 \text{ cm} \times 100 \text{ cm}$
 $= 4000 \text{ cm}^2 + 4000 \text{ cm}^2$
 $= 8000 \text{ cm}^2$
- c. $12,000 \text{ cm}^2 - 8000 \text{ cm}^2 = 4000 \text{ cm}^2$
- d. $12,000 \text{ cm}^2 = 1.2 \text{ m}^2$
 $1 \text{ m}^2 = \text{qar. 64 yoo ta'e.}$
 $1.2 \text{ m}^2 = ? \text{ qar}$
 $1.2 \text{ m}^2 \times 64 = 76.8 \text{ ta'a.}$
6. a. 750 m^2
7. 24 cm^2

5.3.2 Naannawaa fi Bal'ina tiraappiziyeemii

Mata duree kana gocha 5.11 fayyadamuun eegaluu ni dandeessa. Kanaaf, barattooni gocha kana irratti mari'achuun yaada cuunfaa foormullaa bal'ina tiraapiziyeemii barbaaduuf oolu irra akka ga'aan jajjabeessi.

Deebii Gocha 5.11

1. a. \overline{AB} fi \overline{DC} 'n hundeeawan
 \overline{AD} fi \overline{BC} 'n miilota
 \overline{DE} 'n olee yookiin iroo
- c. $P(ABCD) = \overline{AB} + BC + CD + DA$
2. a. \overline{BF} b. \overline{BF}
- c. Roga waliini DB fi oleen $\triangle ABD$ alaa rogsadee kana waan ta'uf.
- d. $a(\triangle ABD) = \frac{1}{2} b_1 h$ fi $a(\triangle BCD) = \frac{1}{2} b_2 h$
- e. $a(\triangle BCD) = a(\triangle ABD) + a(\triangle BDC) = \frac{1}{2} b_1 h + \frac{1}{2} b_2 h$
 $= \frac{1}{2} (b_1 + b_2) h$

Tooftaalee Madaallii

Itti fayyadama foormullaa naannawaa fi bal'ina tiraapiziyeemii irratti gilgaalota adda addaa kennufiin hojii isaani madaaluu ni dandeessa. Kanas gilgaala 5.10 yookiin kan biraa fayyadamte raawwachu dandeessa.

Deebii Gilgaala 5.10

1. $1700 \text{ cm} = 17 \text{ m}$
2. Naannawa = 280 m, bal'ina = $3,800 \text{ m}^2$
3. a. Naannawa = 27.6 cm, bal'ina
 $= 45.5 \text{ cm}^2$
 b. Naannawa = 41.2 cm, bal'ina
 $= 91 \text{ cm}^2$
4. $A = \frac{1}{2}(b_1 + b_2) h$
 $60 \text{ cm}^2 = \frac{1}{2}(11 + b_1) 6$
 $60 \text{ cm}^2 = (11 + b_1) 3$
 $60 \text{ cm}^2 = 33 + 3b_1$
 $3b_1 = 27$
 $b_1 = 9 \text{ cm}$ ta'a

5.3.3 Naannawaa fi Bal'ina paraaleelogiraamii

Barattooni bal'ina fi naannawaa rektaangilii fi iskuweerii shallagu irratti shaakala garii waan qabaniif, mata duree kana gocha 5.12 fi hojii garee 5.3 garee gareen akka hojjetaniif lachuun eegali. Marii gareen gaggeessu keessa deemuun hordoffi gochuun deeggersa barbaachisu laadhu.

Toftalee madaallii

Shallaggii naannawaa fi bal'ina paraleelogiraamootaa irratti gilgaalota adda addaa akka hojii manaa fi dareetti lachuun madaaluu ni dandeessa. Gilgaala 5.11 fayyadamuu ni dandeessa, garuu gaaffi 7^{ffaa} barataa cimaadha jette yaaduuf laachuu qabda.

Deebii Gilgaala 5.11

- | | |
|---|--|
| 1. a. Naannawa = 36 cm
Bal'ina = 80 cm^2 | b. Naannawa = 30 cm
Bal'ina = 48 cm^2 |
| 2. 4 cm | |
| 3. 7 cm | |
| 4. 6 cm | |
| 5. 150 cm^2 , 12.5 cm^2 | |
| 6. 24 cm^2 , 30 cm^2 | |
| 7. a. Hin ta'u | b. Hin ta'u |
| c. i. Dacha ta'a | ii. Si'a afur guddata |

5.3.4 Naannawa geengoo

Golee tokkoffa boqonnaa kana keessatti barattooni tarmoota geengoo waliin walqabatan kan akka handhura, raadiyeesii, diyaameetirii, marsaa fi w.k.f baratanii jiru. Kanaaf, mata duree kana eegaluuf barattooni jechoota mata isaaniitit tarmoota kana akka ibsan taasisi. Kanaaf, gocha 5.13 kenniif.

Ittuma aansuun immoo wantoonni armaan gadii boca geengoo akka qaban yaada qabiisi.

- Jirenya dhala namaa ijoollummaa irraa gara ijoollummatti
- Sa'atii
- Samii ijaan ol ilaaltee argitu
- Mallatto dandii irra balaa cimaan akka uumamu danda'u ibsu konkolachiisaaf kaa'amuu.
- Barmeexaa
- Buddeena haphii
- Siidii (CD) fi w.k.f

Kanneen armaan olii geengoowwan yeroo jettu bal'insa qaama irra keessa ta'u isaa sirriitti hubaachiisu qabda. Kana hin ta'u taanaan baratoonni yaadrimee ji'oomeetirii jaboo waliin yaada wal dha'u jalaa ta'a.

Kana booda barattoota garee gareen akka mijawutti ijaaruun hojii garee 5.4 akka raawwatan taasisi. Hojiin garee kun akka isaani hariiroo naanawaa fi diyaameetirii geengoo gidduu jiru hubaataniif gargaara.

Erga fakkeenyoota kitaaba barataa irra jiru ibsite booda gilgaala 5.12 kitaaba barataa irra jiru akka hojii manaa fi hojii dareetti kennufiin raawwii hojii isaanii hordofi.

Deebii Gocha 5.14

1. Deebii kana boqonnaa 5^{ffaa} golee 1^{ffaa} mata duree geengoowwan jedhu jalaa argachuu ni dandeessa.
2. Raadiyasiin walakka diyaameetiriiti.
3. Sa'atii, samii, k.k.f

Deebii Gilgaala 5.12

1. a. $8\pi \text{ cm}$ b. $3\pi + 6$ c. $(\pi + 4) \text{ cm}$
2. 100 cm
3. 4 cm
4. 314 cm
5. Marsaan geengoo xiqqichaa dacha afur geemgoo guddichaa ta'a.

5.3.5 Bal'ina Geengoo

Mata duree kana hojii garee 5.5 kitaaba barataa irratti kennamen eegaluun barattoonni foormullaa bal'ina geengoo akka uumanifi gocha barbaachisaa ta'e kennuufiin gargaari.

Tooftalee Madaallii

Hamma hubannoo barattoota hubachuuf gochootaa fi gilgaalota adda addaa qopheessuun akka raawwatan gochuu akkasumas gaaffi 7^{ffaa} fi 8^{ffaa} gilgaala 5.13 keessa jiru akka hojii manaa yookiin abbaltiitti kennufii ni dandeessa.

Deebii Gilgaala 5.13

1. a. $1600\pi \text{ cm}^2$ b. $\pi^3 \text{ cm}^2$
2. 16 cm
3. $100 \pi \text{ cm}^2$
4. $7\pi \text{ cm}^2$
5. a. $(100 - 25\pi) \text{ cm}^2$ b. $\left(49 - \frac{49}{4}\pi\right) \text{ cm}^2$ c. $\pi \text{ cm}^2$
d. $(64 - 16\pi) \text{ cm}^2$ e. $\left(49 + \frac{49}{2}\pi\right) \text{ cm}^2$ f. $(96 - 8\pi) \text{ cm}^2$
g. $\left(25 - \frac{25}{4}\pi\right) \text{ cm}^2$ h. $(1024 - 256\pi) \text{ cm}^2$ i. $(256\pi - 512) \text{ cm}^2$
6. $C = (220 + 90\pi) \text{ cm}$, $A = (9900 + 2025\pi) \text{ cm}^2$
7. Afuriin baay'ata.

5.3.6 Bal'ina dirra piriizimootaa fi sillindarootaa

Barattoonni yaadrimnee fi tarmoota piriizimii fi siliindarii waliin walqabatu shaakala waan qabaniif mata duree kana gocha 5.14 kitaaba barataa irratti kennameen eegaluu ni dandeessa. Gocha kanas daqiqaa 10f irratti mari'achiisuun gara ibsa walii galaa kennufiin darbi. Gochi kun barattoonni hiikoo fi amaloota danaalee ji'oomeetirii jaboo kana irra deebi'anii akka yaadataniif carraa uumaaf. Ittuma fufuunis hojii garee 5.6 kitaaba barataa irra jiru akka hojjetan qajeelchi. Hojiin garee kunis barattoonni bal'ina dirra piriizimootaa fi siliindarootaa shallaguuf foormullaa barbaachisu irra akka gahan gargaara.

Tooftalee Madaallii

Hubannoo barattoonni mata duree kana irratti argatan addaan baafachuuf gochoota fi gilgaalota adda addaa qopheessuun akka hojjetan taasisi. Gilgaalonni fi gochoonni kennamuf bal'ina dirra piriizimootaa fi siliindarootaa shallaguuf irratti xiyyeffachu qaba.

Deebii Gocha 5.15

1. a. Piriizimiin danaa ji'oomeetirii jaboo kan bocni hundeewwan isaa bal'insa rog-baay'ee ta'e dha.

- b. Piriizimii reektaangulaa'aan piriizimii boci hundeeawan isaa rektaangilii ta'e dha.
- c. Piriizimii qajeelaa jechuun piriizimii fuulonni isaa hundewwanitti parapendikularii ta'e dha.
- d. Kan piriizimii sirrii hin ta'ane dha.
2. Sanduqa, kap boordii w.k.f
3. Piriizimii rektaangulaa'aan fuulota 6, varteeksoota 8 fi rogoota 12 qaba.
4. a. Bal'insa rektaangilii irra fi jala piriizimii reektaangulaa'aa hundeeawan jedhamu.
- b. c fi d'n hiikoo barnoota herregaa kutaa 6^{ffaa} irra jiru ilaalun barattootaaf ibsa kenni.

Deebii Gilgaala 5.14

1. a. $A_L = 100 \text{ cm}^2$
 $A_T = 112 \text{ cm}^2$
 2. 96 cm^2
 3. 404 cm^2
 4. 28 cm^2
 5. 4.7 l
- b. $A_L = 128 \text{ cm}^2$
 $A_T = 176 \text{ cm}^2$
 - c. $A_L = 100 \text{ cm}^2$
 $A_T = 150 \text{ cm}^2$

Deebii Gilgaala 5.15

1. a. $A_L = 32\pi \text{ cm}^2$
 $A_T = 160\pi \text{ cm}^2$
 2. $120\pi \text{ cm}^2$
 3. 7 cm
- b. $A_L = 84\pi \text{ cm}^2$
 $A_T = 156\pi \text{ cm}^2$
 - c. $A_L = 30\pi \text{ cm}^2$
 $A_T = 48\pi \text{ cm}^2$

5.3.7 Qabee piriizimoota fi Siliindarootaa

Barnoota kutaa 6^{ffaa} keessatti qabee piriizimii reektaangulaa'aa akkaataa barbaaduu danda'aan baratanii jiru. Kanaaf, mata duree kana barattoonni haaluma wal fakkatuun qabee piriizimii kamiiyyuu barbaaduu akka danda'an qajeelchuun eegaluu ni dandeessa. Barattoota cimoo ta'aan immoo akka isaan foormullaa qabee piriizimii irraa ka'aanii foormullaa qabee siliindarii walsimsiisuun fudhatan qajeelchi. Kana booda immoo fakkeenyotaa fi pirobileemota jiruu fi jirenyaan wal qabatan fayyadamuun barattoota hirmaachisuun mata duree kana caalatti ibsi.

Tooftaalee madaallii

Qabee piriizimootaa fi siliindaroota irratti gilgalotaa fi gochoota adda addaa kennuun raawwii barattootaa hordofi. Gilgaala 5.16 akka hojji manaa yookiin hojji daree kennuun hojji isaanii sirreessuun qajeelcha barbaachisu kenniif. Dhuma boqonnaa irrattis barattootaa fi battallee kennuu ni dandeessa.

Deebii Gocha 5.16

- Eeyyee
- Geengoo dha kan piriizimii bal'insa rog-baay'ee dha.
- Lamaanu lama lama qabu.
- Walitti galoodha.
- Eeyyee

Deebii Gilgaala 5.16

- a. $V = 864 \text{ cm}^3, A_T = 552 \text{ cm}^2$ b. $V = \pi^3 \text{ cm}^3, A_T = 6\pi^2$
c. $V = 108\pi \text{ cm}^3, A_T = 90\pi \text{ cm}^2$ d. $V = 15 \text{ cm}^3, A_T = 63 \text{ cm}^2$
- a. $V_A = \pi r^2 h = \pi \times 2^2 \times 5 = 20\pi \text{ cm}^3$
 $V_B = \pi r^2 h = \pi \times 4^2 \times 1.25 = 20\pi \text{ cm}^3$
b. $A_A = 28\pi \text{ cm}^2 \text{ fi } A_B = 32\pi \text{ cm}^2$
- a. $h = \frac{120}{64} = \frac{15}{8} \text{ cm}$ b. $A = 158\pi \text{ cm}^2$
- $V = 40 \text{ cm} \times 20 \text{ cm} \times h$
 $24\ell = 40 \text{ cm} \times 20 \text{ cm} \times h$
 $24000 \text{ cm}^3 = 800 \text{ cm}^2 \times h$
 $h = 30 \text{ cm}$
- $V = A_B \times h$
 $300 \text{ cm}^3 = A_B \times 6 \text{ cm}$
 $\Rightarrow A_B = 50 \text{ cm}^2$
- $V = 25 \text{ m} \times 15 \text{ m} \times 2 \text{ m}$
 $= 750 \text{ m}^3$
 $= 750,000 \text{ l}$
- Qabeeniis dachaa ta'a.


Deebii Gilgaalota Keessa Deebii Boqonna 5^{ffaa}

- $80^\circ, 80^\circ, 100^\circ, 100^\circ$
- $65^\circ, 115^\circ$
- 70°
- $72^\circ, 144^\circ, 48^\circ, 96^\circ$
- $30^\circ, 90^\circ, 60^\circ, 180^\circ$
- a. 1620° b. 1260° c. 5040°
d. 6120° e. 15840° f. $180,000^\circ$
- a. Hinjiru b. 15 c. Hin jiru d. 22
- a. 2160° b. 144°
- $X = 36^\circ \Rightarrow$ a. $A = 41^\circ, C = 120^\circ, D = 139^\circ$
 $X = 10 \Rightarrow$ b. $A = 50^\circ, B = 50^\circ, C = 130^\circ, D = 130$
- a. 12° b. 12° c. 168° d. 168°

11. $42^\circ, 138^\circ$
 12. $AB = CD = 12$ ramaddii fi $DA = BC = 8$ ramaddii
 13. Yuunitii 24
 14. Haala gocha keessatti kennname faana bu'i.
 15. a. $20^\circ, 80^\circ, 100^\circ, 160^\circ$
 b. Eeyyee, kofoonni walitti aanan kan sararoota wal-taree irraa ida'aamni isaani 180° ta'a.
 c. Miti. Kofoonni fullee waliitti galoo miti.
 16. $p = 7 + 8 + (b_1 + b_2)$
 $35 = 15 + (b_1 + b_2)$
 $\Rightarrow b_1 + b_2 = 20$

$$\begin{aligned}a(\text{tiraappiziyeemii}) &= \frac{1}{2}(b_1 + b_2)h \\&= \frac{1}{2}(20)(5) = 10 \times 5 = 50 \text{ cm}^2\end{aligned}$$

17.




Mee $AB = x$ cm fi $BC = y$ cm haa ta'u.

- i. $p = 2(x + y)$
 $24 = 2(x + y)$
 $\Rightarrow x + y = 12 \dots (1)$
- ii. $A = 2x = 4y \Rightarrow x = 2y \dots (2)$
- (2), (1) keessatti fayyadamuun : $y = 4$ fi $x = 8$ ta'a.

Kanaafuu, $A = 2x = 2(8) = 16 \text{ cm}^2$

18.



$$A = \frac{1}{2}(b_1 + b_2)h$$

$$192 = \frac{1}{2}(11 + 21)h$$

$$192 = \frac{1}{2}(32)h$$

$$192 = 16h$$

$$h = 12 \text{ cm}$$

$$\text{Garuu, } a^2 = 5^2 + 12^2 = 169 \Rightarrow a = 13 \text{ cm}$$

$$\text{Kanaafuu, } p = 21 + 11 + 2a = 32 + 2(13) = 58 \text{ cm.}$$

19. 12 cm

20. $A_T = 2\pi r(h + r)$

$$144\pi = 2\pi \times 4(h + 4) \Rightarrow \frac{144\pi}{8\pi} = h + 4 \Rightarrow h = 14 \text{ cm}$$

21. $A_L = 132\pi \text{ cm}^2 \text{ fi } c = 6\pi \text{ cm}^2$

Kan barbaadamu: V

$$\begin{aligned} \text{i. } C &= 2\pi r \\ 6\pi &= 2\pi r \\ \therefore r &= 3 \text{ cm} \end{aligned}$$

$$\begin{aligned} \text{ii. } A_L &= 2\pi rh \\ 132\pi &= 2\pi(3)h \\ 132\pi &= 6\pi h \\ \frac{132\pi}{6\pi} &= h \\ \therefore h &= 22 \text{ cm} \end{aligned}$$

$$\begin{aligned} \text{Kanaafuu, } V &= \pi r^2 h \\ &= \pi(3 \text{ cm})^2(22 \text{ cm}) \\ &= \pi(9 \text{ cm})^2(22 \text{ cm}) = 198\pi \text{ cm}^3 \end{aligned}$$

22. Bal'ina bal'insa dibame = a ($\triangle ABC$) – a($\triangle ABD$)

$$\begin{aligned} &= \frac{1}{2}(AB)(CE) - \frac{1}{2}(AB)(DE) \\ &= \frac{1}{2}AB(CE - DE) \\ &= \frac{1}{2} \times 10(8 - 5) \\ &= 5 \times 3 = 15 \text{ cm}^2 \end{aligned}$$

23. $A = \frac{1}{2}(b_1 + b_2)h$

$$2A = (b_1 + b_2)h$$

$$\frac{2A}{h} = b_1 + b_2 \text{ kanaafuu}, b_2 = \frac{2A}{h} - b_1$$


$$\text{yookiin } b_2 = \frac{2A - b_1 h}{h}$$

24. $C = 2\pi r \quad A = \pi r^2$

$$24\pi = 2\pi r \quad = \pi(12 \text{ cm})^2$$

$$\frac{24\pi}{2\pi} = r \quad = 144\pi \text{ cm}^2 \quad \therefore, r = 12 \text{ cm}$$

25.



a. Naannoobal'insa dibame dana kana

$$= HA + AB + BC + CD + DE + EF + FG + GH$$

$$= 7 + 5 + 5 + 2 + 5 + 6 + 3 + 1 = 34 \text{ cm}$$

b. Bal'inni bal'insa dibamee = (balina reektangilii guddaa) - (Ida'aama

reektangiloota xixxiqaa)

$$= (10 \times 7) - (1 \times 3 + 2 \times 5)$$

$$= 70 - (3 + 10)$$

$$= 70 - 13$$

$$= 57 \text{ cm}^2$$

SILABASII BARNOOTA HERREGAA

Kutaa 7^{ffaa}

Seensa

Mata dureewwan hedduun kutaawwan gadaanaa keessatti barataman kanneen akka qooyyaboota lakkofsotaa irratti, jijiiramoota, himoota walqixaa fi himoota walcaalmaa, reeshoo, piroopporshinoota fi dhibbarraawwan, safaroota, ji'oomeetirii fi akkaataa daataan itti qabamu dabalataan gad fageenyaan kutaa 7^{ffaa} keessatti ni baratamu. Kana malees barattootni kutaa 7^{ffaa} yaadrimeewwan haarawaa kanneen akka tuuta lakkofsota raashinaalii, mallattoowwan taaliittii (tally marks) fayyadamuun daataa salphaa funaanuu, gosoota giraafota adda addaa ijaaruu fi hiikuum giddugaleessa ykn giddu galeessa, midiyyamii, moodii fi reenjii daataa kennamee shallaguu fi k.k.f wajjin wal ni baru. Baranootni Herregaa sadarkaa kutaa kanatti baratamu gosoota barnoota kanneen akka Fiiziksii, Keemistirii, Bayoljii, Teknoolojii Odeeffannoo (IT) fi k.k fakkaataniif hal-dureewan barbaachisoo ta'an gumaachuufii qaba.

Dhimmoonni baay'ina uumataa(population), ashuraa (taxation), qusanna, faayinaansii, dhalaa, investimeentii k.k.f walqabatan mata dureewwan mijaa'oo jalatti ibsamuu fi xinxalamuu (qaacceeffamuu) qabu. Fakkeenyonni jiruu fi jirenyaan (real life) walqabatan akkasumas piroobleemonni hojirra oolmaa (Problems of applications) hamma danda'ametti itti fayyadamamu qabu.

Barattootni hubannoo piroopporshinalummaa kan piroobleemota hedduu barannoo kanaan walqabatan furuuf isaan qarqaaru qabbifachuuf beekumsa reeshoowwan, piroopporshiniwwan fi dhibbarraawwan irratti qaban caalatti olguddifachuu qabu. Piroobleemota adda addaa kanniin dhibbantaan walqabatan akkasumas piroobleemoota hir'ifama gatii(discount), dhala, ashuraa (taxes) k.k.f furuuf reeshoo fi piroopporshinalummatti ni fayyadamu.

Barattooni bocoota kal-lamee ykn safar-lamee fi kal-sadee ykn safar-sadee ta'an bacoota xixiqqoo fi ruqotti caccabsuun bal'ina dirraa ni barbaadu. Akkasumas formulaawwan bal'ina dirraa fi qabeewwan piriizimootaa fi siliindarootaa argachuun ni mirkaneessu. Barattootni akkuma piriizimootaa fi siliindaroota mummuraniin (decompose) formulaawwan qabee isaanii ittiin barbaadan ni gabbifatu. Foormulaawwan kana qabeewwan piriizimootaa fi siliindarootaa murteessuf itti ni fayyadamu.

Barattootni hubannoo qooyabootaa bu'uraa afran irratti qaban akkasumas amaloota qooyaboонни kunniin lakkofsota raashinaali irratti himoota walqixaa abbaa jijiiramaa tokkoo uumanii fi furaniin akkasumas himoota walqixaa kanniinitti fayyadamuu piroobleemota furaniin artimeetikii lakkofsota raashinaalitti ni fayyadamu.

Kaayyolee

Xumura barnoota herrega kutaa 7^{ffaa}tti booda barattootni:


- Lakkofsota raashinaalii ni hiiku. Akkasumas sarara lakkofsaa irratti ni agarsiisu.
- Gatsirrii lakkofsota raashinaalii ni murteessu.
- Himoota walqixaa sasalphoo kanneen gatsirrii of keessaa qaban ni furu.
- Lakkofsota raashinaalii ni ida'u, ni hir'isu, ni baay'isu, ni hiru.
- Himoota walqixaa fi walcaalmaa kanneen maxxantootni jijiiramaa posatiivii ta'an seerota waljala dabarsutti (rules of transformations) gargaaramuun ni furu.
- Piroobleemota sasalphoo reeshowwani fi piroopporshinii ofkeessaa qaban ni furu.
- Piroobleemota dhibbaraan wal-qabatan, piroobleemota bu'aa (profil), kasaaraa (loss) fi dhala baaqqee ni furu.
- Daataa ni funaanu; daataa kennameef giraafii sararaa, chaartiiwan paayii (pie charts) ni ijaaru.
- Daataawwan kennameef giddugaleessa, moodii, midiyaan fi reenjii ni shallagu.
- Rogafreewan kanneen akka tiraappiziyamotaa fi paraleeloogiraamotaa ni ijaaru; akkasumas amaloota isaanii ni ibsu.
- Ida'ama safara digirii kofoota keessa rogbaay'ee konveeksii ni barbaadu.
- Naannawaa fi bal'ina rogsadootaa, tiraappiziyamootaa, paraleelogiraamootaa fi geengoowanii ni shallagu.
- Bal'ina dirraa fi qabeewwan piriizimootaa fi siliindarootaa ni shallagu.

Boqonnaa 1: Lakkoofsota raashinaalii (Wayitii 32)

Kaayyoo Gooroo: Xumura barnoota boqonnaa kanaa booda, barattootni:

- Lakkoofsota raashinaali ni hiiku. Bifa firaakshiniitinis ni ibsu.
- Hariiroo W, Z fi Q jiruu ni agarsiisu.
- Lakkoofsota raashinaalii ni tartiibeessu
- Lakkoofsota raashinaalii ni qoyrabu.

Dandeettiwwan	Qabiyyee	Gochaalee barrisiusu fi Leecalloowwan	Tooftalee Madaallii
<p>Barattotni</p> <ul style="list-style-type: none"> • Lakkoofsota raashinaalii bifa firaakshiniitiin ni ibsu. • Lakkoofsota raashinaalii sarara lakkofsota irratti akka tuuta firaakshinotaatti ni ibsu. • Hariiroo W, Z fi Q jidduu jiru ni ibsu. • Gatsirrii lakkofsota raashinaalii ni murteessu. 	<p>1. Lakkoofsota Raashinaalii 1.1. Yaadrimaa Lakkofsota Raashinaalii (Wayitii 9) Lakkofsota Raashinaalii Sarara Lakkofsoataatti Fayyadamuu Ibsuu. Hariiroo W, Z fi Q Jidduu Jiru. Gatsirrii Lakkofsota Raashinaalii</p>	<ul style="list-style-type: none"> • Barattotni tartiibaa fi ibsama intijerootaa akka keessa deebi'an gargaaruu. • Barattotni lakkofsota raashinaalii akka tuuta firaakshinootaatti akka hiikan qajeelchuu. • Barattotni lakkofsota raashinaalii muraasa sarara lakkofsaa irratti ibsuu akka shaakalan gargaaruu. • Q n iddo bu'ee tuuta lakkofsota raashinaalii ta'uu isaa akka hubatan gargaaruu. • Barattotni hariiroo W, Z fi Q ibsuun hubannoo gahaa akka argatan gargaaruu (W ⊆ Q, Z ⊆ Q) 	<ul style="list-style-type: none"> • Tartiiba lakkofsota raashinaalii irrati gilgaalota adda kennuu • Gabatee gurraacha irratti fayyadamuun barattotni muraasni lakkofsota raashinaalii sarara lakkofsota irratti akka agarsiisan gaafachuu. • Barattotni danaa veenitti fayyadamuun hariiroo W, Z fi Q jiddu jiru akka agarsiisan gaafachuu.

		<ul style="list-style-type: none"> Seensa yaadrimee gatsirrii lakkofsota raashinaalii kennuufin gatsirrii lakkofsa “a” haala itti hubachuu danda'an (fakkeenyota qaddaa addatti gargaaramuun) mijessuu. $a = \begin{cases} a & \text{if } a \geq 0, \\ -a & \text{if } a < 0 \end{cases}$ 	
<ul style="list-style-type: none"> Himoota walqixaa sasalphoo gatsirrii ofkeessa qaban ni furu. 		<ul style="list-style-type: none"> Barattotni yaadrimee gatsirrii lakkofsota raashinaalii toftaalee ji'oomeetirii ofkeessaa qabaniitii hiikuu akka shaakalan gargaaruu. Fakk: $2 = 2$ fi $-2 = 2$. Kana jechuun sarara lakkofsotaa irratti fageenyi 2 fi 0 jidduu jiruu yuuniitii lama akkasumas fageenyi 0 fi -2 jidduu jirullee yuuniitii lama jechuu ta'uu isaa haala itti hubatan mijessuu.  <ul style="list-style-type: none"> Barattootni hima walqixaa salphaa gatsirrii of keessaa qabukan akka $x =3$ 	Piroobleemotaa fi gilgaalota gatsirrii lakkofsota irraashinaalii shallaguu irratti hojii daree fi hojii manaa kennuun raawwii isaanii hordofuu.
<ul style="list-style-type: none"> Lakkofsota raashinaalii wal ni madaalchisuu. Sarara lakkofsotaa irratti lakkofsota raashinaalii 	<p>1.2.</p> <p>Walmadaalchisuu fi Tartibbeessuu</p> <p>Lakkofsota Raashinaalii (Wayiti 7)</p>	<ul style="list-style-type: none"> Barattootni lakkofsota raashinaalii gara firaakshinoota walmadaalanii fi waamsisaa walii qabanitti jijjiiruun sarara 	<ul style="list-style-type: none"> Barattootaaf gilaalota adda addaa mallattoolee “>”“<” tti gagaaramuun fi

<p>tartiibeessanii ni ibsu.</p> <ul style="list-style-type: none"> • Gatsirrii laccofsota raashinaalii kennamee ni himu. 	<p>Tartiiba</p> <p>Laccofsota</p> <p>Raashinaalii</p>	<p>laccofsota irratti irratti akka walmadaalchisanii fi tartiibessan gargaaruu.</p> <ul style="list-style-type: none"> • Barattotni sarara laccofsotaa irratti laccofsonni raashinaalii lama kamyuu yoo kennaman inni gara mirgaa jiru irra guddaa isa gara bitaa jiruu, akkasumas inni gara bitaa jiru irra xiqqa isa gara mirgaa jiruu akka ta'ee yaada waliigala irra akka gahan gargaaruu. 	<p>laccofsota raashinaalii akka wal madaalchisan kennuu fi hojii isaanii madaaluu.</p>
<ul style="list-style-type: none"> • Laccofsota raashinaalii ni ida'u. • Amala jijiirraa iddo fi amala hammatuutti ni fayyadamu. 	<p>1.3.Qooyyaboota</p> <p>Laccofsota</p> <p>Raashinaalii Irratti</p> <p>(Wayitilee 16)</p> <p>1.3.1. Laccofsota</p> <p>Raashinaalii Ida'u</p>	<ul style="list-style-type: none"> • Barattotni sarara laccofsotaa fayyadamanii ida'u intijarootaa keessa akka deebi'an gargaaruu. • Fakkeenytatti fayyadamuun seera ida'u laccofsota raashinaalii lamaa himuu fi agarsiisun mari'achiisuu. • Mallattooleen ida'amttaa adda adda yoo ta'e: <ul style="list-style-type: none"> (i) mallattoo ida'amtuu kan gatsirriin isaa guddaa ta'ee fudhadhu. (ii) gatsirrii laccofsota lamaanii fudhachuun 	<ul style="list-style-type: none"> • Gilgaalota adda addaa Ida'u laccofs ota raashinaalii irrat ti xiyyeffatan kennuun hojii isaanii madaaluu. • Itti fayyadama amala jijiirraa iddo fi amala hammattuu ida'u ilaalchisuun gilgalota adda addaa kennuun raawwii fi foyya'iinsa isaanii

		<p>ida'amtuu gatsirrii xiqqaa qaburraa ida'amtuu gatsirrii guddaa qabu hir'isi.</p> <p>Fkn: $-6 + 2 = -4$</p> <ul style="list-style-type: none"> • Yoo lakkooftsonni raashinaalii lamaanuu nagaatiivi ta'an i) dura mallattoo kaa'i. ii) ida'ama gatsirrii ida'amtootaa fudhadhu. <p>Fkn. $-3 + (-5) = -8$</p> <ul style="list-style-type: none"> • Barattotni dhugaa ta'uu amaloota jijiirraa iddo fi hammattuu ida'uu akka agarsiisan gochuu. Barattootni yaada waliigalaa lakkooftsota raashinaalii a, b, c kamiifuu: i) $a + b = b + a$ ii) $(a+b)+c=a+(b+c)$ jedhu irra akka gahan gargaaruu. 	hordofuu.
<ul style="list-style-type: none"> • Lakkooftsota raashinaalii tokko kan biraa irraa ni hir'isuu 	<p>1.3.2. Lakkooftsota</p> <p>Raashinaalii</p> <p>Hir'isuu</p>	<ul style="list-style-type: none"> • Barattootni hir'isuu lakkooftsota raashinaalii bifaa ida'uutiin akka ibsan gargaaruu. <p>Fkn: $4 - 3 = 4 + (-3)$</p> <ul style="list-style-type: none"> • Seerri ida'uu lakkooftsota raashinaalii ida'ama kan 	<ul style="list-style-type: none"> • Hir'isuu lakkooftsota raashinaalii irratti pirooblileemotaa f i gilaalota adda addaa kennuun raawwii isaanii madaaluu.

		akka $2 - (-5) = 2 + 5$ barbaadufiis ni gargaara.	
<ul style="list-style-type: none"> • Baay'ita laccoofsota raashinaalii lamaa ni barbaaduu. • Seerota baay'isu laccoofsota raashinaalii hojiirra ni oolchu. • Amalota jijiirraa iddo fi amala hammatuu baay'isuu fi amala raabsamaa baay'isuun da'uu irratti qabutti ni fayyadamuu. 	<p>1.3.3.Lakkoofsota Raashinaalii Baay'isuu</p> <p>Kunis-(-3×4) jechuudha Fkn:-3×4 $= - (-3 \times 4)$ $= - (3 \times 4) = -12$</p> <p>ii) Baay'ataan laccoofsota raashinaalii nagaativii lamaa</p> <p>a) mallattoo baay'ataa murteesse innis "+" dha. b) gatsirrii lakkkoofsotaa</p>	<ul style="list-style-type: none"> • Barannoo kana seerota baay'isuu laccoofsota raashinaalii yaadachiisuun jalqabuun ni danda'ama. <ul style="list-style-type: none"> i) Baay'ataa laccootsota raashinaalii lamaa kanniin mallattooleen isaanii addaa addaa ta'e a) mallattoo baay'ataa murteessi, innis "- " dha b) baay'ataa gatsirrii laccoofsotaa waliin baay'atanii fudhadhu. • Itti fayyadama seerota baay'isuu irratti gilgaalota garagaraa kennuun hordofuu, raawwii isaanii irratti hundaa'un deggarsa oggummaa barbaachisu kennuu. • Amaloota jijiirraa iddo fi hammattu irrati gilgaalotaa fi piroobleemota adda addaa kennuun hojii isaanii madaaluu. 	

		<p>fudhachuun waliin baay'isi.</p> <p>Fkn: $(-3) \times (-4)$ $= (- -3 \times -4) = 3 \times 4$ $= 12$</p> <p>Barattootni guduunfaa dhugaa ta'uu amaloota jijiirraa iddo, amala jijiirraa hammattuu fi amala raabsamaa baay'isuun ida'uu irratti qabu irra akka gahan gargaaruu.</p> <p>Fkn: Lakkofsota raashinaalii a, b, c kamiifuu $a \times b = b \times a$ $a \times (b \times c) = (a \times b) \times c$ $a \times (b + c) = (a \times b) + (a \times c)$</p>	
<ul style="list-style-type: none"> Lakkofsa raashinaalii tokko lakkofsota raashinaalii bira kan zeeroo hin ta'iiniif ni hiruu. Seerota hiruu lakkofsota raashinaalii hojiirra ni oolchuu. 	<p>1.3.4.</p> <p>Lakkofsota Raashinaalii Hiruu</p>	<ul style="list-style-type: none"> Fakkeenyotatti fayyadamuuun seerota hiruu lakkofsota raashinaalii lamaa ilaalchisuun barattoota mariisisuu fi barattonni yaada guduunfaa kanaan gadii irra akka gahan taasisuu. 1) mallattoo gahee murteessuf: a)mallattooleen qoodamaa fi qooda 	<ul style="list-style-type: none"> Hiruu lakkofsota raashinaalii ilaalchisuun gilgaalota adda addaa kennuun hojii isaanii madaaluu. Boonnaa kana irratti battallee kennuun akkaataa firii isaaniitiin degersa

		<p>tokko yoo ta'an mallattoon gahee "+" ta'a.</p> <p>Fkn: $\frac{-8}{-4} = \frac{8}{4} = 2$</p> <p>c) mallattoolee qoodamaa fi qoodaa garaa gara yoo ta'an mallattoon gahee "—" ta'a.</p> <p>Fkn: $\frac{-8}{4} = \frac{-8}{4} = -2$</p> <p>$\frac{-9}{-3} = -\left(\frac{9}{3}\right) = -3$</p> <p>Hub: $\frac{-8}{4} = \frac{8}{-4} = -\frac{8}{4}$</p> <p>2) Gatii gahee murteessuf gat-sirrii qoodamaa qoodaaf hiri. Barattotni lakkoofsa zeerof hiruun hiika kan hin qabne ta'uu issaa haala itti hubatan mijessuu.</p>	ogummaa kennuu.
--	--	--	--------------------

Boqonnaa 2: Himoota Walqixaa fi Walcaalmaa Sararaawaa(Wayitii 15)

Kaayyoo : Barattootni, xumura barnoota boqonnaa kanaa booda:

- Seerota daddabarsootti fayyadamanii himoota walqixaa sararaawaa ni furu.
- Seerota daddabarsootti fayyadamanii himoota wal caalmaa sararaawaa ni furu.

Dandeettiwan	Qabiyyee	Gochaalee barriisiisuu Leecalloowwan	Baruu- fi	Tooftalee Madaallii
Barattotni • Himoota walqixaa sararaa waa kanneen maxxantootni Jijiiramaa isaanii positiivii ta'an seerota waliigita daddabarsoottti fayyadamanii ni furu	2. Himoota Walqixaa fi WalCaalmaa Sararaawaa 2.1. Himoota Walqixaa Sararaawaa Furuu (Wayitilee 13)	<ul style="list-style-type: none"> • Barattootni seerota himoota walqixaa waliigitaa ta'an uumuu keessa akka deebi'anii fi irratti mari'ataniihubannoo gaha akka argatan haala mijeesuu. Kunis: • 1.gama lamaanuu lakkofsa walqixxee tokko ida'uu ykn hir'isuun bu'aa hin jijjiiru. • Gama lamaan hima walqixaa lakkofsa zeeroo hin ta'iin tokkoon baay'isuu fi hiruun bu'aa hin jijjiiru. • Barattootni tarkaanfilee hundaa akka ibsan (sababa akka kennan) gargaaruu. <p>Fkn: $\frac{3}{4}x - 2 = 1$ $\frac{3}{4}x = 3 \dots\dots\dots$ (gama lamaanirrattuu lama ida'uu).</p> <p>$3x = 12 \dots\dots\dots$ (gama</p>	<ul style="list-style-type: none"> • Himoota walqixaa sararaawaa sasalphoo furuu irratti gochaalee adda addaa barattootaaf kenuun hojii isaanii hordofuu fi madaaluu. • Gaaffilee afaanii fi gilgaalota adda addaa akka hojii daree fi hojii manaatti kenuun raawwii isaanii madaaluu. 	

		<p>lamaanuu afuriin baay'isuu).</p> <p>$x = 4 \dots \dots$ (gama lamaanuu 3f hiruu).</p>	
<ul style="list-style-type: none"> Seera dabarsuu walii gitaatti fayyadamuun himoota wal caalmaa sararaawaa kanniin maxxantootni jijiiramaa positiivii ta'an ni furu. 	2.2.Himoota Walcaalmaa Sararaawaa Furuu (Wayitii 12)	<ul style="list-style-type: none"> Fakkeenyoota fayyadamuun seerota daddabarsuu himoota walcaalmaa keessa akka deebi'anii fi irratti mari'atan mariyatan haala mijeessuu. Kunis: 1.gama lamaan hima wal caalmaa lakkofsa wal qixxee tokko yoo idaane/hir'isne hima wal caalmaa sana hin jijiiruu 	
		<p>2. gama lamaan hima walcaalmaa lakkofsa wal qixxee pozatiivii tokkoon yoo baay'isnee fi hirre mallatoo himichaa hin jijiiruu.</p> <p>Fkn: $4 > 2$ $4 \times 3 > 2 \times 3$ $12 > 6$</p> <ul style="list-style-type: none"> Barattootni hima walcaalmaa sararaawaa akkamitti akka furamu akka agarsiisuu shaakalan gargaaruu. (Himni kunis daddabarsoota walii gitaa (equivalent transformations) tokko 	<ul style="list-style-type: none"> Gaaffilee gara garaa akka hojii manaa fi hojii dareetti kennuufiin hojii isaanii madaaluu. Barattootni maraas ni himoota walcaalmaa gabatee guraacha irratti akka turan gaafachuu. Barattootni himoota walqixaa sararaawaa akka furan gaafachuun hojii isaanii madaaluu.

	<p>ykn tokkoo ol kan qabu)</p> <p>Fkn.</p> <p>$2x + 1 > 3$ furi. Formaata $2x > 2 \dots$ (gamaa lamaanuu irraa lakkoofsa tokko hir'isuu)</p> <p>$x > 1 \dots$ (gama lamaanuu 2f hiruu)</p> <ul style="list-style-type: none"> • Barattootni tuuta lakkoofsota kennamee (tuuta waliigalaa) keessaa lakkoofsota hima walcaalmaa kennname dhugoomsan akka filatan taasisuu. 	
--	--	--

Boqonnaa 3: Reeshoo, piroopporshinii fi Dhibbarraa(Wayitiilee 24)

Kaayyoolee: Barattootni, xumura barnoota boqonnaa kanaa booda:

- Yaadrimee reeshoo fi piroopporshinii ni hubatu.
- Piroobileemoota dhibbarraan walqabatan ni furu.
- Piroobileemoota bu'aa, kasaaraa fi dhala baaqee furuuf yaadrimi dhibbarraatti ni fayyadamu.

Dandeettiwwan	Qabiyyee	Gochaalee barriisiisuu fi Leecalloowwan	Tooftalee Madaallii
<ul style="list-style-type: none"> • Barattootni yaad rimee reeshoo ni ibsu. • Piroobileemoota reeshoo sasalphoo ni furu. • Piroobileemota piroopporshiinii ni furu. 	3.Reeshoo, Piroopporshinii fi Dhibbarraa 3.1. Reeshoo fi Piroopporshinii (Wayitilee 6)	<ul style="list-style-type: none"> • Barattootni reeshoo wantoota lama walmadaalchisuut ta'uu isaa akka irra gahan gargaaruu. • Fkn. Daree tokko keessatti reeshoon barattoota dhiiraa gara barattoota dubaraatti 20:40 dha. Kun bifa salphaa ta'een yoo agarsiifamu 1:2 ta'a. • Barattootni iskeelota kaartaa M/B isaan irratti bifa reeshoon baroeffaman akka hiikan jajjabeessuu. • Barnoota guyyaa waa'ee piroopporshinaalum maa kallattii fi fuggisoo akkasumas dhaab-giteessa piroopporshinaal ummaa keessa 	<ul style="list-style-type: none"> • Gaafii fi gochaalee adda addaa akka hojii manaa fi dareetti kennuufiin hojii isaanii madaaluu.

		<p>deebi'uun jalqabuun ni danda'ama.</p> <ul style="list-style-type: none"> Barattootni piroopporshiniin wal qixxummaa reeshoolee lamaa ta'uu isaa akka fakkeenyaan ibsuu shaakalan gargaaruu. 	
Dhibbaraa baay'ina kennamee ni shallagu.	3.2.Dhibbaraa Caalaatti (Wayitii 7)	<ul style="list-style-type: none"> Barattootni yaadrimewwan fi tarmoota kanneen akka hundee (base), Kuufama (amount), dhibbantaa fi 	<ul style="list-style-type: none"> Barattootni dhibbaraa hundee
<ul style="list-style-type: none"> Piroobileemoota dhibbarraan wal qabatan ni furu. 		<p>dhibbaraa hundee kenname tokkoon akka walbaran gargaaruu. Kunis yaadrim piroopporshiniititti fayyadamuun ta'a.</p> <p>Fkn. 30% qarshii 600 hammamihundee (b) = qarshii 6000 dhibbantaa = 30 Kuufama = a</p> $\frac{a}{b} = \frac{P}{100} \Rightarrow \frac{a}{600} = \frac{30}{100}$ <ul style="list-style-type: none"> Barattootni dhibbaraa baay'ina wanta kennaan akka shallagan gargaaruu. <p>Fkn: Barsiisaan tokko</p>	<p>kennamee akka shallagan gafachuu.</p> <p>Fkn: 10%, 25% 50%, 150% 50kg barbaadi.</p>

		<p>ji'a tokkotti geejjibaaf QR. 150 fixe (baase). Mindaan isaa QR. 3000 yoo ta'e dhibbarraan baasiin geejjiba isaa meeqa?</p> <ul style="list-style-type: none"> • Barattootni piroobileemota jehaa adda addaa kanneen oomishaan (production), ashuraan, inshuraansiin, fayyaan, invastimantiin fi kkf walqabatan furuu akka shaakalan gargaaruu. • Barattootni yaadrimewwan bu'aa fi kasaaraa irratti akka mari'atan haala mijeessuu. 	
<ul style="list-style-type: none"> • Piroobileemata bu'aa fi kasaaraa furuuf yaadrimee dhibbarraa ni fayyadamu. • Piroobileemota dhala baaqqueen walqabatan furuuf 	<p>3.3. Shallagoota</p> <p>Keessatti Hojiirra</p> <p>Oolmaa</p> <p>Dhibbarraa</p> <p><i>(Waytilee 11)</i></p> <p>3.3.1. Bu'aa Fi</p> <p>Kasaaraa Akka</p> <p>Dhibbaraatitti</p> <p>Shallaguu.</p> <p>3.3.2. Dhala</p>	<ul style="list-style-type: none"> • Barattootaaf yaadrimee bu'aa fi kasaaraa irratti akka mari'atan haala mijeessuu. • Barattootni formullaawwan sasalpaa kanniin akka 	<ul style="list-style-type: none"> • Barattootaaf piroobileemota hojjirra oolmaa adda addaa kennu fi hojii isaanii sirreessuu. • Gochaalee adda addaa barattootni akka raawwatan taasisun raawwii isaanii madaaluu.

yaadrimée dhibbaraa ni fayyadamu.	Baaqgee	$\frac{bu'aa}{gatiibittaa(\cos t \ price)} \times 100\%$ akka fayyadaman jajjabeessuu. <ul style="list-style-type: none"> • Yaadrimé dhala baaqgee mara'achiisuu fi formullaar armaan gadiitiin wal barsiisuu. I = PRT, I = dhala P = haadhoo R = reetii dhalaa T = Yeroo	
---	----------------	---	--

Boqonnaa 4: Qabannaa Daataa(Wayitii 20)

Kaayyolee : Barattoonni, xumura barnoota boqonnaa kanaa booda:

- Daataa ni funaanu, daataa kennameef giraafii sararaa salphaa, chaartii paayii ni ijaaru.
- Giddu galeessa, moodii fi miidiyanii daataa kennamee ni shallagu.
- Reenjii daataa kennamee ni barbaadu.

Dandeettiwan	Qabiyyee	Gochaalee barrisuu fi Leecalloowwan	Tooftalee Madaallii
Barattotni: <ul style="list-style-type: none"> • Mallatoo taalitti fayyadamanii naannoo isaanii keessa daataa salphaan ni funaanu. 	4.Qabannaa Daataa 4.1.Mallatoo Taalitti Fayyadamuun Daataa Funaanuu <i>(Wayitilee 5)</i>	<ul style="list-style-type: none"> • Akkamitti, daataan akka funaanamu erga keessa deebi'ameen booda barattotni mallatoo taalitti fayyadamanii daataa salphaa ta'iinsa kennamee funaanuu akka shaakalan gargaaruu fi gabatee mallatoo taalii akkamitti akka qopheessan fkn. Baay'ina barattootaa daree tokkoo ji'a itti dhalatanii funaanu akka shaakalan gargaaruu. • Daataa funaanu irratti gochoota adda addaa kennuu fi raawwii isaanii madaaluu. 	
<ul style="list-style-type: none"> • Daataa kenname fayyadamuun giraafota sararaa ni ijaaru. • Naannoo isaanii keessaa daataa funaanun giraafota 	4.2. Giraafota Sararaa Fi Chaartii Paayii Ijaaruu fi Hiikaa Kennuu <i>(Wayitilee 10)</i>	<ul style="list-style-type: none"> • Barattootatti giraafota sararaa fi chaarti paayii akkamitti akka ijaaran erga itti agarsiifameen booda daataa kenname • Giraafota daataa kenname ijaarurratti gilgaalota adda addaa kennun hojii isaanii sirreessuu fi madaaluu. 	

<p>sararaa ni ijaaru.</p> <ul style="list-style-type: none"> • Giraafota sararaa sasalphoof hiika itti ni kenuu. • Daataa kenname fayyadamuun chaartii, paayii ni ijaaru. • Naannoo saanii keessaa daataa funaanuun chaartii paayii ni ijaaru. <p>Chaartii paayii salphaaf hiika itti ni kenuu.</p>		<p>fayyadamun giraafota sararaa fi chaartii paayii akka ijaaru shaakalan gargaaruu.</p> <ul style="list-style-type: none"> • Barattootni naannoo isaanii keessaa daataa funaananii giraafota sararaa fi chaartii paayii akka ijaaran jajjabeessuu. Fkn: Baay'ina barsiisotaa M/B tokkoon tokkoo muummee keessa jiranii • Barattootni giraafota sararaa fi chaartii paayii ijaaramaniif hiika akka itti kenuu shaakalan haala mijessuu. 	
<ul style="list-style-type: none"> • Tarmoota giddu galeessa, moodii, miidiyaanii fi reenjii daataa ni ibsu. • Giddu-galeessa daataa ni shallagu. • Moodii daataa ni shallagu. • Miidiyaanii daataa ni shallagu. 	<p>4.3. Giddu Galeessa, Moodii, Miidiyaamii Fi Reenjii Daataa (Wayitilee 5)</p>	<ul style="list-style-type: none"> • Mala giddugaleessa daataa kennamee itti barbaadan keessa deebi'uun barattootni yaada walii gala giddugaleessa daataa kennamee fi giddu galeessa daataa kanaa walqixa jedhurra haala itti gahan mijessuu. • Barattootni giddugaleessa, moodii, miidiyaanii 	<ul style="list-style-type: none"> • Shallagu fi barbaaduu giddu galeessa, moodii miidiyaanii fi reenjii daataa kennamee ilaachisee gilgaalota adda addaa kennun raawwii isaanii madaaluu.




<ul style="list-style-type: none"> • Reenjii daataa ni shallagu. 	<p>fi reenjii daataa akka shallagan qarqaaruu.</p> <ul style="list-style-type: none"> • Barattootni fakkeenyä adda addaa fayyadamanii garaagarummaa giddugaleessa, mooddii fi miidiyaanii jidduu jiru ifa akka godhan taasisuu. • Barattootni shallaguu giddu galeessa, moodii, miidiyaamii fi reenjii daataa kennamerrati beekumsa qaban akka fayyadaman qajeelchuu. <p>Fkn. Giddu galeessa, mooddii, miidiyaanii fi reenjii bu'aa isaanii kan samisteera 1^{ffaa} akka shallagan gochuu.</p>	
---	---	--




Boqonnaa 5: Dandaalee Ji'oomeetirii fi Safari (Wayitilee 40)

Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaa booda, barattootni:

- Rogafreewan kanneen akka tiraappiziyeemii fi paraalelogiraamii addaan ni baasu, ni ijaaru, akkasumas amaloota isaanii ni ibsu.
- Garaagarummaa rog-baay'ota konveksii fi konkeevii jidduu jiru addaan ni baasu.
- Ida'ama safara digirii kofoota keessaa rog-baay'ee konveeksi ni himu.
- Naannawaa fi bal'ina rogsadootaa fi Tiraappiziyeemootaa ni shallagu.

Dandeettiwwan	Qabiyyee	Gochaalee Baruu-barrisuu fi Leecalloowwan	Toofalee Madaallii
<p>Barattootni:</p> <ul style="list-style-type: none"> • Yaadrimee rog afree ni ibsu. • Qaamoota rogafree addaan ni baasu. • Tiraappiziyeemii safaroonni qaamoleen isaa kennname ni ijaaru. • Amaloota Tiraappiziyeemii ni ibsu. 	<p>5. Danaalee Ji'oomeetirii fi Safari 5.1. Rogafreewan, Rogbaay'ota fi Geengowwan (Wayitilee 12) 5.1.1. Ijaarsaa fi Amaloota Tiraappiziyeemii</p>	<ul style="list-style-type: none"> • Yaadrimeewwan “Saarbii”, “Kofoota keessaa”, “rogoota maddii fi “rogoota walfullee” rog-afree tokkoo irratti akka mari’atan haala mijeessuu. • Barattootni tarmii “tiraappiziyeemii” akka ibsanii fi “hundeeawan”, “miiloota” fi “iirroo”ykn “olee” tiraappiziyeemii tokkoo akka addaan baasanii ibsuu shaakalan gargaaruu. • Barattootni sarartoo, pirootiraaktaraa fi kompaasota cimdii itti fayyadamanii tiraappiziyeemii akka ijaaran gargaaruu. <p>Fkn. Tiraappiziyeemii PQRS kan $\overline{RS} \parallel \overline{PQ}$ fi $QR=2\text{cm}$, $PQ=4\text{cm}$, $m(< p)=45^\circ$ fi $m(< Q)=70^\circ$ ta'a ijaari.</p>	<ul style="list-style-type: none"> • Maalummaa rogafreewanii fi qaamota isaanii irratti. • Kan tiraappiziyeemootaa fi qaamoota isaanii fi ijaarsa tiraappiziyeemootaa kan safaroonni qaamolee isaa kennname irratti gochaalee adda addaa kenuun raawnii isaanii sirreessuu.

	<p>1. Sarara dhaabbataa PQ = 4cm ijaari.</p>  <p>2. Kofoota P fi A haala safarrii digrii isaanii kennameen ijaari.</p>  <p>3. Tuqaa R akka QR = 2cm ta'utti agarsiisi.</p>  <p>4. $m(\angle TRS) = 70^\circ$ sarara QT irratti ijaari. Kanaafuu PQRS n Tiraappiziyeemii barbaadamuu dha.</p> <p>Barattootni yadguduunfaa tiraappiziyeemii gosa roga free addaa kan cimdiin rogoota walfuullee tokko waltarree ta'an akka ta'e irra akka gahan jijjabeessuu.</p>	
<ul style="list-style-type: none"> • Yaad-rumee paraalaalogiraa mii ni ibsu. • Daayimeenshin ootni isaa yoo kenname paralaalogiraaam ii tokko ni 	<p>5.1.2. Ijaarsaa fi Amaloota Paraaleelogiraamii</p>	<ul style="list-style-type: none"> • Barattootni jecha paralaalogiraamii jedhu akka ibsan jijjabeessuu. • Barattootni sarartoo, pirootiraaktarii fi kompaasota cimdiitti fayyadamanii paraalaala alogiraamii safarri <ul style="list-style-type: none"> • Ijaarsaa fi amaloota paraaleelogiraamii irratti gilgaalota kennuun hoiijii isaanii madaaluu.

<p>ijaaru. Amaloota paraleelogiraamii ni ibsu.</p>	<p>qaamolee isaa kenname akka ijaaran gargaaru.</p> <p>Fkn. Paraalaalogiraamii DEFG kan $DE = 6\text{cm}$, $EF =$ 4cm, $s(D) = 65^\circ$ fi $s(E) =$ 115° ta'e ijaari</p> <ol style="list-style-type: none"> 1. Sarara DE kan $DE = 6\text{cm}$ ta'e ijaari.  <ol style="list-style-type: none"> 2. Kofa $s(D) = 65^\circ$ fi $s(E) = 115^\circ$ ijaari.  <ol style="list-style-type: none"> 3. Tuqaa F akka $EF = 4\text{cm}$ ta'u ti ijaari. <ol style="list-style-type: none"> 4. EFG kan $m(EFG) = 65^\circ$ ta'e ijaari. (G n tuqaa waliinii kan \overline{DG} fi \overline{FG} dha). Kanaafuu DEFG paraleelogirami barbaadamuu dha.  <ul style="list-style-type: none"> • Barattootni yaada
--	--

		<p>guduunfaa armaan gadii irra akka gahan gargaaruu.</p> <p>- kofoonni fuullee paraleelogiraamii walitti galoo dha.</p> <p>- kofoonni maddii paraleelogiraamii kofoota hirkooti.</p> <p>- Saarbiawan paraleelogiraamii tuqaa walakkeessaarratti waltuqaa walakkeessaarratti walqaxxaamuru.</p>	
--	--	--	--

<p>-Reektaangiloota iskuweerotaa fi Rombos oota ni ijaaru.</p> <p>-Amaloota reektaangilii ni ibsu.</p> <p>-Amaloota iskuweerii ni ibsu.</p> <p>-Amaloota romobsi ni ibsu</p> <p>-Hariiroo paraleelogiraa mii,rombosii fi reektaa ngilii jidduu jiru addaan ni baasu.</p>	<p>5.1..3.</p> <p>Ijaarsaa Fi</p> <p>Amaloota</p> <p>Paraleelogiraamota</p> <p>Addaa:</p> <p>- Reektaangiloota</p> <p>-Iskuweerota</p> <p>-Rombosoota</p>	<ul style="list-style-type: none"> • Hiikkoo reektaangilii fi iskuweerii keessa deebi'un barbattoonti gabatee gurraacha irratti danaa rombasii ijaarun hiika isaa akka kennan gargaaruu. • Ijaaruu reektaangilootaa, iskuweerotaa fi rombosootaa irratti barattoota akka shaakalan gargaaruu. Ijaarsi kunis akkaatuma paraleelogiraamiin ittiin ijaarameen ta'a. • Barattoonti yaada guduunfaa armaan gadiirra akka gahan gargaaruu. - Saarbiwwan reektaangilii wal qixa dheeratu. - Saarbiwwan rombosii waliif - Parpeendikulaarii dha. - Saarbiwwan iskuweerii walqixa dheeratu akkasumas waliif parpeendikulaarii dha. <p>Barattoonti hariiroo jidduu paraleelogiramii, rombosii, reektaangilii fi iskuweerii jiru addaan akka baasanii ibsan gargaaruu.</p>	<p>-Gochoota adda addaa barattootaaf qopheessuu.</p> <p>-Danaa kenname gabatee gurracharratti akka fakkeessan gaafachuu</p> <p>-Gilgaalota adda addaa akka hojii manaa fi hojii dareetti kennuun raawwii hojii barattootaa madaaluu.</p>
<p>-Rog-baay'ee ni hiiku.</p> <p>-Garaagarummaa jidduu rog-baay'ota konveeksii fi konkeevii jiru</p>	<p>5.1.2. Rogbaay'ota</p>	<p>-Fakkeenyota sasalphoo kanniin akka rog-sadootaa, rog afrootaa kennuun yaad rime rog-baay'ataatiin wal barsiisuu. Akkasumas barattoonti rog baayota akka</p>	<p>-Maalummaa rog-baay'ota irratti gaafii gaafachuu.</p> <p>-Gosoota rog-baay'ota fi bocoota isaanii irratti gochoota adda addaa kennuun raawwii isaanii</p>


<p>addaan ni baasu.</p> <p>-Baay'ina rogoota isaanii irratti hundaa'un rog- baayota amma rogoota kudhanii qaban maqaa isaanii ni himu.</p>	<p>hiikan taasisuu. (rog-baay'een daandii salphaa cufamaa ta'ee sararoota dhaabbataa irraa kan ijaaramee dha)</p> <p>-Moodeelota rog baay'ota konkeevii fi konveeksii adda addaa fayyadamuun barattootni garaagarummaa jidduu rog-baay'ee konveeksii fi rog-baay'ee konkoeevii jiru akka addaan baasan taasisuu.</p> <p>-Barattootni rog-bay'ota akkaataa baay'ina rogoota isaaniitiin tokko Ramadan gargaaruu.</p> <p>Fkn: Rog sadee - rogoota sadii Rog afree --- rogoota afur Rog-shanee -rogoota shan Rog-kurnee --- rogoota kudhan k.k.f.</p>	<p>hordofuu.</p>
--	---	------------------

<ul style="list-style-type: none"> Hiikkaa geengoo ni kenuu. Handura, raadiyesii, diyaameetirii, koordii fi golboo geengoo kennamee addaan ni baasu. Harirowwan raadiyeesii, diyaameetirii fi koordota geengoo jidduu jiruu ni ibsu. 	<p>5.1.3. Geengowan</p>	<ul style="list-style-type: none"> Barattootni hiika geengoo siritti akka kennanii fi hubatan gargaaruu. Kunis geengoon tuuta tuqalee diriiroo irraa kanneen tuqaa kennamerra walqixa fagaataniiti. Tuqaan kenname kun handhura geengoo jedhama. Barattootni daanaa geengoo ilaaluun hiika armaan olii akka kenuu shaakalan jajjabeessu dha. Barattootni geengoo akka kaasanii fi handhura, raadiyeesii, diyaameetirii, koordii fi golboo geengoo akka agarsiisan haala mijeeessuu. Barattootni yaada guddunfaa armaan gadii irra akka gahan qajeelchuu. <ul style="list-style-type: none"> - d = 2r - diyaameetiriin koordii hunda irra dheeraa ta'ee dha. 	<p>-Geengoo kaasuu irratti goch oota adda addaa kenuu. -Hariiroowwan raadiyeesii, diyaameetirii fi koordii geengoo jidduu jiru irratti gilgaalota adda addaa kenuuifiin raawwii isaanii madaaluu. -Geengoo kenname irratti handhura, raadiyeesii, diyaameetirii fi koordii geengoo akka garsiisan gaafachuu.</p>
<p>-Tiyooramii waa'ee ida'ama kofoota keessoo rogsadee ni himu. -Ida'amni safara kofoota keessaa rog sadee 180° ta'uun isaa ni mirkaneessu. -Tiyooramii ida'ama kofoota keessaa rogsadee fayyadamanii piroobileemota tiyooramii kanna an wal qabatan ni furu. -Hariiroo jidduu kofa alaa fi kofoota keessaa lamaan rogsadee jidduu jiru ni ibsu.</p>	<p>5.2. Tiyooramoota Rogsadeewwanii (Wayitilee 11)</p> <p>1. Ida'amni Safari Kofoota Keessoo Rogsadee Tokko 180°</p>	<ul style="list-style-type: none"> Barattootni gareen rogsadee kamiyuu waraqarratti akka kaasan, of eeggannoon muranii akka baasan, verteeksota qophattu muraanii akka baasanii fi walitti akka fidan (fit them together) qajeelchuu. Bu'aa kanarratti hundaa'un ida'amni safara kofoota keessaa rog-sadee 180° ta'uun isaa haala itti hubatan mijeeessuu. 	<p>-Barattootni gareen tiyooranii ida'ama kofoota rog-sadee akka mirkaneessan gochuun hojii isaanii sirreessuu fi madaaluu.</p>

<i>Dandeettiwwan</i>	<i>Qabiyyee</i>	<i>Gochaalee Baruu-barrisiiisuu fi Leecalloowwan</i>	<i>Tooftalee Madaallii</i>
<p>-Kofti alaa rog-sadee kennamee ida'ama kofoota lamaan keessaan ta'uu ni mirkaneessu.</p> <p>-Tiyooramii kofa alaa rog-sadee fayyadamanii piroobileemota tiyooramii kanaan wal qabatan ni furu.</p> <p>Foormulaa ida'ama kofoota keessaa rog-baay'ee konveeksii rogoota "n" qabuu ni uumu.</p> <p>-Foormulaa ida'ama kofootakeessaa rog-baay'ee konveeksii rogoota "n" qabatti fayyadamuun prioobileemoota walqabatoo ta'an ni furu</p>	<p>2. Rog-Sadee</p> <p>Tokko Keessatti</p> <p>Kofti Alaa Rog Sadee Kanaa Kan</p> <p>Kofa Keessaa Rog Sadichaa Tokkoof</p> <p>Maddii Ta'e</p> <p>Ida'ama Kofoota</p> <p>Keessa Lamaan</p> <p>Hafanii Ta'a.</p> <p>3. Ida'amni</p> <p>Kofoota Keessaa</p> <p>Rogbaay'ee</p> <p>Konveeksii</p> <p>Rogoota "n"</p> <p>Qabuu</p> <p>(n-2) × 180° Ta'a.</p>	<p>-Yaadrimee kofoota keessaan cinaachaa barattootni akka keessa deebi'an erga sissi'eessamanii fi gargaaramanii booda safarii digirii kofa qajeelaa 180° ta'uu yaadachiisuu.</p> <p>-Barattootni beekumsa kofoota keessaan cinaachaa fi safara kofa qajeelaa irratti qaban bu'ureeffachuun ida'ama safara digirii kofoota keessoo rogsadee 180° ta'uu akka mirkaneessan tasisuu.</p> <p>-Barattootni beekumsa Tiyooramii ida'ama kofoota rog-sadee fi safara kofa qajeelaa fayyadamanii tiyooramii kofoota alaa rogsadee akka mirkaneessan jajjabeessuu.</p> <p>-Barattootni tiyooramii kofa alaa rogsadee fayyadamuu kofa keessaa ykn kofa alaa rog sadee kan hin beekamnee akka barbaadan qajeelchuu.</p> <p>-Ida'amni kofoota keessoo rogafree 360° ta'uu isaa akka agarsiisan barattootaaf haala mijeessuu.</p> <p>Rogafree kamiyyuu akka kaasanii fi verteeksii kamiyyuu akka filatan taasis. Verteeksii filatan kanatti fayyadamanii saarbii tokko akka fakkeessan gargaaruu. (Saarbiin kaafamuu danda'us tokkuma qofa).</p> <p>1. Baay'ina rogsadeewwan</p>	<p>-Gilgaalota adda addaa kennuun hojii isaanii madaaluu.</p> <p>-Hojii manaa, hojii daree fi gochoota adda addaa kennuun raawwii isaanii hordofuu.</p> <p>-Marii garee keessatti yaada barattootaa madaaluu, gaafii afaanii adda addaa gaafachuu raawwii isaanii madaaluu.</p>

		<p>uumamanii akka lakka'an ibsan gaafachuu.</p> <p>2. Ida'amni kofoota tokkoon tokkoo rogsadeewwan uumamanii 180° ta'uu yaada walii gala ida'amni kofoota rogafree = $2 \times 180^\circ = 360^\circ$ jedhurra akka gahan gargaaruu.</p> <p>- Rogbaay'ota rogoota shanii fi jaha qaban fudhachuun barattootni yaada walii gala ida'amni safara kofoota keessaa rog-baay'ee konveeksii rogoota "n" qabu kamiyyuu $(n-2) \times 180^\circ$ ta'a" jedhu irra akka gahan qajeelchuu. Barattootni foormulaa $(n-2) \times 180^\circ$ kana fayyadamanii piroobileemota wal-qabatoo ta'an akka furan gargaaruu.</p>	
--	--	---	--


<p>-Foormulaa bal'ina rog-sadee ni uumu.</p> <p>-Formulla bal'ina rog-sadee ni himu. (state)</p> <p>-Foormulaa bal'ina rog-sadeetti fayyadamanii bal'ina rog-sadee ni shallagu.</p> <p>-Foormulaa bal'ina rog-sadeetti fayyadamanii pirooileemota jiruu fi jirenyaan wal qabatan ni furu.</p>	<p>5.3. Safana <i>(Wayitiilee 17)</i></p> <p>5.3.1. Bal'ina</p> <p>Rog-sadee</p>	<ul style="list-style-type: none"> Barattootni yaad rime bal'ina rag-sadee kofa sirrii, reektaan gilii fi iskuweerii keessa akka deebi'an gochuu. Barattootni Foormulaa bal'ina reektaangilii fayyadamanii bal'ina rog-sadee kofa sirrii akka uuman (deduce) fi rog-sadoota biroofis akka itti fayyadaman qajeelchuu. <p>Dandaalee armaan olii keessaa isa sadaffaa (3) fudhachuun a(ΔABE) yaa barbaannu. $a(\Delta ABCD) = AB \times BC$ $a(\Delta ABE) = a(\Delta AFE) - a(\Delta BFE)$ $= \frac{1}{2} (AF \times EF) - \frac{1}{2} (BF \times EF)$ $= \frac{1}{2} EF (AF - BF)$ $= \frac{1}{2} EF \times AB$ Garuu EF = BC \Rightarrow $a(\Delta ABE) = \frac{1}{2} BC \times AB$</p> <p>$\therefore (\Delta ABE) = \frac{1}{2} a(ABCD) \dots (Bal'ina Rog-sadee = \frac{Hundee \times Olee}{2})$</p> <p>$A = \frac{1}{2} bh$ b n dheerina hundee yoo ta'u hin immoo dheerina iiroo hundee kanarraa ta'a. Haaluma kanaan dandaan 1 fi 2 fudhachuun mirkaneessuun ni danda'ama. Barattootni foormulaa bal'ina rog-sadeetti foyyadamanii bal'ina rogsadee shallaguu akka shaakalan gargaaru. Haala qabatamaa naannoo keenya keessaa jiru Foormulaa bal'ina rog-sadeetti fayyadamanii furuu akka shaakalan gargaaru Fkn: Danaa armaan gadii irratti bal'ina danaa dibamee barbaadi.</p>	<p>-Bal'ina rog-sadee kofa sirrii uumuu rratti gochoota garagaraa kennuu.</p> <p>-Foormulaa rog-sadee bal'ma kofa sirri hojiirra oolchuu ilaachisee gilgaalotaa fi piroobleemota adda addaa kennuu.</p> <p>-Hojii irra oolchuu bal'ina rog sadee irratti gochoota giilgala qopheessuun hojjachiisuuun raawwii hojii barattootaa madaaluu.</p>
---	---	--	---



Dandeettiawan	Qabiyee	Gochaalee Baruu-barrisiiusuu fi Leecalloowwan	Tooftalee Madaallii
<ul style="list-style-type: none"> Naannawa tilaappiziyeem ii ni shallagu. Foormulaa bal'ina Tirooppiziyeem mii ni uumu. Bal'ina Tiraappiziyeem miini ni barbaadu. 	<p>5.3.2.</p> <p>Naannawaa fi Bal'ina</p> <p>Tiraappiziyeemii</p>	<ul style="list-style-type: none"> Barattootni amaloota tiraappiziyeemii akka keessa deebi'anii ibsan jajjabeessuu. Tiraappiziyeemii ABCD kan $\overline{AB} \parallel \overline{DC}, \overline{AD} \parallel \overline{BC}$ fi irroon ykn oleen (h) akka danaa armaan gadiitti yoo kenname: <p>i) Barattootni yaadrimee bu'uraa naannawa (P) tiraappiziyeemii aka uuman gargaaruu. Kunis $P = b + d + a + e$</p> <p>ii) Barattootni Foormulaa bal'ina tiraappiziyeemii akka uuman gargaaruu mala armaan gadii fayyadamuu ni mala.</p> <p>Rogsadewan lama ta'a</p>	<ul style="list-style-type: none"> Shalaggii naannawa tiraappiziyeem mii irratti gochoota gargaraa qopheessun naawwii barattootaa madaaluu. Kaardii boordii (card board) kan boca tiraappiziyeem mii qabu fayyadamuu n gocha qopheessuu tirooppiziyeem mii kana bakka lamatti muruun barattootni foormulaa bal'ina tiraappiziyeem mii akka uuman taasisuu,



<i>Dandeettiwwan</i>	<i>Qabiyee</i>	<i>Gochaalee Baruu-barrisiiusu fi Leecalloowwan</i>	<i>Tooftalee Madaallii</i>
		<ul style="list-style-type: none"> • Bal'ina tiraappizyeemii = ida'ama bal'ina rogsadoota lamaanii $A = \frac{1}{2} b_1 h + \frac{1}{2} b_2 h$ $= \frac{1}{2} h (b_1 + b_2)$ <ul style="list-style-type: none"> • Bal'inni tiraappizyeemii baay'ataa walakkaa ida'ama rogoota waltarree ta'anii baay'isuu iirroo (fageenya rogoota kana jidduu jiruu) ti. • Barattootni naannawaa fi bal'ina tiraappizyeemii shallaguu akka shaakalan gargaaruu. • Barattootni haala qabatamaa jiruu jirenya keessatti itti fayyadama naannawaa fi Foormulaa bal'ina tiraappiziyamii akka shaakalan gargaaruu. <p>Fkn. Obbo Lataan bal'inaa fi naannawa lafa margaa isaanii kan bifaa (boca) tiraappiziyamii qabuu beekuu barbaadu.</p> <p>Miilinni tiraappizyeemii kanaa 40m fi 50m akkasumas dheerinni rogoota waltarree ta'anii 90m fi 100m fi iiroon isaa 40m dha.</p>	<ul style="list-style-type: none"> • Itti fayyadama foormulaa bal'ina tiraappizyeemii irratti gilgaalota kennan hojii barattootaa madaaluu.

<ul style="list-style-type: none"> Naannawa paraleelogiraamii ni shallagu. Foormulaa bal'ina paraleelogiraamii ni uumu. Bal'ina paraleelogiraamii ni shallaguu. 	<p>5.3.3. Naannawaa</p> <p><i>fi Bal'ina Paraleelogiraamii</i></p>	<ul style="list-style-type: none"> Barattootni amaloota paraleelogiraamii keessa akka deebi'an ibsuu shaakalan gargaaruu. Barattootni shallaggii naannawa paraleelogiraamii irratti akka mari'atan qajeelchuu. Barattootni Foormulaa bal'ina paraleelogriaamii akka uuman jajjabeessuu. Foormulaa kanas haala armaan gadiitiin uumuun ni mala. 	<ul style="list-style-type: none"> Shallaggii naannawaa fi bal'ina paraleelogiraamo otaa irratti gilgaalota adda addaa kennuun raawwii barattootaa sirreessuu.
--	--	---	---






- $\Delta AXD \equiv \Delta BYC$
- Yoo ΔAXD paraleelogiraamii ABCD keessaa muramtee baatee fi ΔBYC yoo walitti finne reektaangilii ABYX uuma.
- Bal'inni reektaangilii ABYX = Bal'na paraleelogiraamii ABCD
- $B(ABYX) = L \times h$
- Kanaaf $B(ABCD) = L \times h$.
- $B(ABCD) = b \times h$
- \Rightarrow Bal'inni paraleelogiraamii = dheerina hundee \times iiroo(Olee)

		B = b × h Barattootni piroobileemoota adda addaa furuuf Foormulaa kanatti akka fayyadaman gargaaruu.																
<ul style="list-style-type: none"> • Naannawa geengoo kennammee ni shallagu. • Gahee nannawaa fi diyaameetirii geengoo kenname giddu jiru ni shallagu. • Lakkofsa π akka dhaabgiteessa piropporshinaalummaatti ni ibsu. 	<p>5.3.4. Naannawa Geengoo</p>	<p>-Barattoonni waa'ee handhuuraa raadiyasiif fi diyaameetirii geengoo akka keessa deebi'an gargaaruu.</p> <p>-Naannawaa fi diyaameetirii waantoota geengawoo addaa addaa akka safarangargaaruu.</p> <p>-Naannawa geengoo kennamee diyaameetirii isaatiif hiruun gahee argamu shallaguu akka shaakalan gargaaruu</p> $\frac{c}{d} = \frac{22}{7} \approx 3.14$ $(\frac{c}{d} = \frac{22}{7} \approx \pi = 3.14 \text{ ta'uu isaa ibsuufii})$ <p>Fkn:-Naannawni (C) fi diyaameetirii(d)n geengoowwan afurii armaan gaditti kennamaniiru.Geengoo maraafgahee $\frac{c}{d}$ bakkeewwan deesimaalii lamatti murteessuun shallagi.</p> <table border="1" style="margin-left: auto; margin-right: auto;"> <tr> <td>C</td><td>22cm</td><td>11cm</td><td>44 cm</td><td>33 cm</td></tr> <tr> <td>d</td><td>7cm</td><td>3.5cm</td><td>14 cm</td><td>10½ cm</td></tr> <tr> <td>$\frac{c}{d}$</td><td></td><td></td><td></td><td></td></tr> </table> <p>Barattoonni naannawni (C),</p>	C	22cm	11cm	44 cm	33 cm	d	7cm	3.5cm	14 cm	10½ cm	$\frac{c}{d}$					
C	22cm	11cm	44 cm	33 cm														
d	7cm	3.5cm	14 cm	10½ cm														
$\frac{c}{d}$																		

		<p>diyaameetirii (d) fi diyaameetirii (r) foormulaa $c = \pi d = \pi (2r) = 2\pi r$ tti gargaaramanii akka shallagan gargaaruu.</p>	
<ul style="list-style-type: none"> Foormulaa bal'ina geengoo ni murteessu. 	<p>5.3.5. <i>Bal'ina Geengoo</i></p>	<ul style="list-style-type: none"> Barattootni gareen geengoo raadiyeesiin isaa 10cm ta'e akka kaasan gargaarun yaad-rimee bal'ina geengootiin wal barsisuu Geengoo kanas bal'insota wal qixa ta'an 16tti qoqqooduun Foormulaa bal'inaa akka uuman gargaaruu Barattootni foormulaa bal'ina geengoo akka uuman gocha kenuun gargaaruu. 	
		 <p>Muraawwan kanniin addaan baasuun qindeessii boca reektaangilii fakkaatun teessisi. Gartookkee tokko walakkaatti muri .</p>  <p>Yeroo kana marsaan geengoo jalaa fi gubbaa reektaangiliitti qoqqoodamee jira.</p> <p>Kanaaf</p> <ul style="list-style-type: none"> - dheerinni reektaangili $= \frac{1}{2} c$ - dalagee (width) reektaangilii = r - Bal'inni reektaangilii = 	

		<p>dheerin x dalgee</p> $= \frac{1}{2} c \times r$ $= \frac{1}{2} \times 2\pi \times r \times r$ $B = \pi \times r^2$ <p>Barattooni foormulaa kanaan hijjachuu akka shaakalan gargaaruu.</p>	
<ul style="list-style-type: none"> • Foormulaa bal'ina dirra piriizimiin himu. • Foormulaatti fayyadamanii bal'ina dirra piriizimii ni shallagu. • Moodeelii piriizimii qajeelaa ni hojjatu. <p>Foormulaa bal'ina dirraa siliindarii ni himu</p> <ul style="list-style-type: none"> • Foormulaatti fayyadamanii bal'ina dirra siliindarii ni shallagu. • Moodeelii siliindarii ni hojjatu. 	<p>5.3.6. <i>Bal'ina dirraa piriizimootaa fi siliindarootaa</i></p>	<ul style="list-style-type: none"> • Barattootni neetii piriizimootaa fayyadaman foormulaa bal'ina dirra piriizimii qajeelaa argachuu akka shaakalan qajeelchuun gargaaruu. <p>Fkn: Prizimii Reektaangulaa'aa</p> <ul style="list-style-type: none"> • Danaa armaan olii irraa hubachuun akka danda'amutti neetiin piriizimii reektaagulaa'aa reektaangiloota jaha of keessaa qaba. Fuulonni fuulduraa fi duubaa, bita fi mirgaa akkasumas gubbaa fi jalaa walittigaloo dha. Kanuma irraa ka'uun bal'ina dirra piriizimii argachuun ni danda'ama. 	<ul style="list-style-type: none"> • Foormulaa bal'ina dirra piriizimii akka uuman gocha kennuu. • Baliina dirra piriizimootaa fi siliindarootaa shallaguu irratti gilgaalota adda addaa kennuu hojii isaani sirreessufi madaaluu <p>Garaagarummaa bal'ina dirra cinaachaa fi bal'ina dirraa piriizimootaa fi siliindaroota jiddu jiru akka ibsan gaafachuu.</p>

	<ul style="list-style-type: none"> • Barattootni foormulaa bal'ina dirra piriizimiittti fayyadamanii bal'ina dirra piriizimii rogsadaawaa akka barbaadan qajeelchuu. • Barattootni bal'ina dirra piriizimoota adda addaa shallaguuf foormulaa itti akka fayyadaman gargaaruu. • Barattootni Foormulaa bal'ina dirra siliindarii akka formulaawwan gara biroo irraa walsmsiisuun fudhatan(drive) qajeelchuu xaaxnoo (hint) fuula dirra cinaachaa siliindarii baqaqsinee yoo diriirsnee reektaanilii arganna. Kanumarraa bal'ina dirra siliindarii argachuun ni danda'ama. • Barattootni shallaguu bal'ina dirra siliindarii irratti foormulaa akka fayyadaman gargaaruu. 	
--	---	--

		<ul style="list-style-type: none"> Barattooni foormulaa B_d (Bal'ina dirra) = Nh (N- Naannawa hundee ti.)  $B(Bali'nni dirra waliigalaa) = B_d + 2B_{hu}(B_{hu} - \text{bal'ina hundee})$ <p>ta'uu isaa irra akka qqqaban gargaaruu.</p>	
<ul style="list-style-type: none"> Foormulaa qabee piriizimootaa ni himu. Qabee piriizimootaa ni shallagu Foormulaa qabee siliindarootaa ni himu. Qabee siliindarootaa ni shallagu. 	5.3.7. Qabee piriizimootaa fi siliindarootaa	<ul style="list-style-type: none"> Foormulaa qabee piriizimi sirrii fi beekamaa ta'e ibsuu (common formula)  <p>Kunis: $Q = \text{bal'ina hundee} \times \text{olee}$ $= B_{hu} \times h$</p> <ul style="list-style-type: none"> Barattootni yaada guduunfaa 'siliindariin piriizimii geengawaa dha" jedhurra akka gahan qajeelchuu kanaaf Qabeen isaa Foormulaa qabee piriizimoota hundaa fayyadamuun kan argamu ta'uu hubachiisu.  <ul style="list-style-type: none"> Barattootni qabee piriizimootaa shallaguurratti Foormulaa akka fayyadaman qarqaaruu. 	<ul style="list-style-type: none"> Boqonnaa irratti battallee kennuu. Qabee piriizimootaa fi siliindarootarratti gilgaalotaa fi gochoota adda addaa kennuu raawwii barattootaa hordofuu.